

YUUNIVARSIITII MADDA WALABUU

FAAYIDAA DURDURIIN DANDEETTII AFAAN DAA'IMMANII GUDDISUUF QABU, GODINA ARSII LIXAA AANAA NAGEELLEE ARSII

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASA FI NAMOOMAATTI MUUMMEE
AFAAN OROMOO FI OG-BARRUU

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA ITTIIN GUUTTACHUUF KAN QOPHAA'E

ABDALLAA GALATOO

BARA 2012

BAALEE ROOBEE

YUUNIVARSIITII MADDA WALABUU

FAAYIDAA DURDURIIN DANDEETTII AFAAN DAA'IMMANII GUDDISUUF QABU, GODINA ARSII LIXAA AANAA NAGEELLEE ARSII

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASA FI NAMOOMAATTI MUUMMEE
AFAAN OROMOO FI OG-BARRUU

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA ITTIIN GUUTTACHUUF KAN QOPHAA'E

ABDALLAA GALATOO

GORSAA DR.TAADDASAA JAALATAA

WOXABAJJII 2012

BAALEE ROOBEE

YUUNIVARSITII MADDA WALAABUU

Dhaabata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa Digirii lamaffaa (MA) Afaan Oromoo fi og barruun Guuttachuuf, Abdallaa Galatoon, dhiyaate mata duree; ***Faayidaa durduriin dandeettii afaan Daa'immanii Guddisuuf Qabu, Godina Arsii lixaa, Aanaa Arsii Nageellee*** Irratti qophaae'e, sadarkaa uleegaa Yuunivarsiitiin kaa'e Guuttateera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa digirii lamaffaa (MA)

Gabaajee fi Kontoofachiiftuu

Kutaan kun, qorataan gabaajeefi kontoofachiiftuu jechoota qorannicha keessatti itti fayyadame namoota qorannoo kana yoo barbaadan dubbisaniif kanneen hubatamuuf rakkisoo ta'uu danda'u jedhee shakke, bakka isaanii waliin itti dhiheessudha.

Kkf …… kan kana fafakkaatan

WAT …….Waajjira Aadaa fi Turizimii Hiika Jechoota.

Af-gaaffii …….Gaaffii afaaniin gaafatamu

Af Seenaa…… Seenaa afaaniin himamu

Afoola ……. Beekumsa Afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbu.

Ciicata ……..Waan gabbina kennuu danda'u (input)

Og-afaan ……..Oral literature isa jedhu bakka bu'a.

Baafata

Qabiyyee **Fuula**

Axeereeraa ……..……..……..……..IV

Galata …….…….……V

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ……..……..…….……1

1.1.Seen -Duubee Qorannoo ……...…...…….. 1
1.2.Ka'umsa Qorannichaa ……..……3
1.3.Kayyoo Qorannichaa …….……..5
1.3.1. Kaayyoo Gooroo …….……..5
1.3.2. Kaayyoo Gooree ……..……..5
1.4.Barbaachisummaa Qorannichaa …….……..5
1.5.Dangaa Qorannichaa …….…….……..6
1.6.Hanqinna Qorannichaa …….……..……..7
1.7.Qindoomina Qorannoo ……...……..7
1.8.Haala jireenya hawaasa naannoo ……...……..8

BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'A BARRUU …….…….……..11

2.1.Maalummaa Fooklorii ……11
2.1.1. Gosoota Fooklorii ……...……..12
2.2.1. Afoolaa …….……..13
2.2.2. Gosoota Afoolaa ……..……..16
2.2.3. Amaloota Afoolaa …….……16
2.2.3.1. Hurruubummaa …….16
2.2.3.2. Lufummaa …….17
2.2.3.3. Ummatummaa ……...17
2.2.3.4. Yoomessaa ……17
2.2.3.5. Jijjiirama Afoolaa ……..18
2.2.3.6. Sababa ……...18
2.2.3.7. Hirmaannaa Jamaa ……18
2.2.3.8. Midhaaginaafi qindaa'ina …….19
2.3. Faayidaa Afoolaa ……..19
2.3.1. Raagoowwan ……..……19
Gosoota raagowwanii ……...……20
2.3.2. Raagamtaa …….20
2.3.3. Af-seenaa ……..20

2.3.4. Maalummaa Durdurii ……...……21
2.4. Gosoota durdurii ……...22
2.4.1. Oduu durii ibsa……..24
2.4.2. Oduu durii gootummaa …….24
2.4.3. Oduu durii bineensotaa ……...…….24
2.4.4. Amaloota durdurii ……..…….…….25
2.4.5. Uumamaafi bifa durdurii ……..…...26
2.4.6. Adeemsa seeraa fi yoomessa tapha durdurii ……..…….28
2.5. Faayidaa durdurii ……..29
2.5.1. Durduriin bashanaansiisuu madditti …….29
2.5.2. Seenaa barsiisuu ……...……....30
2.5.3. Safuu hawaasaa Barsiisuu …….…..…….30
2.5.4. Naannoo barsiisuu ……...…….30
2.5.5. Dandeettii Afaanii barsiisuu …….……31
2.5.6. Durduriin daa'imman kalaqa yaada barsiisa. ……...……..…..31
2.5.7. Bashannansiisuuf ……..32
2.5.8. Faayidaa durduriin sammuu daa'imman Qaruu keessatti qabu ……32
2.6. Sakattaa'a qorannoo wal fakkii ……..…..……33

BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO ……36

3.1.Saxaxa qorannichaa ……..……..36
3.2.Irraawwatama ……..……..……..36
3.3.Madda odeeffannoo ……..……..……37
3.4.Mala iddatteessuu ……..……..……37
3.5.Mala Funaansa raga……..……..…….37
3.5.1. Af-gaaffii ……..……..…….37
3.5.2. Bar – Gaaffii ……..……...…….39
3.5.3. Daawwannaa (Observation) ……..……...39
3.6.Adeemsa funaansa odeeffannoo qulqulleeffannaa fi Qaacceessa ragaalee ……39

BOQONNA AFUR: QACCEESSA RAGAALEE ……..…...……..41

4.1.Adeemsa, seera, yoomessaafi Hirmaattota durdurii …….……..41
4.1.1. Adeemsa durduriin ittiin raawwatamu Daa'immaniif Qabu.……..……..…41
4.1.2. Gahee seeri durdurii daa'immaniif qabu ……..……..44
4.1.3. Yomeessaafi hirmaattota durdurii ……..……..48
4.1.4. Gahee durduriin Bashannansiisuu keessatti qabu …….....…..……49
4.1.5. Gahee durduriin miira morkii uumuu daa'immaniif qabu …….……..51
4.2.Faayidaa Durdurii duudhaalee Ummataa keessatti ……..52
4.2.1. Faayidaa durdurii maatii keessatti ……..……..54
4.2.1.1. Maqaalee barsiisuu keessatti ……..…….……..55

4.2.1.2. Durdurii dhaan lakkoofsa Barsiisuu keessatti ……..…..……..56
4.2.1.3. Dadeettii Falmii (Debat) Daa'imman cimsuu keessatti ……..……..56
4.2.1.4. Safuu barsiisuu keessatti ……..……..……..57
4.2.1.5. Aadaa barsiisuu keessatti ……..57
4.2.2. Faayidaa durdurii mana barumsaa keessatti ……...……..58
4.2.2.1. Dandeettiiwwan Afaanii barsiisuu keessatti ……...……..59
4.2.2.2. Jechoota Barsiisuutiin……..……..60
4.2.2.3. Caasluga barsiisuu keessatti ……..…….……..62
4.2.3. Durduriin sammuu daa'imman Qaruu keessatti …….……..62
4.2.4. Dandeettii yaadachuu daa'imman cimsuu keessatti ……...……..65
4.2.5. Naannoo barsiisuu keessatti ……..…….…..……..65
4.2.6. Kalaqa yaada daa'imman cimsuu keessatti……..……..……..66

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA,ARGANNOO FI YABOO …….....……..68

5.1.Cuunfaa ……..……..……..68
5.2.Argannoo ……69
5.3.Yaboo ……..……..……..71

Wabiilee ……..……..……72

Dabaleewwaan……..……..…….……..……75

Axeereraa

Qorannoon kun faayidaa durduriin dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Odeeffannoowwan af gaaffii fi bar gaaffii odeef kennitoota irraa funaannaman wal duraa duubaan akkaataa barbaachisummaa isaaniitiin karaa al lakkoofsawaa ta'een, jechaan ibsamuun qaacceffamee jira. kunis, mala qorannoo qulqulleeffataa gargaaramuun kan raawwatameedha. Faayidaa durduriin dandeettii Afaan daa'immanii guddisuuf qabu hedduu ta'u isaa qorannoo kanaanbira gahamee jira. kanaanis, qabxiiwwan itti aanan argannoowwan qorannoo kanaa durduriin maatii keessatti maqaalee wantoota garagaraa, lakkofsa, haala falmii, safuu fi aadaa hawaasa keessa jiru adda baafachuun, beekumsa gama kanaan qaban akka cimsataniif hedduu gargaaru isaa maan guddootaa fi dargaggoota odeeffannoo laatan durdurii bu'ureeffachoon addeessanii jiru. Kana malees durduriin mana barumsaa keessatti; dandeettiiwwan afaanii, keessattuu dubbachuu fi dhaggeeffachuu daraan akka cimsatan taasisu, dandeettii jechootaa hiikaa fi faallaa isaanii waliinfi beekumsa gama caasluugaan qaban dabaluu isaa; akkasumas, durduriin sammuu ijoollee kallattii gara garaan qaruu, dandeettii waa yaadachuu daa'immanii cimsuu keessati yaada haara akka isaan burqisiisaan taasisuun isaa, odeeffanoowwan qorannoo kanaaf walitti qabaman raga ba'anii jiru. Bifuma wal fakkaatuun, raawwii durduriin ittiin taphatamu eeganii, durdurii taphachuun, daa'imman obsa barsiisuun cinatti wantoota adeemsa sana keessatti rawwatamu sana xiiqeeffachuun beekamsa gama kanaan ta'ee gama durduriitiin qaban daran dabaluu, seera wantoota gara garaa barsiisuu, bashanansiisuun, dhiphinaafi nuffi tokko malee ijoollee beekumsa garagaraa gonfachiisuu, tapha durdurii keessatti xiiqii walitti qabachuun, beekumsa isaanii walii gabbisaa akka deemaniif, gargaaruu isaa manguddootaa fi haadholiin odeeffannoo laatan adeemsicha bu'ureeffachuun ibsanii jiru kun otoo ta'ee jiruu, sababoota gara garaatiin hawaasni durduritti fayyadamuu dhiisaa jira. kanaafis wanti akka sababatti odeef kennitoota irraa argame, sababa aanaan Nageellee Arsii magaalaa taateefi wantoota bu'aa teeknolojii ta'aniin bakka bu'aa dhufuu isaa himu. Kunis, daa'imman yeroo isaanii durduriirratti dabarsuu manna filmiiilaaluu, tapha kubbaa hordofuu, reediyoo dhggeeffachuu televizinii ilaaluu fi darbee darbee feesbuukii fayyadamuuf iddoo akka laatan dubbatu. Haa ta'u malee, wantoota bu'aa teeknoloojii ta'an kanaaf bu'uurri afoola jaarraa hedduu lakkoofsiise kana ta'uun beekama dha. Kanaafuu, bu'aawwan teeknooloojii kanaan deegarame yoo dhimma itti ba'ame immoo, bu'aan isaa kana caalaa safaramuu danda'a waan ta'eef, dhimmicha hubannoo keessa galchuunitti fayyadamuun fala ta'a. dhumarrattis, dameen afoolaa kun kallattii gara garaatiin faayidaa hedduu buusuu osoo danda'uu irraanfatamaa dhufuun, akka hin badneef qaama dhmmi ilaalu; hawaasni, barsiisoni, barattoonni, waajjiira Aadaa fi Turizimii hundu gahee isaan irraa eegamu bahuun afoola jaalatamaafi bashannansiisaa kana kunuunsuun bu'aa buusuu qabu akka buusu osoo godhanii gaarii ta'a.

Galata

Yeroo isaanii aarsa taasisuudhaan, nuffii tokko malee jalqaba qorannoo kanaa kaasee, hanga xumuraatti beckumaasfi muuxannoo qaban hunda naaf hiruu dhaan milkaa' ina qoranno kanaatiif, kallattii barbaachisu hundaan naqajeelcha, deegarsa walirraa hin cinne naa gochaa waan turaniif, gorsaa koo Dr. Taaddasaa Jaalataa guddaan galateefafadha.

Itti aansuudhaan maatii koo osoo hin baratin na barsiisanii gama hundaan na bira dhaabbachaa turan, jalqaba barnoota sadarkaa tokkooffaa irraa kaasee hanga galma ga'iinsa Hojii qorannoo kanaatti deeggarsa mallaqaafi yaadaan kan na cinaa dhaabbatan galani keessan hin badin, keessattuu harmee koo Addee Raadiya H/seeroo oolmaa ishee ofirraa kafalee fixuu hin dandeenye, waaqayyo umurii dheeraa fi ulfina isheef haa kennu.

Dadhabbii na biraa qabda! Hiriyaa koo T. Milkessoo Galcha nuffii tokko malee, kallatti madda odeeffannoo gara garaa na qajeelchuudhaann, na waliin dadhabuun, olmaa namuu naaf hin oolle naaf gochuu keetiif galanni kee kan dubbatamee dhumuumiti. Dadhabbiifi yaadaan na bira dhaabbachuu keetiin kaayyoo kee irra jirtuun naaf milkaa'i.

Kana malees, barumsa kana akka baradhuuf na jiabeessuurraa kaasee, hanga galma gahiiinsaa Hojii qorannoo kanaa,, mallaqaafi yaadaan natumsuun na cinaa dhaabbachaa kan ture kanan baay'ee jalaadhuufi kabaju obboleessa koo Abbabaa Hirphoo umurii dheeraa fi ulfina isaaf hawwa. akasumas yaadaan na waliin ta'uun hamilee naaf kennaa na jajjabeessaa kan turan maatii koo hunda ni galateeffadha.

Dhumarrattis, hiriyoota koo hunda beekumsa isaaniifi odeeffannoo gara garaa naa qooduun na waliin turaniif qaamolee yeroon odeeffannoo qorannoo kanaaf oolu funaanaa tureetti ragaa barbaachisaa ta'e hunda eeyyamamaa ta'uun naaf kennaan hedduu isaan galateeffadha.

BOQONNAA TOKKO:

SEENSA

1.1. Seen-Duubee Qorannoo

Og-afaan (afoolli) damee Og-barruu keessaa isa tokko dha. Kunis og-barruu afoolaati. Afoolli damee og barruu ta'ee kan afaaniin dhalootaa gara dhalootaa darbuu dha.

Haaluma kanaan afoolli hawaasa keessatti seenaa, duudhaa falaasamaa fi aadaa saba tokkoo dhalootaa dhalootatti dabarsa afoola oromoo qabeenyummaan isaa kan hawaasaa yoo ta'u damee og barruu jalatti akka ramadamu kan isa taasisu kalaqa uumaa fi ogummaa qabaachuu isaati.

Geetachoo (2007:14) irratti yoo hiiku afoolaa fi faayidaa isaa akkana jechuun kaa'a, " afoolli bifa kalaqaan" ta'ee; aadaa, duudhaa, seenaa fi eenyummaa dhaloota darbee himuun afaaniin dhalootaa gara dhalootaa dabarsa jedha. Kanaafuu afoolli ragaa qabatamaa aadaa, seenaa, dhaloota darbee tokko kan ibsuu dha.

Biraanuu (1998:11) akka ibsetti afoolli kalaqa sammuu ta'ee labata irraa gara labataatti afaaniin kan qaxaamuruudha garuu wanti afaaniin darbu hundi afoolaa miti jechuun ibsa afoolli kalaqaalee sammuu keessatti yaadamuun kalaqamanii afaaniin himaman ykn dhiyaatan dha. Qorannoon kunis kan adeemsifamaa jiru gosoota og- afaan (afoolaa) damee seeneffamoota afoolaa isa xiqqaa keessaa tokko kan ta'e, Faayidaa durduriin guddinna ijoolleef qabu, qorannoon ifatti mirkaneessuuf.

Afoola keessatti waa'een durdurii dubbatamuu erga jalqabee bara dheeraa tureera. Kana irratti yaaxinni biyya Ameerikaa keessatti bara (1960) keessa madde leellistoota isaa Andre Jolles, Lord Ragla Vladimire Propfi Alan Dundes fa'aan qorannoo gara garaa gama yaaxina faayidaatiin walqabatee geggeessaa turaniifi barbaachisummaa isaatiif kan tumsaniidha.

Qo'annoo Afoolaa Keessatti xiyyeeffannoo guddaa kan argachuu qabu faayidaa afoola sanaati. Afoola tokko duraa duuba isaa eeganii qindeessuun haala yaada-rimee yookiin ergaa duubaa qabuun ilaalamuu akka qabuudha. Kunis durduriin garaagaraa haala himootaan qindaa'anii ijaaramaniin ergaan keessaafi fuulduraa qaban jechoota irraa ka'ee xiinxalamuu qabu jechuun yaaxinichi ibsa. (Alamayyoofi Alamituu, 2010:100).

Karaa biraa immoo qorannoon durduriin Afrikaa Bahaarratti gaggeeffame, Faayidaan durdurii Afrikaa kan bu'uuraa akka ta'e Okpewho, (1992:176) Alan Dundes (1971) Waabeeffachuun haala armaan gadiitiin kaa'eera.

> *Much work has been done on a characteristic African tale type known as the trickesteratle: Alan Dundes's study (1971) is surely one of the most enlightening this categories of tales mostly of animal but also a human character it uses childrens, has to do with trickery and breach of faith in his analysis of two of these tales from East Africa, Dundes finds there are basically five functions, or what he calls motifimes in the following order (Okpewho, 1992:176).*

Durdurii taraksitti jedhamu durdurii Afrikaa keessa tokko ta'ee hojiin guddaan irratti hojjatamera. Qorannoon Alan dundes(1971) akka ibsutti durdurii kana bineensota, ykn Namfakkiinamaa ni qabu. Afrikaa kibbaa keessatti durdurii lama irratti qorannoo gaggeesseen dundes gara qorannoo shanitti kan dhiyaatu qorannoon argateera.

Haaluma kanaan qorannoon kun faayidaa durduriin dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu, Godina Arsii Lixaa Aanaa Nageellee Arsii haala faayidaa durduriiwwan Afrikaatiin ilaaluuf kaayyeffateera.

Akka Hinseenee Makuriyaa(2010:3), ibsettis, "durduriin dandeettii qabata (memory) ijoollee gurmeessa jedha. Kana jechuun mucaan tokko mucaa biraa irraa dhaga'ee kaanitti hima kuun immoo kan itti aanutti dabarsa beekumsi haala kanaan adeema jedha.

Qorannoo kana gaggeessuuf kan na kakaase Aanaa ani keessa jiraadhu keessatti ummanni irra caalaan isaanii afoola kan dagatan waan ta'eef, akkasumas daa'immanis ta'ee, maatiin daa'imman isaanii afoola barsiisuu keessatti baay'ee gadi aanaa waan ta'eef, mana barumsaa keessattis, afoola daa'imman barsiisuun baay'ee gadi aanaa waan ta'eef dha. Kanatu akka qorannoo kana gaggeessu na taasise.

Gama biraatiin durduriin faayidaa dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu shoora guddaa waan qabuuf hawaasni aanaa Arsii Nageellee qorannoo kana dubbisee maatii ufiitiif, ufii isaaniitiif itti haa gargaaramanii jedheeti.

1.2. Ka'umsa Qorrannichaa

Ka'umsi qorannoo tokkoo dhugaa hawaasa keessatti yookiin waa'ee hawaasichaa dhimma barreeffamaa irratti mul'atu, dhimmichas rakkoo /qaawwa) jiru tokko duuchuuf yaaxina tokko haaromsuuf, ibsa bal'aa dhimmichaatti kennuuf waan kana fakkaatan ta'uu danda'a yaada kana adunyaa, (2011:54), wiresma fi Roswell, wabeeffachuun haala itti aanuun kaa'eera.

> *" Statement of the problem describes the content for the study and it also identifies the general analysis approach"(Wiresma, 1995:54), "A Problem might be defined as the issue that exist in the literature, theory or practice that leads to a need for the study" Roswell, 1994:50).*

"Qorannoon kun kan ibsu, rakkoo of keessatti qabatee jiru. Karaa adda addaatiin ibsuuf oola":(Waarsema 1995:54), "rakkoo jechuun, karaa barreeffamaan, Afaaniin, ykn muuxannoo keessa kan jiru yoo ta'u, rakkoo hiikuuf qorannoon hin barbaachisa jechuudha jedha." (Rasweeli 1994:50).

Walumaagalatti ka'umsi qorannoo haalaan ibsame tokko gaaffiiwwan qorannoon kun maaliif gaggeeffame?, qaawwa akkamii duucha jedhaniif deebii kenna. Kanaafuu bakka qorataan gaaffiiwwan qorannoo isaa keessatti deebisuuf deemu itti dhiheessuu dha.

(Adunyaa, 2011:54) kanuma bu'uura godhachuun, Afaan Oromoo irratti garuu, qorannoon bal'inaan hin geggeeffamne, keessattuu kallattii faayidaan durduriin dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu, jedhu hin gaggeeffamne. Qorannoon hin mul'ane. Aanaa ka'umsi qorannoo kanaa qorannoowwan durduriiwwan akka addunyaafi Afrikaatti geggeeffaman jiraatanillee, durduriiwwan Arsii Nageellee keessatti dhimma kana irratti qoratamee kaa'ame waan hin jirreef hawaasa Oromoo Aanaa Nageellee Arsii irraa durduriiwwan gaafatee funaanuudhaan faayidaa durduriin dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu, ija moodela durduriiwwan.

Afrikaaf kaayyameen qaaccessuudhaan maaltu jiraafi maaltu hin jirree beekuuf qorataan ka'umsa godhate.

Durduriin afaan daa'imman guddisuu keessatti shoora Olaanaa kan qabu ta'uun isaa mamii tokkolee hin qabu haa ta'u malee haalli itti fayyadama durdurii haalota garaa garaa keessatti baay'ee gadi bu'aa ta'ee waan argameef qoratichi akka ka'umsatti itti fayyadame.

Rakkoon kun akka ka'umsaatti kan fudhatameef hawaasni naannoo qoratichaa jiru irra caalaan isaa waa'ee afoolaa ykn damee afoolaa kan ta'e durdurii ufii isaatiifuu hin beeku waan ta'eef dha.

Gama biraatiin qorannoon kun durdurii wanti akka ka'umsaati itti karoorfateef Aanaa Nageellee Arsii keessa ummanni jiraatu harki caalan wa'ee durdurii beekumsaa fi hubannoo tokkolee kan hin qabne waan ta'eef qorannoon kun yoo hojjatamee xumurame waajjiira Aadaafi Turizimii Aanaa Nageellee Arsii keessa galchuu dhaan namoonni akka dhimma itti baayaniif jedheeti.

Qoratichi qorannoo isaa yoo xumure ummanni naannoo qoratichaa faayidaa durduriin dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu, beekuu dhaan daa'immaan isaaniif ufii isaanii itti fayyadamu jedheeti.

Ummanni naannoo qoratichaa;aadaa,amantaa,afaan falaasama fi afoola ufii gabbifachuu dhiisee aadaafi amantaa afaan wal makaatti fayyadamaa jira waan ta'eef qoratichi qorannoo isaa kana, qorachuuf ka'umsa godhate.

Haala afoolaafi adeemsa baruu barsiisuu keessatti jiru yoo ilaalle naannoo qorannoon kun itti adeemsifamuuf karoorfame kana keessatti haalli itti fayyadama afoolaa baruu barsiisuu keessatti baay'ee xiqqaa waan ta'eef barsiisonni mana barumsaa keessatti haala baruu barsiisuu irratti akka itti fayyadamaniif ka'umsa godhate.

Laazar(1996:62), irratti barsiisaan tokko yeroo afoola barsiisu gilgaalonni qophaa'an jiraachuu qaba jedha. Afoolli akkuma barnoota biroo caalatti dandeettii ijoolleef gahee olaanaa qaba waan ta'eef qoratichi ka'umsa godhate.

Afoolli haala jiruufi jireenya ummataa gadfageenyaan kan ibsu. Haa ta'u malee afoola kana irratti qorannoon hojjatamee ta'ee tokkolee hin argine waan ta'eef qorannoo kana durdurii irratti adeemsifuuf ka'umsa godhate.

Afoola qorachuun jiruufi jireenya ummatichaa qorachuu waan ta'eef qoratichi Aanaa Nageellee Arsii keessatti Faayidaa durduriin dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu qorachuuf ka'umsa godhate.

Qorannoon kun yoo xumurame namoota qorannoo afoola irratti gaggeessaniif akka madda ragaatti itti haa fayyadamaniif jedheeti.

Qorannoon qoratichaan gaggeeffame kun, qorannoolee duraan hojjataman irraa ka'uu dhaan hanqinaaleefi ciminaalee jiran addaan baasuu dhaan caalatti qorannoo faayidaa durduriin dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu haalaan mirkaneessuufi qorannoo gaarii hojjatee hawaasa naannoo isaatiif, bu'aa guddaa buusuu dhaaf.

Gaaffilee Qorannoo

Qorataan gaaffilee bu'uura qorannoo kana keessatti deebii argatan akka kanaa gaditti lafa kaa'ee jira.

- Maatii keessatti Durdurii irraa Daa'immani maal fa'a fayyadamu?
- Faayidaan Durduriin hawaasa keessatti Daa'immaniif qabu maal fa'a?
- Mana Barumsaa Keessatti Daa'immani Durdurii maal fa'aaf itti fayyadamu?

1.3. Kaayyoo Qorannicha

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Faayidaa durduriin dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu, og-afaan sakkatta'uun qaaccessuu.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooroo bu'uura godhachuudhaan kaayyooleen gooree armaan gaditti diyaataniiru.

- Faayidaa Durdurii Maatii keessatti ijoolleef qabu ibsuu
- Faayidaa Durduriin hawaasa keessatti ijoolleef qabu calanqisiisuu
- Faayidaa Durdurii Mana Barumsaa Keessatti Daa'immaniif qabu maal akka ta'e tarreessuu

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun hojjatamee yoo xumurame faayidaa durduriin dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Firiin qorannoo gaggeeffamu kana irra argame faayidaa durduriin qabu aanicha waliin walqabatee jiru ifa gochuu biradarbee adeemsa durduriin itti raawwatamu ni addeessa. Dabalataanis, barsiisonni faayidaa durduriin barnoota afaanii keessatti qabu beekanii itti fayyadamaa jiraachuu isaanii addaan baasee ibsa. Kanaan cinatti faayidaa durduriin wal barsiisuu keesattii ni eera. Wantoota itti fayyadama durduriif gufuu ta'an adda basee ibsa.

Darbees, namoota dhimma kana irratti qorannoo adeemsisuuf barbaadaniif akka madda ragaa fi muuxannoo ta'uun gargaara. Hojiidhaaf daandii saaqa jedhamee abdatama. Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Nageellee Arsii keessa galee taa'uun akka madda odeefannoo tokkotti hawaasa naannoo sanaaf odeeffannoo ni kenna.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon tokko daangaa qaba. Daangaan kunis, daangaa madda ragaa (Source Data), hawaasa irra fudhatamuufi dhimma qoratamuun dangeeffama(Adunyaa, 2011:56). Karaa biraatiin, "Daangaa qorannichaa yoo jedhamu bakka qoraannichi itti gaggeeffamu, dhimma qoratichi

irratti xiyyeeffateef baay'ina namoota odeeffannoo qorannichaa irraa fudhataman kan hammatu" jedha. (Yaalew,2011:119).

Haaluma kana irraa ka'uun daangaan qorannichaa wantoota itti aanaa dhufan kanneen irratti daanga'eera. Bakki qorannichi itti daanga'e nannoo oromiyaa Godina Arsii Lixaa Aanaa Arsii Nageellee maddi ragaa immoo maanguddoowwan, dargaggoota, waajjiira Aadaa fi Turizimii Aanaa Arsii Nageellee, barsiisota, namoota durdurii oromoo beeku jedhaman qorataan ufuma isaatiin tokkorraa isa biraa gaafachuun, odeeffannoo yammuu funaannatu odeeffannoo dargaggoota irraa argachuuf immoo, dargaggoota mana barumsaa Aanaa Arsii Nageellee sadarkaa 2ffaatti gandoota baadiyaa fagoo bakka qorataan qaaman bira hingahin irraa dhufan, kanneen durdurii himuu danda'an ofiif gaafatee bira gaherratti daanga'e. Dhimmi irratti daanga'e goorowwan fookloorii keessaa afoola ta'u, afoola keessaa immoo faayidaa durduriin guddinna ijoolleef qabu, ulaagalee durduriiwwaan Afrikaaf kaayyameen qaaccessuu irratti daangeffame.

Sababni qorannichi aanaa Arsii Nageellee irratti daanga'eef qorataan hojiidhaan aanicha keessa waan jiruufi fagaatee aanawwan biroo yoo deeme Hojii baruuf barsiisuu wojjiin mijaa'ina waan hin qabneef jecha. Dhimmi irratti daanga'e faayidaa durduriin guddinna ijoolleef qabu, Godina Arsii lixaa Aanaa Arsii Nageellee Faayidaa durdurii qofaarratti kan ta'eefis, hanqina yeroo fi mallaqaa jiru ilaalcha keessa galchuun barbaachisaa ta'ee waan argameefi, Haa ta'u malee gosoonni afoolaa birootillee wal-bira qabamanii osoo qoratamanii gaariiture; qaawwa biraa duuchuuf immoo qorataan biraa itti adeemuu danda'a.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoon tokkoo gaggeeffamu keessatti rakkooleen mudachuu danda'u. Isaan keessa, yeroo gahaa sababa baay'ina hojiitiin dhabuu, hanqina bajataafi adeemsa mala qorannoo irratti hubannoo dhabuufa'a. Kanaafuu adeemsa qorannoo koo keessatti rakkoo qoraticha muudachuu danda'an.

- Barreeffamoonni mata duree qorannoon wal qabatan dhabamuu.
- Namoonni ykn maanguddoonni fi dargagoonni akkasuma
- Namoonni waajjiraa tokko tokko yeroo qoratichi itti barbaadutti argamuu dhabuu.
- Karoorri kun hanqina isaan irra barbaaduuf akka karoorfametti ilaaluun odeeffannoo quubsaa ta'e kennuu dhabuu.
    - Akka hanqinnaatti
        - Hanqina baajataa
        - Hanqina yeroo
        - Hanqinna kitaabbilen sakkata'aman dhabamuu fa'a.

Kunis, hanqina yeroo baay'ina hojitiin mudateef, buclhiinsa mana barumsaa itti barsiisaa jiruuf rakkinicha ibsuun, wayitiin barnoota akka irra hir'ifamuuf deegarsa gaafatuu dhaan yeroo gahaa argateera. Rakkoo baajataafiif meeshaalee barreessaa fi waraqaa akkasumas qalama mana barumsaa irraa argateera. Kitaabbilee sakkatta'u mana barumsaa itti barsiisuu irraa argateera haaluma kanaan tajaajila barbaachisan, qorannoo kana galmaan gahuuf qindeefateera.

1.7.Qindoomina Qorannoo

Qorannoon kun faayidaa durduriin guddinna ijoolleef qabu, qaaccessuu irratti kan xiyyeefatu yoo ta'u, qorannichi boqonaalee shan qaba. Isaanis, boqonnaa tokkoffaa, lamaaffaa, sadaffaa boqonnaa arfaafi shaanaffaa yammuu ta'an akkaataa duraa duuba isaaniitiin dhimmoota itti aananii dhufan qabataniiru, kunneenis, boqonnaan tokkooffaa seen duubee, ka'umsa, kayyoo barbaachisummaa dangaa, hanqina qorannoofi haala jireenyaa naannoo qorannichaa of jalatti hammata boqonnaa lamaffan yaada hayyoonni dhimma kana irratti lafakaan kanneen adda addaa sakkatta'uun, haala bakka itti dhihaatuudha.

Boqonnaa sadi, mala qorannoo yoo ta’u kunis, saxaxa qorannoo, madda odeeffannoo, irraawwatama, mala iddateessuu, meeshaalee funaansa ragaa, adeemsa funaansa odeeffannoo, qulqulleeffanaafi qaacceessaa ragaafi qindaa’ina qorannichaa qaba

Boqonnaa afur immoo raga dhiheesuufi qacceessuu fi ibsuu dha. Boqonnana shanaaffaa fi inni xumuraa cuunfaafi yaboo of keessatti hammata.

1.8.Haala jireenya hawaasa naannoo Qorannichaa

Aanaa Arsii Nageellee godina Arsii Lixaa jala jran keessaa tokko yoo ta’u. akka odeeffanoo waajjiira Aadafi Turizimii Aanaa Arsii Nageellee irraa argametti Aanaan Arsii Nageellee kun dhababilee tajaajilaa hawaasummaa kanneen akka mana barumsaafi mana yaalaa qabdi.

Aanaan kun mana barumsaa sadarkaa 1ffaa (5-8) shantamii torba, mana barumsaa sadarkaa 2ffaa (9-10) 15 qabdi akkasumas mana barnootaa addaa 2 qabdi.

Mana yaalaa ilaalchisee keellaa fayyaa 12, buufata fayyaa digdamii afur qabdi dabalataanis magaalan tun haala jiddu galeessaa keessatti argamati waan ta’eef aanaalee oromiyaa jirenyaaf mijaataa ta’e keessaa ishee tokko taasiseera.

Aanaan qorannoon irratti adeemsifamuuf karoorfame kun magaalaa Roobee irraa gara dhihaati kan argamtu fi aanaalee godina Arsii Lixaa jala jiraniin kan daangefatuudha.

Aanaan Arsii Nageellee Baalee Roobee irraa k. 386 irratti argamti. Magaalaa godina Arsii Lixaa shaashamannee irraa km 20 fagaatee argamti aanaaleen olla ishee daangessanis kaabaan Aanaa Shaashamannee, kibbaan Aanaa baatuu, bahaan Aanaa Qoree yoo ta’u. Lixaan immoo bulchiinsa magaalaa Shaallaati.

Akkaa odeeffannoon waajjiira Aadaafi Turizimii Aanaa Arsii Nageellee irraa argame ibsutti, aanaan kun haalli qilleensa ishee badda, badda, daree fi gamoojjii of keessaa qaba. Lafti aanaan kun qabu hektaaran yoo shalagamu gara 42.425 ta’a kana keessaa lafti qonnaaf oolu hektaaran 27.298.125 kan qabdu yoo ta’u.

Hawaasni aanichaa baldhinnan qonnaafi horii horsiisuu dhaan jiraata ummanni aanaa kana keessa jiraatu dhiira 85,042 yoo ta’u dub 77,943 walumaagalatti 162,985 ta’a.

Hawaasni aanichaa amantaa kanneen akka Isilaamaa, ortodoksii, piroteestaantii fi waaqefata fa'a. dha.odeeffannoon waajjira Aadaafi Turizimii aanichaa irraa argame ni mulisa.

Aanaan kun gandoota baadiyaa 26 fi bulchiinsa magaalaa 3 kan qabdu yammuu taatu irraa caalan ummata aanichaa lafa qotuuf loon horsiisaan (95%) hojjattoota mootummaafi kannene biroo (5%) irratti kan hundaa'ee dha. balinni lafa aanichaa 41,421,037 keessaa lafti qonnaa hektaara 2,702,345 dha. (Madda barruu Aanaa Arsii Nageellee 2011:6).

Aanaan Kun iddoowwan hawwata turizimii tokko tokko keessatti ni mul'atu . Isaan keessaa beekmaan kanneen armaan gadiiti. Tokkoffaan haraawwan aanichaa keessatti argaman yoo ta'u. Bakki bashannanaa magaalaa sana keessatti argamu turistoonni aanichaa deddeebi'anii akka dawwataniif gargaara.

Karaa biraatiin aadaafi duudhaa ummatichaan walqabatee yoo kan ilaallu ta'e; Aadaan haala jiruufi jireenyaa hawaasa tokkoo keessatti sirna ittiin bulmaataati kanaaf hiika aadaa kanaa, yaada Harries,L (1971:10) yoo ibsu "Culture taken in its wide enthnographic senese is that complex whole which includes knowledge, bellef art, morals, low, custom and any other capabilities and habits acquired by man as member of society. " kana jechuun aadaa yoo balifnee ilaalle wana wal xaxaa qaama hundaa hammatu dandeetiwwaniifi amaloota garaagaraa hawaasa keessati dhala namaatiin fudhatanii argaman kan of keessaa qabudha.

Ummanni aanaa kanaa aadaa hedduu qaba. Kananneen keessaa aadaa fuudhaafi heerumaa kana fakkaatan fa'aa dha.

Hawaasni oromoo aanaa Arsii Nageellee keessa jiraatu akkuma hawaasa aanolee biraa keessa jiraatuu ilaalcha amantaa fi aadaa akkasumas barsiifata, meeshaalee aadaa aartiiwwan, garaagaraafi duudhaa kan dhalootaa dhalootatti darbaa dhufe qaba dabalatanis hawaasa sana keessatti namoota ayyaantuu ta'an, kan waa'ee fuula duraa raagan, qoricha aadaa qopheessanii kennaan aadaa hawaasaa akka dhaabbii dalla, jala bultiifi arabsoo fuudhaafi heerumaa fi kkf. Kanaafuu aadaa mimmiidhagoofi qorannoon irratti hin adeemsifamin heddu qabdi. Haala roobaa aanichaa waggaatti rooba 910mm-1200mm giddu galeessaan argati. Qabeenya uumamaa ummataa; beeyiladoota, albudota, laggeenii fi kkf… tu jiru.

Umanni aanaa Arsii Nageellee keessa jiraatu akka ragaan barreeffamaa ibsutti, saba oromoo, soba Amaaraa, saba Guraagee fi sabaafi sabalamoonni biroos akka waliin keessa jiraatan agarsiisaa (WAT aanaa Arsii Nageellee 2007). Beeladoonni aanichaa horii maalaa/loon 89.976 yoo ta'an, dabalatan re'oota, hoolota, harroota, fardeen, lukuuwwaniifi gaangeewwan ni argamu.

Albuuda aanichaa; dhagaa adii, dhagaa gurraacha, saddeeqa, giranaayittifi cirracha, Laggeen aanichaa gurguddoon, laga Gurraacha, Fincaa'aa, Laga Dhadhaabaa, Laga Leephisii Huluuqaa yoo ta'a.

Laggeen xixiqqaan immoo, laga Awaadee, Dhadhaaba xiqqaa fi laga Qilxuuti.

Aadaa ummata aanichaa aanaan Arsii Nageellee sabaa fi sablamoota hedduu kan qabdu yoo taatu. Isaanis aadaa adda addaa kan mataa isaanii kan qabaniidha. Isana keessaa kan saba oromoo yoo fudhanne aadaa nyaataa, aadaa dhugaatii, aadaa uffannaa, aadaa meeshaalee, aadaa Hojii fi duudhaalee fi sirnoota adda addaa qaba.

Aadaa nyaata: caccabsaa, cuukkoo, marqaa, qincee-daabboo budeena, qixxaa, akaawwii fi kkf ….fa'a.

Aadaa dhugaatii : Farsoo, daadhii, bordee fi kkf…..fa'a.

Aadaa Uffannaa: Bulukkoo, kofoo, kittaa, waarroo, kallee, wandaboo, sabbata, Jomoree, gaabii , marxoo fi kkf.

Aadaa Hojii: aadaan woliin hojjachuu kan akka daboo fi qabootu jira.

Duudhaalee fi srinoota adda addaa: hawaasni aanaa Arsii Nageellee,duudhaa fi sirna adda addaa qabu. Isaan keessaa Guddifachaa, gumaa, ateetee, barnootaa, sirna gaadaa, sirna ayyaana Masqalaa/Irreecha/ sirna qaammee, sirna araara waaqaa fi sirna fuudhaafi heerumaa fa'a. kanneen eeraman keessa sirna fuudhaafi heerumaa gosa adda addaatu jira. Isaanis:- sirna fuudhaafi heerumaa kaadhimanaa, aseenaa, waliin deemuu, dhaalaa fa'a dha.

Meeshaalee aadaa ulfoo: caaccuu, kallacha, callee, siiqqee, alangaa, eeboo, waancaa fa'a (WAT aanaa Arsii Nageellee,2007).

BOQONAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaan kun yaadrimee barruu firoominaa. Maalummaa fookloorii, gosoota fookloorii, afoola, gosoota afoolaa Amaloota afoolaa, faayidaa afoolaa, raagoowwaan, gosoota raagoowwanii, ragamtaa, af-seenaa, durdurii, gosoota durdurii amaloota durdurii, uumamaafi bifa durdurii yaaxina faayidaa durduriifi faayidaa durdurii ta'a.

2.1. Maalummaa Fookloorii

Jechi fookloorii jalaqaba kan moggaasa argate bara 1846 nama William John Thoms jedhamuun. The term folklore was coined by William John Thoms in 1846. Jechi fookloorii jedhu, jecha 'folk' fi 'lor' jedhamurraa kan ijaarame yoo ta'u, Folk kan jedhu namoota lamaafi lamaa ol ta'anii garee dhaan jiraatan ta'anii, wanti isaan tokko taasisu, Hojii, afaan, amantaa,ogummaa fi k.k.f ta'uu danda'a. lore kan jedhu immoo, gareen namootaa kan waliin qooddatan (qabeenya gamtaa) fi warri folk jedhaman sun gamtaa dhaan dhaloota dhufuuf dabarsu. Kanaafuu looriin, ogummaa namoonni gareedhaan jiran dhaloota dhufuuf dabarsu (Alan Dundes, 1965:3).

> *(Folklore is a traditional beliefs, customes, and stories of a community passed through the generation by word of mouth; a body of popular myths or beliefs relating to aparticular place activity, or group of people"*

Fooklooriin maqaa waliin yoo ta'u, dhimmoota amantaa, aadaa barsiifata, hima afaan hawaasaakan labata tokkoo isa biraatti jecha afaaniitiin darbu; raagamtaa beekamaa yookiin bakka amantaa addaa fi gocha garee hawaasaati. *Yaanni kuni Oxfrd Dictionary of English 2010:679 akka armaan gadditti barreeffamee jira.*

> *Folklore is any of the beliefs, customs and tradition that people pass on from generation to generation much folklore consitsts of ballads, fairy tales, folk tales, legends andy myths, folklore also includes arts and crafts, dances, games, mursery, rhymes, proverbs, riddles, songs, superstitions, and holiday and religious celebrations"*

Fooklooriin,amantaa, barsiifataa fi aadaa kan ummanni yeroodhaa gara yeerotti keessa darbee dhufe, irra caalaa kan of keessatti hammatus, walaloo gaggabaaboo, af-seenaa, wanta yaadan jiru durduriiwwan, seenaa durii dhugaa ta'uu yookiin dhiisuu danda'uufi seenaa bara durii uumaa wajjiin wal qabatu ta'ee kan dhugaa hin taane fa'a. fooklooriin wantoota biroos ni qabaata; aartii, ogummaa, daansiiwwan, taphoota, sirboota gaggabaaboo, mammaaksa, hiibboowwan, gochoota

raga irratti hin hundoofne, guyyaa ayyaanaa fi kabaja amantalee dabalachuu danda'a. *Yaanni kuni World inc.1994:332 kessatti akkanatti barreeffamee jira.*

Fooklooriin umurii namootaa wojjiin kan turee dha. Wantoonni namoota duriitiin barreeffamanii teessifaman fakkeenyota fooklooriiti. Hammuma dhalli namaa ogummaa barreessuu gabbifachaa dhufe, seenaa fooklorii galmeessuu jalqaban haa ta'u malee fooklooriin hunduu hin barrreeffamne. Fooklooriin baay'een afaaniin dhaloota irraa gara dhalootaatti darbu.

Jabana hammaa kanayyuu ummanni baay'een afaan barreeffamaa hinqabani; garuu, muuziqaa, af seenaa, raagoo fi fookloorii gosa adda addaa qabu yeroo tokko tokko fooklooriin akkeessuu dhaan kan argame ta'uu dnada'a ijoolleen taphoota baratan qabu: kanneen akka durdurii, funyoo, utaaluufi dhagaa darbachuu namoota kaawwan ilaaluun kan baratanii dha. hammuma ummanni lafa tokkorraa gara biraatti socho'u, fookloorii isaa fudhatee waan deemuuf naannoo haaraa dhufanttis madaqfachuu danda'a fkn, bara 1500 hamma 1800 tti, ummanni Afrikaa Dhihaa kumaatamatti lakka'aaman gara banti dhihaatti garbummaadhaan guuramaa turan garboonni baay'een durdurii Afrikaa dhihaa bakka dhaqanitti gumaachuu dhaan himaa turan.

2.1.1. Gosoota Fookloorii

Qorattoonni fookloorii amala dhuunfaa fi hiika isaanii irraa ka'uun, fookloorii bakka heddutti goodu(Addisuun,2012) fooklooristii beekaa Ameerikaa Richard Dorson, (1972).

Waabeffachuun fookloorii iddoo gurguddoo afuritti akka qoodu eera. Isaanis, fookloorii, duudhaa hawaasaa, meeshaalee aadaa fi afoolaa jedhamu.

> *"Richard Dorson suggests that folklore embrace peoples, verbal and material arts custom and the form of cultural elements. He also categorizes folklore into four broad subdivistions. These are verbal, material cultures, social folk customs and folk arts. Richard Dorson, (1972)*

Misgaanuu, (2011) yaadauma armaan olli kana haala itti aanuun kaa'eera, ogummaan aartii beekumsa hawaasaa ta'ee kan gochaan darban of keessatti hammata isaanis dhaamsa darbu tokko irratti fuulan, harkaan, sagalee gadi buusuufi ol kaasuun kan dubbii caalaa gochaan mul'atuudha, kunis sochii qaamaa waliin wal qabatee gaddaa fi gammachuu, bal'inaafi dhiphina garee hawaasaa keessatti sochii hawaasaa mul'atu.

Fakkeenyaaf, yeroo sirbi sirbamu, geerarsi geeraramufi boo'icha nama du'ee irratti sochii qaamaa mul'atu. Duudhaan hawaasaa amala hawaasni ittiin qooddatu ilaallata amalli kun kan ture, dhaabbataa fi karaa jireenyaa akka feeteen ta'uu mala. Kunis dhalli namaa hanga jirutti kan

jiraatu. Duudhaa hawaasaa jalatti dhimmoota heddutu jiru. Isaanis, feestivaalaa fi kabaja ayyaanaa, taphaafi bashannana, qoricha aadaa, amantii aadaa, safuu hooda/ laguu fi k.k.f qabata (misgaanuu 2011:18-19).

Meeshaaleen aadaa immoo fedhii qabatamaa namoonni wantoota aadaa fi hawaasummaa ilaalcha adunyaaf qaban, midhaagina ittiin ibsamaniif dandeettii uumuu isaanii kan ittiin ibsatan taasisuuf, wanta isaan argamuufi qabatamaan bakka bu'uudha.

Meeshaaleen aadaa wantoota harkaan hojjataman, ogummaa aartii, ijaarsa aadaa, duudhaa hawaasaa, nyaata aadaa, meeshaalee manaa, dallaa, meeshaalee fayyaafi k.k.f.

Fedhasaa Taaddasaa, (103) misgaanuu, 2011), wabeeffachuun akka kaa'etti, Afoolli immoo kalaqa sammuu keessatti qindaa'uun afaaniin himamuudha kana keessatti haalli kuufamaafi lufiinsaa isaa himamsa afaaniin malee barreeffaman miti. Wanti afaaniin lufaa dhufe kan baattuu seenaa, eenyummaa falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, diinagdee, amantii, siyaasa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa baatanii as ga'anii(Fedhasaa Taaddasaa, 2013:13).

2.2.1. Afoola

Afoolli haala jireenya ummata tokkootiif onnee dha; sammuu aadaa isaati. Akka bakka kuufama sona uummataati, ilaalcha adunyaa hawaasni tokko qabu ibsuufi jireenya guyyaa guyaan jiraatanuuf, bu'uura irra dhaabbatanii fuul duratti adeeman kennaafi ilaalcha akkanaa kana irraa afoolli kallattii aadaa fi dagaaginaa ummataatiif ka'umsa jedhamee ilaalama yaadni kun akka itti aanutti kaayyameera. Yaada kana *Okamba 1994:85*

> *Oral literature is the heart of people's way of life. It is the very soul of their culture. As the reservoir of peoples value, it expresses a given socities world view and gives them spring board from which their day to day existence is propelled from this kind of prespective, oral literature is seen as the foundation on whch the cultural direction and development of a peoples stands.*

Hawaasni kamiyyuu dubbataa afoolaati waliigateen dhibbeetaa 90% ol ta'u kan gaggeeffamu karaa afoolaa tiin. Hawaasa muraasa keessatti qofa, wal qunnamatiin yaadaa, ergaa, sonaa fi kutannoon jiru gara barreeffamaatiin darba. Barreeffamni osoo hin calqabiin dura wanti hunduu afoolaan cee'a ture. Ummanni Afrikaa har'aa bal'inaan hawaasa afoolaati; sababni isaas aadaafi hog- barruun isaanii heddumminaan afoolaan waan jiraniif osoo naayii durii fi qarooma warra

isilaamaa keessaa baasnee, Afrikaa guutuun, ardii aartii afoolaatiin yeroo dheeeraa dhaf turte jedhu.

> *Every human society is oral and over 90% of communication passes through orality, nly in some society's (today, over whelming majority) are part of the communications, messages, values, coded or committed to writing --- indeed before anything was commited to paper a/c was oral. African today is classified as basically an oral society because the bulk of its traditions and literature are still oral if we exclude the ancient nile and the Islamic civizations, the whole Africa has been a continent of oral art for a long time (Austin and el-al 1994;97).*

Ardii Afrikaatti biyyoota argaman keessaa Itoophiyaan ishee tokko yoo taatu, sabaa fi sablamoota hedduu aadaa, afaan, duudhaa, afoolaa fi k.k.f qaban keessa jiraatu. Isaan kana keessaa sabni Oromoos, afoola umurii jirenyaa isaatiin gitu kan qabu ta'u yoo ta'u, kanneen keessaa beekumsa kallattii adda addaatiin qabu kan ittiin dhaloota irraa gara dhalootatti dabarsu 'durduriin' isa tokko. Gosooni Afoola Oromoo durduriin kunis, hawaasa oromootiif tajaajila adda addaa kennaaf, faayidaaleen isaas, ibsuu, cimsuu, to'achuu fi kkf. Naannoo keenya wantoota lubbuu qabanii fi lubbuu hin qabnetu jiru. Isaanis, uumama adda addaa waan qabaniif, uumamasaanii ilaalchisee gaaffilee ka'anitu jiru. *Fedhaa, (2001:39-41) yaada kana akka armaan gadiitti ibse.*

> *Gaaffilee wantoota adunyaa keenya keessa jiran irratti daa'imman kaasan jaarsoliin Oromoo afoolatti (dur-durii) fayyadamanii deebii kenuufi deebiin isaan kennanis, saayinawaa ta'uu baatullee, dandeettiin isaanii hamma eeyyameefitti eessaa dhuftee wantootaatiif deebii kennu. Fkn, "Eegeen re'ee maaliif ol-garagalee?" kan jedhuuf, durduritti fayyadameetu, falaasama qabuun, deebii itti kenna. Haaluma kanaan hawaasni Oromoo gaaffilee ka'an maraaf deebii ittii kennaa deema.*

Faayidaan afoolaa inni biraa aadaan saba tokkoo akkacimuu fi dhaloota tokkoo gara dhaloota birootti akka lufu gargaaruudha. Karaa biraatiin osoo hin badin dhaloota tokko gara dhaloota biroo akka lufu kan taasisu afoola dha. Kana malees, namoonni beekamoo ta'an seenaa guddaa hawaasa isaaniitiif galmeessa kan bara baraan yaadataman afoolani. Fkn saba oromoo keessaa, gootonni akka Abdisaa Aagaa, Taaddasaa Birruu, Hagaree Tulluu fi k.kf akka fakkeenya gootummaatti ka'u.

Seenaan namoota kanaa dhalootaa dhalootatti akka darbu, bara baraan akka fakkeenya gootummaatti akka seenessaman kan gargaaru afoola shoorri afoolaa seenaa fi aadaa saba tokkoo dabarsuu qofa osoo hin ta'in, cimee osoo wal irraa hin citiin akka inni itti fuufu taasisuu dha.

Faayidaan afoolaa inni kaan immoo namni kamiyyuu, seerota jedhameen buluun dirqama, namni seerota kana akka hin cabne too'achuun barbaachisaadha. Kun kan ta'uu danda'u amaloota gaarii jajjabeessuun, amaloota badii fidan immoo balaaleffachuuni. Sabni Oromoo gochoota /amaloota/walqunnamtii miseensota hawaasaa kan balleessanii fi seerota aadaa isaa cabsan kan

akka, hannaa, hammmeenyaa, soba, of tuulummaafi k.k.f hunda ni balaaleffata keesumaa durduriin, amala gadhee ta'eefi akka itti kolfamu gochuun akka dadhabu yookiin akka inni badu taasisa (Fedhaa Nagaasaa, 2001:43-44).

Gama birootiin miliquu dhaafis ni tajaajila namni miliqu tokko waan miidhaa irraan gahuu danda'u tokko jalaa qolata jireenyi ilma namaa bu'aa bahii waan qabuuf, yeroon jalaa miliquun barbaachisaa ta'u jira jireenya nufisiisaa ta'e jalaa, gara adunyaa boqonnaa itti fudhataniifi godaansa Adunyaa biroottis godaanuuf, wantoota nu gargaaran keessaa inni tokko afooladha. Kunis, jireenya jibbisiisaa guyyaa guyyaan nu qunnamu keessaa gara adunyaa gammachuu qabuutti nu geessa. *(Fedhaa Nagaasaa, 2001:45-48). yaada kana akka armaan gadiitti ibse.*

> *Gama biraatiin afoolli, aadaa fi duudhaa kuusaa muuxannoo hawaasaa kan jaarraa hedduu barsiisa; yookiin, jireenya keessatti jabaatanii hojjechuu, tokkummaa'uu, arjoomuu abshaalomuu fi kkf barbaachisaa akkata'an ni barsiisa*

Ummata kamiifuu dubbatamni (orality) hangafa wantoonni afaaniin dubbatamaa as gahan kunneen hanga gaafa gara barreeffamaatti dhufanitti jiji'iirama garaa garaa keessa darbani. Qabiyyeewwan isaanii itti dabalamaa, hir'ataa fi unkiifi bifiti isaanii jijiiiramaa as gaheera.

Wanti afaaniin lufaa dhufan kun seenaa, eenyummaa, falaasama, ilaalcha, hawaasaa, beekumsa muuxannoofi akka walligalatti jireenya dhala namaa baataniitu as gahani.

Afoolli yeedaloon kennamus, dhiisus, ogumma (wisdom literature) hawaasni durii kaasee waliin as gahee, nutti kenne. Jireenya hawaasaa keessatti sochiin godhamu bu'aa ba'ii jireenyaa mudaannoo fi rakkoowwan isaan mudataniif qabsoo godhamu keessatti, beekanis ta'ee osoo hin beekin afoolawwan kalaqamaniiru. Afoolli saba tokkoo dhallii namaa naaf haa ta'u jedhee, qoofaa isaatti fayyadamuun eenyummaasaa, yaada, fedha, amantaa, aadaa, duudhaa, moo'uufi moo'amuusaa, deeggarsaa fi diddaasaa kkf….., dhalootaa dhalootatti kan ittiin dabarsaa ture umurii dheeraa kan qabu qabeenya ummataati. *(misgaanuu,2011:23-24) yaada kana akka armaan gadiitti ibse.*

> *Hawaasni afoola isaatiin falaasamaa fi akkaataa ilaalcha jireenya walgalaa irratti qabu ibsata. Kanaafuu, afoolli dilbii ummataa kan haalli walii galaa muuxannoo fi beekumsa keessatti walitti qabamanii ittiin har'a gahanii dha. Afaan Oromoo og barruu barreeffamaatiin mul'achuu jalqabuun isaa seenaa waggoota dhihooti afoola isaatiin garuu, seenaa dheeraa qaba kanaafuu ummanni oromoo jireenya hedduu dabarse keessatti, afoola qofatti fayadamaa akka ture hubachuun kan danda'amu dha. Oromoo dhaaf maddiifi burqaan beekumsaa afoola isaati.*

Hawaasni tokko seenaa akkamii keessa akka darbee dhufe adda baafachuuf afoolafi waan afoola keessatti hammataman qorachuun dirqama ta'a. Sababiin isaas afoolli waa'ee labata darbee isa har'aatti himuuf humna waan qabuuf. Wanti hawaasa keessatti fudhatama qabu akka itti fufu, kan hintaane immoo akka hafuuf afoolatti gargaaramna Hawaasni mirga keessatti dhagahamu,

dhiibba irra geessifameefi dhiibaa uumamaan isa qaqqabullee afoola isaatiin ibsata, dhimmoota hawaasaa dhimmoota diinagdeef weeddifaman.Sirbatikseen tiksitu Sirbitu, yeroo namni du'u bo'ichi boo'amu yeroo ayyaana waggaafi cidhaa sirboonni gammachuu ofii ibsachuuf weeddifaman, baacoo hiriyoota waliin taasifamu, sheekkoofi af-seenaan manguddootan dubbataman hundi afoola keessatti kan hammatamu, ogummaafi falasama ummatichaa kan ibsani.

Afoola Oromoo yeroo jalqabaaf ebalutu kana yookiin sana jedhe jechuun nama rakkisa. Kanatuu qabeenya hawaasaati jechisiise. Haa ta'u malee, namni uumamaan dandeettii kalaqqii qabu tokko kalaqeetu yaadatee hawaasaaf dabarsuun isaa ajaa'iba nama jechisiisa. Afoolli hojii dhuunfaarra darbees kan gareetisi. Hojiin garee gosa afoolaa tokko keessa jiru isa kaan faana garaagarummaa qabaachuu danda'a (misgaanuu, 2011:25-26).

2.2.2. Gosoota Afoolaa

Goorowwaan yookiin akkaakuun ogafaanii kana jedhanii murteessuun ni cima. Haa ta'uutii akka misgaanuun, kaa'etti akaakuun isaanii og afaan bifa hololootiin yookiin seeneessuutiin (sheekkoo, durdurii, baacoo, af-seenaa …), unkaalee gaggabaaboon kan dhihaatan (hiibboo, mammaaksa…) fi bifa af walalootiin immoo weedduu jaalalaa, weedduu hojii geerarsa, mararoo, weedduu ateetee sirba, faaruu loonii, weedduu dhimmoota siyaasa, weedduu ururssaa mucaa, weedduuwwan gootummaa, weedduuwwaan seenaa tapha ijoollee, weedduuwwaan amantii, weedduuwwan ajjeesaa, hiibboo al-tokko tokkoo) fi kkf dha (misgaanuu 2011:41).

2.2.3. Amaloota Afoolaa

Afoolli amaloota adda addaa qaba: Hurruubummaa, lufummaa, ummatummaa, yoomeessa, jijjiirama, sababa, hirmaannaa jamaafi miidhagina fa'a.

2.2.3.1. Hurruubummaa

Hurruubummaa Amalli afoolaa kun akka afoolli lubbuu horatu godha. Hurruubummaan jira jechuun afoolli jira jechuu dha.

Afoolli dubbatamuuf yoo xiqqaate nama lama barbaada. Unkii fi qabiyyeen afoolaa kan maddufi tajaajila irra kan oolu namoota sababii hawaasummaa sana irratti argaman kan hirmaachisuu dha.

Hirmaannaan namoonni haala san irratti raawwatan hurruubbiidha. Namni tokko gocha afoolaa yoo raawwatu, aadaafi barsiifata hawaasichaa soo gadi hin dhiisin bareedina akka qabaatu

gochuuf, ni kolfa, ni ka'a, ni taa'a , ni fiigaa, ni cookaa, dhaggeeffattoonnis, sagalee fi gochaan itti hirmaatu irra caalaan, gosoota afoolaa (ogafaanii) nama tokkoon kan raawwatamuu miti. Fakkeenyaaf oduun durii tokko himamuuf, namni himu yookiin seenneessuufi kan dhaggeeffatu jiraachuu qaba. Kanaaf, amalli kun amala isa bu'uraati (Misgaanuu 2011:29).

Hawaasni aanaa Arsii Nageellees, yammuu durdurii senessu bakkanamni jalaa qabu jirutti malee, kophaa ofii namni tokko hinseenessu. Fakkeenyaaf namni sirbuu barbaade tokko kophaa isaattis sirbuu danda'a. Jaarsoliin yammuu durdurii nama jalaa qabuuf seenneessanis, jechaafi sochii qaamaa waliin agarsiisuun bakki itti dhiheessanis ni mul'ata.

2.2.3.2. Lufummaa

Lufumman haala afolli (ogafaan) dhaloota dhalootatti darbu kan walqabatuu dha. Afoolli amma jiran,waggoota dheeraa dura ykn yeroo dhihoo uumamuu danda'u umurii isaanii tilmaamuun nama rakkisa. Afoolli kunis, bara kalaqamee eegalee, hanga har'aatti utuu daddarbu har'a ga'eera. Afoolli karaa lamaan lufuu danda'a. Isaanis, jechaafi gochaan; kan jechaan darban, hiibboo, mammaaksaafi oduu durii yoo ta'an kanneen jechaafi gochaan darban immoo, sirba, sirna ateetee, sirna buttaafi kkf--- fa'a.

Jechaanis ta'ee gochaan afoolli qabeenya hawaasaa dhaloonni waliif dabarsuu dha. Duudhaan tokko haala uumamaafi namaan baduu danda'a. Fakkeenyyaaf sochoo'iinsa dacheetiin, namaan immoo dhiibbaa siyaasaatiin, amantiifi kkf, ta'uu danda'a. kanarraa kanhubatamu afoolli bakka tokkotti yookiin dhaloota tokko biratti dhaabbatee kan hafu osoo hin taane dhalootaa gara dhalootaatti kan darbuu dha. Amala kanaaniis lufummaa jenna lufummaan laafinaan afoolli(ogafaan) miidhamaadha (misgaanuu, 2011:30).

2.2.3.3. Ummatummaa

Malli afoolaa kun abbaan qabeenyaa ummata ta'uu isaa wajjiin wal qabata. Kunis kallatiin kan itti fayyadamu ummata, Haala jiruufi jireenyaa, seenessaa, aadaa isaa kan ibsu, hawaasni tokko afoola mata isaa ni qaba. Yeroo jalqabaatiif afoola namni tokko kalaquu danda'a ta'a. Garuu, amala lufummaa irraan kan ka'e, dubbatamaan darba yeroo dheeraa waan tureef, adeemsa keessa irraanfatamuu ni mala. Kanaaf afoolli kan nama dhuunfaa osoo hin taane kan ummataati jenna.

Afoolli ummata oromoo keessaa jirus, kan ummata oromooti. Tokkoon tokkon miseensa oromoo hundi kiyyummaa qaba (fedhaa Nagaasaa, 2011:15).

2.2.3.4. Yoomessa

Yoomessa kan jedhu, `yoomiifi eessa` jedhurraa uumame. Isaanis yeroo fi bakka wanta tokko itti raawwatu agarsiisu. Afoolli yeroo fi bakka itti raawwatu qaba. Kanatu yoomessa jedhama; ilaalchisee yeroo hundaafi bakkka hundatti akka hin taane, yoomessa murtaa'e akka qabu

qalbeeffachuun ni danda'ama. Kana malees, haala /context/ afoolli tokko keessatti raawwate ni ibsa (misgaanuu,2011:31).

2.2.3.5. Jijjiirama Afoolaa:

Afoolaafi ummata addaan baasanii ilaaluun hin danda'amu . sababni isaas, afoolli kan uumamu hurruubamuuf kan darbu miseensota hawaasaatiin waan ta'eefi. Keessumaayyuu, hawaasni og-barruu barreeffamaa hin qabne tokko aadaa, seenaafi kkf dhaloota gara dhalootaatti dabarsuuf guutumaan guututti afoola irratti hundaa'uu danda'a. kanaaf, jijjiramni hawaasa keessatti uumame tokko kallattiin yookiin karaabirratiin afoola tuquun isaa hin hafu (Alamaayyoofi Alamituu, 2010:60).

Afoolli (ogafaan) dubbatamaan dhalootatti waan lufuuf, jijjiirama garaagaraa keessa darbee as gahe. Oduu durii oromoo tokkos, yoo fudhannee ilaalles, akka itti namni jalqaba seenessuun nutti himeetti, fuunee dabarsuun baay'ina jechoota achi keessaa jiru irraa kan ka'e, ni ulfaata, Ergaan isaa akkuma jirutti ta'ee, haala ittiin dhihaatutu jijjiirama: qabiyyeessaa keessa hanga tokko hir'isuu yookiin itti dabaluu jechuudha.

Kunis amala afoolaa waan ta'eef, jijjiirama kana to'achuun hin danda'amu unkaan yookiin qabiyyeen geeddaramuun afoolaa jijjiirama jedhama (misgaanuu,2011:32).

2.2.3.6. Sababa

sababnis amaloota afoolaa keessaa isa tokko Afoolli /og afaan/ tokko raawwatamuuf, sababa yookiin ka'umsa barbaada. Haasaa keessaattis haa ta'uu, gorsaaf, hawaasni tokko yeroo afoola isaatti gargaaramee waa jechuu barbaade sababaafi haala keessatti jedhu qaba (Misgaanuu, 2011:32).

2.2.3.7. Hirmaannaa jamaa

Raawwiin afoolaa tokko jiraachuufi dhiisuu isaa irratti, jamaa yookiin dhaggeeffattootatu murteessaa dha. Jamaa jechuun yeroo hurruubbin afoolaa tokko taasifamutti, namoota dhimmicha jalaa qabuuf yookiin onnachiisuufi iddoo sanitti argaman sanaan jamaa jennaan (Alamaayyoo fi Alamittuu,2010:61).

2.2.3.8. Miidhaginaa fi qindaa'ina

Miidhaginaa fi qindaa'ina Afoolaa; miidhagina afoolaatiif gahee guddaa kan qaban malleen dubbii (figurative spech). Warra jedhamani. Isaanis, akkee, bakka buusa, namee, ukukkubee, anyaarseefi fakkeen isaan muraasa dha. Isaan kana hawaasni gosoota afoolaa adda addaa keessatti yammuu itti fayyadamutti yaada qalbii namaa ittiin booji'uuf gargaaramu. Qindeeffamni haala qorooma qabuun ijaarame kan miira nama dhaggeefatuu yookiin dubbisuu qirqisuu danda'uudha (Fedha Nagaasaa,2001:17-19).

2.3. Faayidaa Afoolaa

Afoolli hawaasa karaa hedduun tajaajila. Faayidaa hedduu afoolli kennu keessaa gurguddoo kan ta'an, ibsuu, cimsuu, too'achuu, miliquufi barsiisuu fa'a. Naannoo keenya wantoota lubbuu qabaniifi hin qabnetu jiru. Isaan kana ilaalchisee, gaaffilee ka'aniif afoolli ibsa kenna. Faayidaa afoolaa inni biraan aadaan saba tokkoo akka cimuufi dhaloota tokkoo irraa gara dhaloota biraatti darbu gargaara.

Taajajjilli afoolaa kan biraa too'achuu dha. Kana jechuunis miseensonni hawaasaa amaloota fudhatamaa ta'an akka horataniifi.

Aamaloota badaa ta'an akka inni kaan immoo, barsiisuu danda'uu isaati.

Gama kanaan, afoolli aadaafi duudhaa kuusaa muuxannoo hawaasaa kan jaarraa hedduu barsiisa. Akkasumas jireenya keessatti hojjachuun, tokkummaan, arjoomuu, abshaalummaaniifi kkf barbaachisa akka ta'an ni barsiisa (Fedhaa Nagaasaa,2011:40-48).

2.3.1. Raagoowwan

Seeneffamoonni afoolaa seena sammuu keessatti kalaqamanii afaaniin himamani, waa'ee taateewwan bara durii dhugaarratti hundaa'uun yookiin dhugarraa maqanii himamu. Isaanis, walitti dhufeenya waaqaafi namaa, namaa fi naannoosaa seenessuu, kan dhalootaaf ittiin dabarsanis, afaaniin waan ta'eef, qabiyyeen isaanii hir'achaa, itti dabalamuufi jijjiiramaa deemu Fedhaa, (2013), Dorson (1972), waabefatee yammuu ibsu, yeroo jalqabaa tiif, hayyoonni qorannoo seenefamoota afoolaa eegalan, `Jacob` fi `William` lammiilee jarman akka ta'an himama. Jarreen kun dursa oduu durii walitti qabanii akka maxxansaniifi kunis hayyoota saayinsii hawaasaa hawwatee qorannoo fooklooriitiif bu'uura ta'eera

Afoola oromoo keessaa gooroon inni guddaan raagoodha. Raagoon (orally) raagamuun dhihaata. Faayidaan isaatis hawaasni mala barreeffamaa (writing systeme) hin qabne tokko eenyummaa, aadaa,falaasama, beekumsa, seenaa jiruufi jireenya, muuxannoofi sona isaa dhalootaa gara dhalootaa ittiin dabarsa, jecha biraatiin hawaasni duudhaa fi safuu ilaalchaa fi falaasama isaa dhaloota ittiin barsiifata. Ittiin gorfata, quuqa qabus ittiin calaqisiisa.

Raagoon Firiwwan adda addaa (different geners of oral narratives) of jalatti hammata isaan kanneen keessaa akka gooroo gurguddaatti kan ilaalaman, raagamtaa, af-seenaafi durdurii fa'a. yaaduma kana kan deegaru, Ruth Fennegan, (1970) Bascom (1965b) wabeeffachuu dhaan raagamtaa, af-seenaafi durduriin gosa xixiqaa raagooti jedha, As Ruth Fennegan cited, Bascom(1965b) direct towards definition of myth, legned and folktale as sub-types of the single catergory of prose narratives (Fennegan 1970:318).

Gosoota Raagoowwani

2.3.2. Raagamtaa

Raagamtaan akkaakuu raagoo keessaa tokkoo yoo ta'u moggaasni "Raagamtaa" jechoota "raagoo" fi "amantaa" jedhamurraa madde, waa'ee amantaa raaguu kan jedhu of keessaa qaba. Jechi " Myth" jedhu kunis jecha Giriikii "Mythos" jedhamurraa akka dhufe qorannoon hayyootaa ni mirkneessa. Kana ilaalchisee Alamaayyoo fi Alamituu, (2012) kitaaba " Encyclopedia of Antropology" jedhamu wabeeffachuun akka itti aanutti kaa'aniiru, yaaduma kana (mulugeetaafi kaawwan, 1999:163-164) deegaruun ibseera.

> *The term "myth" deriving from the Gireek mythos is applied to stories culturally trated as sacred truth distinguished from legened whose through is debatable, - - - motivated by the convication that the study of myth can reveal both substantive and sturactural aspects of human conginition it has received attenation from various disciplinary and theoretical approaches (1996).*

Kana jechuun raagamtaa amantaa, aadaafi falaasama ummataa wajjiin wal qabata-Af-seenaa irraa adda ta'uu isaafi roga adda addaatiin akka ilaalamu barruun armaan olii ni addeessa.

Raagamtaan addunyaan kun akkanutti uumame? Ani eesaa dhufee? Eessarraa garamitti deemaa? Gaaffiiwwan jedhaniif hiikkoo kan ittiin kennamuu falaasama amantaati (Alamaayyoo fi Alamituu, 2010:120).

2.3.3. Af-seenaa

Af seenaan gooroowwan raagoo keessaa tokko yoo ta'u. akkaakuun raagoo kun waandarbe irratti hundaa'ee afaaniin kan raagamuu dha. Goobangaleessi (the main character) af-seenaa gochi raawwatame dhugaa yookaan dhugaarraa kan fagaate ta'uu danda'a. Afseenaa keessatti goobaan galeessa ta'ee seenaan isaa kan raagamu ummata keessatti olaantummaa qabaachaa kan ture ta'a. kanneenis,mootii,Abbaa Duulaa,yookaan Abbaa Gadaa ta'uu danda'a. Uumamni gooban-galeessichaa kan raagamtaa wojjiin tokko miti kana jechuun akka gooban galeessaa raagamtaa namoota kaan irraa adda ta'ee kan uumame miti. Adeemsa jireenya isaa keessatti sadarkaa olaanaa irra kan dhaqabu ta'a,uumamni " Gooban galeessichi sadarkaa olaanaarra ture" jedhee, kanaafuu jagnummaan inni agarsiise, injifannoon inni galmeessise tooftaafi tarsiimoon itti fayyadame yookaan kufaatii isarra dhaqqabe af-seenaa keessatti arganna.

Adeemsa jireenya ummataa keessatti gochi gooban-galeessichi raawwate jedhamu “Gocha gaarii” ykn “Gocha- gadhee” ta’uu danda’a. gochi raawwatame sun dhaloota ammaatiif akka fakkeenyaatti fudhatamee barumsaa fi muuxannoon akka irraa argachuun danda’amu raagama. Wanti raawwate sun hammeenya irratti yoo ta’e “Hamaa kan raawwate hojii harka isaa hin dhabu” jedhee ummanni gocha yaraa irraa akka ofittisu seeneffama. Kanaaf af-seenni kan irratti xiyyeeffatu kolfisiisuu yookaan bashannaansiisuu osoo hintaane barumsi akka irraa argamuufi (Alamaayoo fi Alamituu 2010:122-123).

Af seenaan akkaauu durdurii hamma ta’e bal’aa ta’ee dha. Isas bakka isaatti eeguu qabna; sababni isaatis akka namummaatti itti gaafatamummaa waan qabnuufi dhimmoonni yaadatamuu akka qabaniifi waa’een isaanii dubbatamuudhaafis, yookiin irra deddeebi’amuufis mirgi waan jiruufi. Taatteewwan durii kan yeroo kan akka har’a, ganamallee ta’uu danda’a. tariimoo sa’aatii tokko dura yookiin garmalee duubatti fagoo ta’eefi kan amma yaadatamanii yaadni isaanii garmalee ifa hin taaneefi gadi fageenyi isaanii dhimma waan hundaa kan tuquudha.

> *Legend is a fairly broad category of tale. We are relaining the word legene; because here we are dealing with accounts of personalities and events that are considered to memeorable that ehy deserve to be talked about or recounted (latn legenda) again and again, The events may that the memory of them is now very vague and the details are subject to all kinds of maniupulation (oepe who, 1992:182-283).*

2.3.4. Maalummaa Durdurii

Oduun durii gooroowwan og afaanii keessaa kan bifa hololoo yookiin seennessuutiin mul’atuudha. Uummanni oromoo oduu durii isaatti gargaaramee tokkummaa, jaalala, cimina, waliif yaaduu, injifachuu, milkaa’ina, mirgaa galuu, amantummaa, waadaa eeguu, bilchina, abshaalummaa, waltumsu, walumaagalatti faayidaa kaayyoo tokkootiif waliin dhaabbachuu akka qabu ummata isaa barsiisa kaayyoon guddaan oduu durii booharsuu yookiin bashannansiisuu ta’ee adeemsa kana keessa dhaamsa biroos dabarfachuun danda’ama. Yaada kanas beekaan, (Dorson, 1972:53), waabeffachuun yammuu kaa’u ,”Folktales are told primarily for intertaiment although they my have secondary purposes”

Jedhee ibsa. Akka yaada kanaatti oduun durii nama bashanansiisuuf himama. Osuma bashannananii barnoota biroos argatu Gorsa sana keessa dhaamsi barbaadame darba Fakkeenyaaf ijoollee afaan barsiisuu keessatti gahee guddaa taphata.

Kabaja, gootummaan dhiinarraa akka olan gorsuu, hojiidhaaf kakaasufi kkf ta’uu danda’a. oduun durii ijoolleef beekumsa gaarii kenna. Kunis hangafa isaanii akka kabajaniifi jijjiirama amalaa akka fidan ittiin gorsuuf oduun durii mala gaariidha.

Oromoon akka madda asoosamaafi seenaatti oduu durii isaatti fayyadama. Beekaan, maangashaa (1992), eeruun akka itti aanutti kaa’eera.

> *The oromo children and folktaes tellers took different approaches to the apprection of the folktale. They were thought as the history of the oromo culture and as the source of its myts – oduun durii akkuma maqaan isaa ibsutti waan dur ta'e jechuudha. Qooddattoonni oduu duri baay'inaan bineeldotaa fi bineensota ta;an, darbee, meeshaaleen manaas kan keessatti argamaniidha. (Beekaa, 2015:51-52).*

Durduriin akkuma goorowwan afoola kaanii duudhaa muudannoo ilaalchaa fi falaasama uumamaa tokko bara irraa baratti, labata tokko irraa labata biraatti kan dabarsu haala jireenya hawaasummaa kan calaqqisiisu firii hambaati jechuun ni danda'ama . Duudhaan falaasamniifi ilaalchi ummata tokkoo bara tokko irraa bara itti aanutti dhaloota tokko irraa dhaloota biraatti yaammuu darbu sadarkaa guddinna ummatichaa wojjiin fooyya'ina agarsiisuu danda'a. Durduriinis jireenya namaa wojjiin kan walqabate waan ta'eef jiijjirama akkasii ni agarsiisa. Bifa dur jiruun hin darbu. Afaaniin waan darbuuf fageenya yerootiin kan ka'e keessaa kan baduufi kan itti dabalamu ni qabaata.

Durdurii ilaalchisee, George (1981:5) yammuu ibsu: tales represent persisting values, universally accepted belief and their thems appeals to childrens well as adults." Jechuun addeessaa kunis durduriin duudhaa bara baraan jiraatu, dhaamsi isaa ijoollees ta'ee ga'eessota kan gargaaruu dha jedha. Akka Bernith (1977:37) ibsetti immoo durduuiin

> *Tales is a fabulousstories, un belivable, afairy, aseemingly in siginifant pice of a fantasy, endlessly repetitious, it is also the stories house of knowledge of the xhosa socities, that means where the wisdom of the part is remembered and image transimted through the generation and image of private conduct and public morality, adramization of values, and externalization of the xhosa world view.*

Durduriin mana kuusaa beekumsaa mala ogummaan durii ittiin yaadatamu fi dhaloota irraa dhalootatti ittiin daddarbu, duudhaa midhaagsee kan agarsiisuu, ilaalcha hawaasa tokko kan ibsuu dha.

Durduriin wantoota bakka tokkotti argaman fakkeenyaaf, horii, bineensa, muka wajjiin walfakkeeffamee seeneffamuu ni danda'a. seeneffamni isaa ka'umsaa fi ta'umsa (Cause and effect) waan qabuuf hanga dhumaatti qalb namaa booji'ee kan namaan godaanu malee kan nuffisiisuu miti. Durdurii keessatti firiiwwan asoosamaa fakkaattii (Character), sabseenaa (plot), gocha (action), waldhabbii (conflict) fi dhaamsi ni jiraatu, haa ta'u malee akkaataa asoosamaa keessatti argamaniin dur durii keessatti mul'atu jechuu miti (Alamaayyoo fi Alamituu, 2010:117).

2.4. Gosoota durdurii

Raagoo qoqqooduurratti rakkoon yeroo dheeraaf turee jira. Haa ta'uutii akaakuu baay'een gosoota raagoo kan akka durdurii (tale) fi kan birooti. Durduriin irra keessaa karaa afuriin qoodamu. Inni tokko qooddataa durdurichaa bu'ureeffata. Gama kanaan, yeroo dheeraadhaaf

garaagarummaa durdurii beeyladoota, durdurii namoota, durdurii yaadan jiru jedhanii kaa'uun baramaa ture. Dhimmoonni gurguddoon lama akkaataa qoqqooddii akkanaa rakko bu'uuratti.

> *The classification of the oral narratives is an old problem. There have, however several classes recognized for this geners, several words and phrases thrown about highlighting one kind of tale or the other There are roughly four ways in which the majority of tales have so far been classified, one is on the bases of the oblivious protagorrists of the tale, in these senese, It has long been fashionable to draw a diffinction between arimal tales human tales and fairytales, there are basically two problems with this tsyle of classification (okpewho, 1992:181).*

Durdurii inni saddaffaa, itti dhiheenyaan kan lammaffaa wajjiin wal-qabata; bu'uurri isaatis amala qulqullina durdurichaati inni kun tarii akka jechoota baay'ee fayyadamuutiin isaa guddaa dha.

Fakkeenyaaf, durdurii nama ajaa'ibsiisan (tirickester tale) kan qooda fudhatu ajaa'ibsiisuufi waan dhugaa hin taane akka namni amanee fudhatu gochuun haqa cabsuun yookiin dabsuun gara hiriyyummaa adda baasutti qajeelchuu yookiin geessuu danda'a.

Durduriin inni arfaffaan immoo kanfilannoo nama dabsiisu (dialema tales) durduriin kun kanneen gaaffii dhaan yookiin rakkoo falmii dhaan xumuranii fi kan seenneessaafi dhaggeeffataa gidduutti furmaata argatu, karaan biraa durduriin ittiin qoodamu, haala keessa jiruun(context) yookiin yeroo wanti tokko keessatti mul'ate bu'uura godhachuuni. Fakkeenyaaf, yeroo baay'ee durdurii galgala/ yeroo addeessaa dhaggeeffanna. Durduriin kunis kanneen armaan olitti addeeffamaa turan keessaa ta'uu danda'a. Isaan eramanii darbanis, gosoota raagowwaanii qooduuf itti fayyadamani.

> *A second way of classifying tales has been interms of the purpose reveled in the context, wehter implicity orexplicity. Alarge group of such tales for instance are seen to have afundamentally moralistic or didactic purpose. In nearly all of them a moral is drawn by the storyteller at the end. Which either encourage good or discourages evil as reveald within the sotry. A third method of classification, closely linked with the second, is on the bases of the characterstic quality of a tale. Tis is perhaps the larpest category as here we have the largest number of terms used for instance, trickster tales are tales involving trickery and deceit, abreach of faith leading perphas to the end of a relation ship between par the parties involved mostly animals. Dialemma tales are those that end with a question or aproblem to be debated and resolved between the narrator and hisaudience. In the other way classifaying tales has been on the bases of context or accasion. For instance, we often hear moon light tales, simply on the ground that the tales- which may be and one of the kinds discussed above- are told in the moon light. There are only some of the terms. Used for classifying various kinds of oral narratives (okephewho, 1992:282).*

Oduun durii oromoo immoo akka unkaa ykn qabiyyee of keessatti hammataman oduu durii seenessaa, oduu durii ibsaa, oduu durii goosotaafi bineensota, jedhamuu danda'u (beekaa, 2015:52-53).

> *Oduu durii seenessaa: waa'ee gochaafi namoota beekkamoo ta'aniiti seenichiifi gochichis yeroon itti raawwate ganama har'aatii hamma duriitti ta'uu mala, kan hundaa'es seenaa waan tokkoo irratti hundaa'ee kan dubbatamuudha. Seenichis, waa'ee mootii biyyaa, gootummaa dirree waraanaa fi kkf ta'uu danda'a, oduun durii kunis bifa lamaan seeneffamuu danda'a; memoratee fi faabulaatee dha. Memoratee keessatti namichi oduu himu yookiin seenessu sun wanta qooda keessatti fudhate yookiin ijaan arge sana seenessa. Faabulaateen immoo wanta yeroo ta'e dhageenye tokko akka asoosamatti seeneesuu dha. Kan seeneffamu akka waan agarreetti osoo hin ta'in jette, jetteen seeneffama, oduun durii oromoos baay'inaan kanaani (beekaa, 2015:52-52).*

2.4.1. Oduu durii ibsaa

oduun durii ka'umsa aadaa, amantii, haala jireenya ummata tokkoofi kkf ilaalchisee gaaffilee ka'aniif ibsuuf kan itti fayyadamuudha. Haa ta'u malee ibsi eessaa dhuftee wantoota adda addaa ilaalchisee kennamu saayinsawaa miti – oduun durii akkasii hedduun kan jiran ta'uu ragaa baay'een lafa kaa'a (Misgaanuu,2011:44).

2.4.2. Oduu durii gootummaa

Gosti oduu durii kun oduu durii gootummaa of keessaa qaban irratti xiyyeeffata. Kan seenessus wanta dur ta'e sababii ta'eef, namni seenessu sun gaaffii ragaarratti hundaa'e namni isa gaafatu hin jiru.

Yoo gaafatameellee wanti duri hafe jechuun amansiisuuf yaala. Oduun durii gootummaa gochaalee tooftaan, ciminaan, gootummaan, waliigalteen akkasumas haalan hojjachuun bu'aa argamsiisanirraa akka muuxannoo argannuuf tajaajila.

2.4.3. Oduu durii bineesota

Oduun durii bineensotaa kun hawaasni gaddaa fi gammachuu, jaalalaafi jibba, shakkii fi amantaa. Gaarummaa, hammeenyaafi kkf ilaalchisee fuulletti waan dubbachuu hin barbaanne horiifi bineensotatti qabachuun kan dubbatamuu dha.

Oduun durii kun irra caalaa hamilee namootaa kakaasuufi bashannan siisuufi tajaajila.

Oduun durii seenaa addunyaa kanaa keessatti bara dheeraa dura raawwate seenessa. Taatteewwan raawwataman dhugaarratti hundaa'u. Fakkaatileen achi keessa jiran waanuma namni adunyaa kana keessatti raawwachuu danda'u raawwatu. Yeroo teenyee dhaggeeffannu yookiin dubbisnu waanuma dhugaan ollaa keenyatti raawwatame nutti fakkaata fakkaatileen keessatti hirmaatanis namoota nuti beeknu fakkaata fakkaatiileen raawwataman faallaa hariiroo (binary ooposition) danatu jechoonni jiran duuban hiikan faallaa qabu. Fakkeenyaaf, jiidhaan yoo jiraate, gogaan duuba hin dhibu.

Akka kanaan gowwaa/abshaala/Jaalala / jibba/ dheeraa/ gabaabaa jechoota jedhamaniin guutamaniiru. Irra caalaa kan yaada namaa hawwatu garuu, gowwummaa, abshaalummaafi sossobamuu namoota sanaati(beekaa, 2015:53).

2.4.4. Amaloota Durdurii

Durduiin amaloota gurguddoo gosoota fookloorii biroo wajjiin qooddatu qaba. Isaanis hundagaleessuummaa, yeroon isaa kan hin beekamneefi barreessaa kan hin qabnee dha.

“Folktales are characterized by major feature that are also common to other fokloric forms such as proverbs, songs, fables and so on. They are universal, timless and autherless.

Hunda galeessummaa Durdurii: namni durdurii seenessu eessattiifi yoomilee taanan namoota miiraafi hawwii dhaan isa dhaggeeffatan barbaada. Dubartiis ta’ee dhiirri durduriin sun kan waan dhiyoos ta’ee, kan kanaan duraas, himtee yookaan asoosama gad-fagenyaan ibsamu yaada isaanii faana raarrasuun kan isaan quubsu, odeeffannoo yookaan waan nama gammachiisu. Kofalchiisu, gocha gadheefi kan nama kakaasu, amantitti nama beekamaa kan nama taasisu, waan nama dadhabsiise yookaan ba’aa jireenyaarraa kan mukuu baasu waan ta’eef dhaggeeffatu.

Naannoowwan jiddu-galeessa Afrikaatti, paasfikiitti, akkaasumas naannoo bosona Awustiraaliyaa kan jiraatan yeroo hunda durdurii dhiyoos ta’ee kan fagoo dhiirris, dubartiinis jireenya isaanii keessatti walitti odeessuu jaalatu, Akkasumallee, Jaappaanitti, chaayinaatti, Indiyaatti nama durdurii jireenya isaanii duukaa wal-qabsiisee seenessu, baay’ee jaalatu. Yeroo mul’ata ofii keenyaan gara biyyota adunyaa warra dhihaatiin ilaallu, yoo xiqqaate waggoota kuma sadi yookin kuma afur ilaalla; akkasumas kan shakkii tokkollee hin qabne ogummaan yookaan aartiin seenaa himaa hawaasaa wajjiin wailitti dhufeenya qabu. Luboonni bara giddu-galeessaa bifa durduriitiin seenaa isaa duriitiifi seenaa isaa haaraa dhimma amantaa kan ilaallatu sagantaa qopheessuun haala nama ajaa ibsiisuun bifa fakkiidhaanis, suuranis, katabbiitiinis akka namootaaf galutti ibsaniiru.

> *The feller of stories has every where and always found eager listeners. Wheter his tale is the mere report of a recent happening alegened of long ao or and elaborately contrived fiction, men and women have hung up on words and statisfied their yearnings for information or amusement, for incitement to heroic deeds for religious edification, or for relase from the over powering monotony of their lives. In villages of centeral Africa. In outrigger boats on the pacific. In the Australian bush and with in the shadow of Hawalian volcanoes tales of the present and of the mysterious past, of ammals and gods and heroes, and of men and women like then selves, hold listeners in their spell or enrich the conversation of daily life.*
>
> *When we confine our view to our own accidental word, we see that for at least three or four thousand years. And doubless for ages before, the art of the story teller has been urban in every rank of society. Medieval priests illustrate*

sermons by one dotes old and new, and only sometimes edifying (Thomson, 1996:3).

Addisuun,R.Dorson (1972) wabeeffachuun akka kaa'etti, fooklooriin kan of keessatti qabatu, ummata, aartiiwwan afaaniffan jiran, meeshaalee, aadaafi wantoota aadaa ta'a. Dabalataanis, Duundes (1965) ,akka eeretti, fooklooriin raagamtaa, amala fooklooriin waliin qabuu fi durduriin isa keessatti qooddachuu danda'u.

As Addisu (2012), cited R.Dorson (1972), suggest that folklore emberle people, verbal and material arts custom, and the form of cenetral elements, In addition Dungos (1965) suggests that folklore involves myth, legeneds folktales, and jokes this shows, universality of folklore ingenera and folktales in particular.

Yeroon isaa hin beekkamu: Afoolli umurii fi yeroon isaa hin beekkamu. Hayyuuwwan durdurii akka ibsanitti afoolawwan garaagaraa kan akka raagamtaa, af-seenaafi kan biroo maddi isaanii hawaasa yaata'anii malee yeroon isaanii daangaa hin qabu. Gama biraatiin Dorson (1972) akka kaa'etti, seenessi durdurii umurii maleessa hamuma fedhellee daanga maleessa haa ta'an malee hawaasa keessatti tajaajila kennu.

Oral literature isa ogeless and timeless, scholars of folktales belonging that various of socity indefinite tme on the other hand Dorson (1972) said that folklate narration is ageless. Eventhought they are time less, they serve certain function in the society.

Barreessaa hin qabu: Durduriin barreessaa hin qabu jechuun abbaa dhuunfaa hin qabu jechuudha. Gama biraatiin afoolaafi og-baarruu barreeffamaa wal bira qabnee yoo madaallu abbeentaa dhuunfaa hin qabu. Kunis, qabeenya hawaasaa irraa sassaabamee sana ta'a.

"This means that it hasn't it's own out horship. In other word when we compare oral literature with written literature it is out horless, It is the source of the society that is collected from" (Addisu,2012:34).

Hayyuun biraa immoo amala kana ilaahcisee, yeroo tokko durduritti hawaasichi fayyadamnaan kan hawaasaati jedhamuufi gaaffiin kamiyyuu kanatu barreesse namni jedhu ka'uu hin qabu. "- - - for once the word folktale was used, collective tradition could be assumed and on question about individual creation could arraise" (Ruth fennegan 1970:30).

2.4.5. Uumamaafi Bifa Durdurii

Ingniizitti yaadani durdurii jedhu kan ibsu durdurii maatii yookiin wanta nama dinqisiisu tokko kan himutti hiikama. Akkasumallee seeroma seenessuu baay'ee of keessatti hammatu, afaaniinis ta'ee barreeffamaan barnoota yookiin waggootara darbee dhufetti ramadama. Fayyadama kana keessatti dhugaan barbaachisu tokko uumama meeshaa aadaa ta'uu isaati. Barreessitoota seenaa

amaayyaa wajjiin wal-bira qabuu dhaan yammuu ilaalamu, durdurii himaman dandeettii isaa kanaaf galata guddaa argachuu qaba. Himaan durdurii dheebuun isaa Barreessitoota seenaa ammayyaa wajjiin wal-bira qabuu dhaan yammuu ilaalamu, durdurii himaman dandeettii isaa kanaaf galata guddaa argachuu qaba. Himaan durdurii dheebuun isaafi hawwiin isaa yeroo hunda miira warra durdurii isaa dhaggeeffataniifi dhagahan ofitti hawwachuufi harkisuu dha.

> *Although the term "folktale" is often used In English to refer to the "house hold tale" of "fairy tale" (the German), such as "cinderalla" or senese to include all forms of prose narrative written or oral, which have come to be handed down through the years. In this usage the important fact is the traditional nature of the material in contrast to modern story wirters living after originality of plot his ability to hand on that which he has received. He usually desires to impress hi sreaders or heares with the fact that he is bringing them some thing that has the stamp of good authority, that the tale was hear from some great story – teller or from some oged person who remembered it from old days (sith Tompson,1996:4).*

Seenaan kan akka sheekkoo Indiyaafi Itaalii, Faraansaay, irra darbee gara Ingilaanditti fudhatamee barreeffama harka irraa gara barreeffamatti geedaramee daangaa malee seenaan deemee hanga walxaxuttii gahe. Karaa warra ogummaa isaa qabaniifi hin qabnee tiin yookaan seenessitootaan fooyya'e.

> *The story of sch story, passin it may be from India, Rabia and Italy France and finally to England, coped and changed from manuscript to manuscript, is often exceedingly complex. For it through the hands of both skilled and bungling narrators and improves or deteriorates at nearly every retelling (sith Tompson, 1994:4).*

Karaa sirriinis haa ta'uu karaa kamiinuu seenaan akkanaa tarii kan barreeffamee taa'e kun aadaa kana turiisuuf yeroo hunda yaaluufi durdurii ture kana baalli hambaa durii godhanii kaa'uun akka inni barbaachisaa ta'eefi fudhatama qabaatu gochuufi.

Himteen afaanii durdurii kun umuriidhaan kan baay'ee fagoo seenarraa caaluufi kan ardii tokkoon danga'u yookiin qorooma tokkoon kan daanga'uu miti, Tarii seenaan iddoodhaa iddootti gargar ta'uu danda'a Haaliifi sababni durdurii himuu tarii bakka nuti lafaa lafatti sochoofnuun jijjiirama; yookiin immoo jaarraadha jaarratiiti hanga yoonaafi iddoo kamittuu haala wal-fakkaataa dhaan bu'uura ta'ee hawaasaafi dhuunfaa tajaajjilaa jira.

Gama amantiitiin abbootiin amantaa hordoftoota amantii isaanii keessa wa'ee qulqullummaa kaa'uufi, hubachiisuuf seenaawwan jalqabaka'anii ta'aa turan itti seenessuuf himteen isaan gargaaraman ogummaa durdurii cimsuu keessatti gahee guddaa taphatanii jiru.

2.4.6. Adeemsa, seeraafi yoomessa Tapha durdurii

Afoolli kamiyyuu seera mataasaa qabaachuu bira darbeeyyuu yeroo fi bakka itti tophatamu qofa qofatti qaba Bu'uuruma kanaan, durduriinis, adeemsa, seera, yeroo fi bakka itti taphatamu kan daangeffame qaba. Kunis, durduriin yeroo Hojii akka hin taphatamne, seeruma durduriitiin daangessa. Akka afoola Oromoo keessa jirutti durduriin yeroo boqonnaa maatii eeganii taphatu. Daa'imman irraanfatanii jabbii, loon midhaan nyaachisu jedhameetu itti yaadamee daa'imman yeroo Hojii keessatti durdurii taphachuun rakkoo waan ta'uuf.

> *Folktale are the interest of children yet they are not allowed to tales during the work time it is said that a work time tales brings about blindness. The justification beind seems to be common and obvious primarily, it is to threaten children to concentrate on their work activites and to control the possible interference of tales with the childrens noramal, (expected) children are encacarge during to tales during rest time. (Dejene gemechu 2014:47)*

Akka yaada kanaatti sababiin durduriin yeroo boqonnaa taphatamuuf maatiin hunduu hojiirraa galanii waan walfaana mana keessa jiraniif gama adda addaan daa'imman kandeegaruu danda'u.

Akkuma gosoota afoola kanneen biroo durduriin seera mataasaa danda'een taphatama seera durduriin ittiin taphatamu Dajanee Gammachuu akka kanaa gadiitti ibsa.

> *Tales is used by the Oromo people to teach kids the art of problem solving, the person telling the tales will being by saying Oduu durii and the children take part in tales says duran buli- it says then the person starting the tales for the listener. The people take part in the play do not have to wait for permission.*

Durdurii taphachuuf dursa garee lamatu jiraa, lamaanuu fedha erga qabaatanii, oduuhimaan oduu duri yoo jedhee gaafatu dhaggeeffattoonni immoo duraan buli jechuu dhaan, itti fuufa, hirmaattonni eeyyama tokko malee tapha kana keessaa harca'uu hin danda'an jedha.

Hawaasa Oromoo biratti durduriin tapha ijoollee jedhamuun beekama, taphni kun yoomessa mataa isaaf seera mataasaa danda'een akka taphatamu ibsameera. Aadaa Oromoo keesatti durduriin tapha ijoolleeti. Taphni kunis bifa dubbachuufi dhaggeeffachuun taphatama yeroon itti taphatamus yeroo baay'ee galgala erga loon galan booda hanga sa'aatiin hirribaa gahu ibidda maddi taa'aniiti seerota tapha kana keessaa inni tokko kan (dubbataa fi dhageeffataa) taphatamu ta'uu isaati.

Seerri tapha kanaa inni biraa seera seenesaa kan qabu ta'uu isaati durduriin tapha ijoolleen ittiin bashannan ta'uu isaa maddii ijoolleen aadaa fi naannoo isaanii akka baran gochuu irratti kan shoora guddaa taphatuu dha" (Adunyaa 2004:23).

Yaada armaan oliirraa kan hubannu durduriin tapha ijoolleen ta'uu, tapha bifa dubbachuufi dhageeffachuun taphatamu ta'uu, yoomessi dudurii irra jireessa galgala galgala ibidda biratti

ta'uutu ibsame. Bakka kanatti faayidaan durduriin ijoolleen hamma saa'aan hirribaa ga'utti ittiin bashannanaa akka turaniif.

2.5. Faayidaa durdurii

Durduriin faayidaa heddu akka qabu ogbarruun adda addaa ni himu. Kaayyoon jalqabaa durdurii bashannana ta'ullee bashannansiisuu cinnaatis faayidaa durduriin ummata Afrikaatiif qabu akkana jedhuun ibsa.

> *There is no straight forward telling the Africans tell to them the primary value of their tales is the entertement the genere offords in any tales session participatants can be observed to laugh and display amusement when certain tales are cited. This applies especially to the solve problems. It entertainment is a manifest function folk tales can also be said to have latent for all and sundra, adults as much as children, perhaps even more for the adults who sit by and listen to the children playing tales(Awedoba, 2000).*

Yaada armaan olii irraa akka hubatamutti durduriin jalqaba bashannaanaf haa taphatamu malee faayidaan durduriin qabu hedduu dha. Bohaarsuu cinaatti durduriin dandeetiiwwan hedduu akka ijoolleen, dargaggootaa fi ga'eessonni dhaggeeffatan gonfatan godha haaluma kanaan durduriin faayidaalee armaan gadii qaba. Isaanis,

2.5.1. Durduriin Bashannansiisuu Madditti

ijoolleen waan duraa dhaga'an akka deebi'anii yaadachuun itti fuufanii taphatan taasisa, faayidaan durduriin dandeettii yaadachuu keessatti qabu. (Awedoba, 200:41) Akkana jedhuun ibsa.

> *In addition to amusements, folktales help in memory training for children as they are expected and encouraged to remember the past thing. This is in spite of harries observation that the motive in folktales is not didactic. In the case of Africa folk tales emphasis is on the result of association. There is of course more to it. In fact it can be suggested with some plausibility that the multiplicity of responses in the cause of certain tales derives from the allowance made for new responses that exploit new assosations recall which is silent future of telling goes beyond more recollation that specifically requires the mention of as many names of compounds with in the Clansettlement as possible.*

Waraabbii armaan oliirraa kan hubannu durduriin booharsuu bira darbee daa'imman waan darbe tokko sirritti yaadachuuf jecha dandeettii waa qabachuu isaanii cimsatu, dandeettiin waa yaadachuu calliseetuma osoo hin taane wantoota naannoo isaanii tokko tokko adda baasanii akka hubatan, waan hubatan kanammoo nafeeffachuun yeroo mara akka yaadatan godha waan yaadatan himuuf isaan dandeessisa.

Akkasumas garee durduriin dandeetti yaadachu daa'immaa cimsuu keessatti qabu mitikkuun, (1991:177) yammuu ibsu, "ijoolleen ennaa durdurii taphatan yaada gadi fageenyaa argachuuf

jecha gadi fageenyaan waan yaadaniif, waan dhagahan san hin irraanfatan kanaaf durduriin dandeettii waan darbe yaadachuu ijoollee ni cimsa" jechuun kaa'a.

2.5.2. Seenaa Barsiisuu

Faayidaa durduriin qabu keessaa inni biraa ijoollee seenaa barsiisuu dha. Keessumaa seenaa daldala garbaa ummata Afrikaa miidhaa ture barsiisuu keessatti durduriin bakka olaanaa qaba.

Yaada kana Tamakolee (1931) akka kanaa gaditti ibsa.

> *Folktales, even in this pre literate society refer to some events of historicalimportance one of these is the slave trades and redatory activites affecting the Africa a number of kasena tales allude to the slave raids that devastated their communities to wards the end of the 19th century, just before, the British occupied the area and stamped out slavery for some accunt of the events that lead to the raids in question and the activites and procedures of the Zamberma slavers.*

Yaada armaanoliirraa hubachuun akka danda'amutti gahee durduriin daa'imman seenaa barsiisuu keessatti qabu kan agarsiisuu dha. Dhiibbaa daldalli garba Afrikaa miidhuurratti qabu ittiin barsiisuun ni danda'ama jedha. Keessumaa ummattoota Afrikaa hedduu keessatti akkaataa dhuftee kolonii Inglizotaa fi miidhaa isaan ummattoota koloneeffatan irraan ga'an ittiin barsiisuun ni danda'ama jedha.

2.5.3. Safuu Hawaasaa Barsiisuuf

Durduriin safuu hawaasaa barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Kunis, adeemsa tapha durdurii keessatti, yammuu ijoolleen taphatan maatiinis qooda fudhachuun isaanii hin oolu. Sababni isaa, durdurii bakka maatiin warra tokkoo walitti qabamanii jiranitti galgala taphatama waan ta'eef , kanaafuu maatiin ijoollee isaanii wantoota safuu hawaasaa ta'an tokko tokkoon carraa argatan kanatti fayyadamuun dhimma bahuu danda'u. yaada kana mitikuu, (1991:177) "daa'imman durdurii taphachuun waan hawaasa keessatti jaalatamuufi jibbamuu addaan baasanii boratu, waan hawaasa keessatti jibbamu irraaufi eeggatu kana booda rakkina tokko malee hawaasa isaanitti makamu," jedha.

2.5.4. Naannoo Barsiisuu

Akkuma armaan olitti gosoota durdurii jalatti kaasuun yaalame faayidaa durdurii keessaa tokko ijoollee naannoo isaanii barsiisuudha. Durduriin waan naannoo jiru jechoota qola qaban gargaaramuun hangam akka hubatan akkasumas gadi fageenyaan akka xiinxalaniif gargaara. ijoolleen hawaasa naannoo barsiisuu keessatti qooda olaanaa qaba yaada kana awedoba (2000:41) faayidaa durduriin daa'imman biyyasanaa hawaasa naannoo sanii barsiisuu keessatti qabu akkana jechuun ibsa.

Children are through tolktales being educated about the existence of other places and people such as the Bulsa (or bum), … 'whose hour glass drums we hear with out ever seeking the mouths of the drams' according to the focktales precedent another fales refers in its precident to the nankanses as the easterners (birakoga tiina) who finish the basketery job the west erners(the Bulsa) began, a reminder of the existence of neighbouring people and communities and the exchanges and transactions that bring different people together in this part of the upper East Region of the kayoro chiefdom, this is a reminder to people in Navrongo, the biggest of the kasena chiefdoms south of the international boundary about the existence of a smaller kasena chief dom that many rarely get to visit.

Yaanni armaan olii kan ijoolleen Ummattoota hin beekne naannoo isaanii jiraniif waa'ee ummata naannoo isaanii jiranii gadi fageenyaan barsiisa jedha kallattii biraanis seenaa ummataa kallattii adda addaan jiru walitti dhufeenya isaan qaban faana barsiisuu danda'a. dabalataanis, durduriin qaama isaaniirraa kaasanii waan naannoo isaanii jiran dhihoo gara fagootti bifa salphaan akka baratamuuf gahee guddaa qaba jedha.

What is true of geographical education is even more true for the anatomy of the human body, which African Folktales do not fail to teach. The members of the body feature in a number of folktales as well as the general functions of the body. The cooperation of the members of the body is captured in the tales precedent. (Awedoba, 2000:44).

Durduriin hawwaasni daa'imman isaa waan naannotti argamu homaa osoo hin hambsin kan ittiin barsiisu ta'uufi haalli ittiin barsiisanis baay'ee salphaa fi akkataa dagatamuu hin dandeenyeen kan barsiifamu ta'uu hubanna. Akkasumas, halli barnoonni itti kennamus salphaa gara ulfaataatti deemuusaa agarsiisa.

2.5.5. Dandeettii Afaanii Barsiisuu

Durdduriin afoola waan ta'eef afaaniin dhaloota dhalootaatti daddarba kana malees amala afoolaa hirmaachisummaa waan qabuuf daa'imman dubbii afaaniin wal gaafachaa waljaala qabaa taphatu. Adeemsa kana keessatti dandeettiiwwan afaanii sagaleerraa kaasee hanga caasaa afaanii guddaa gabbifachaa deemu kana malees saboota adunyaa kanaa keessatti caassa mataasaa danda'e akka qabu og-barruun ni addeessa.

Mitikkuu, (1991:177) yaada kana yammuu deegaru, "dandeettii afaanii dagaagsuuf, ijoolleen sagaleewwan afaan isaanii keessa jiran ni hubata. Caasaa himoota afaanichaa fi seera haasawaa ni baratu jedha. Yaada kanaarraa wanti hubannu, ijoolleen sagaleerraa kaasee hanga caasaa himaatti, aqabata durduriitiin baruu akka danda'aniidha. Akkasumas dandeettiiwwan afaanii arfan keessattuu dubbachuu fi dhaggeeffachuu barachuuf carraa guddaa uumaaf.

2.5.6. Durduriin Daa'imman kalaqa yaadaa barsiisa

Durduriin waan naannoo ijoolleetti argamu kalaqa yaaduu waan gaafatuuf ijoolleenis deebiisaa kalaqa yaadaa mataa isaanii gargaaramuun deebisu. Yeroo kana ijoolleen sammuu isaanii

ijoollumaarraa kaasanii kalaqaa yaadaan wal baraa wal barsiisaa guddatu yaada kana faayidaa durduriin ummata Afrikaa Kaasanaa jedhamu keessatti dandeettii kalaqa yaadaa jabeessuuf qaba Awedoba, (2000:47) akkana jechuun ibsa.

> *Above all creative thinking is the corner stone of falk taling in socities like the kasena. This is controduction of the views of some researchers discussed earlier who take the position that telling emphasizes recall all the expense of creative thinking. The kasena tales. It is true, seeks the customarily it would appear the tells culture is not a dogmatic it is in this way that some tales over time have come to have a comple or more of accepted or expected responses.*

Kaayyoon durdurii inni guddichi ijoolleen kalaqa yaaduu isaanii akka cimsatanii dha. Akka qoratan kun jedhuttis yoo ta'e, qorattoonni hedduun waa'ee dandeettii waa yaadachuu malee waan waa kalaqsiisuurratti fuulleeffannoon kenname hinjiru jedha. Garuu durduriin dandeetti kalaqanii yaaduu barsiisa.

2.5.7. Bashannansiisuuf

Durduriin bifa dubbachuufi dhaggeeffachuun waan dhiyaatuuf garee dhaan taphatama. taphni durdurii kunis adeemsaa fi seera hordofamu qaba. Dubbachuufi dhaggeeffachuun hirmaattotaan, adeemsaa fi seera tapha durduri hordofuu dhaan taasifamu kun waan baay'ee of keessaa qaba. Kanaafuu, sammuu guyyaa Hojii dhaan qabamee oole galgala ennaa taphatamu hirmaattoota taphicaa hedduu bohhaarsa.

Finnegan, (1974:442) Faayidaa durduriin bashanasiisuu keessatti qabu yammuu ibsitu :"besides entertainment, tales are some times claimed to play indirect educational role by training children in quick thinking, in intellectual skill, in classification ---" jechuun dubbatti. Akka yaad kanrraa hubachuun danda'amutti durduriin, bashansiisuu bira darbee barnoota al idilee ijoolleef dabarsuuf shoora olaanaa taphata, kanaanis, ijoolleen akka saffisaan waa yaadan, dandeettii waa xiinxaluu akka gabbifataniifi wantoota garee adda addaatti akka qoodan gochuu keessatti durduriin gahee olaanaa qabaachuu isaati.

2.5.8. Faayidaa Durduriin Sammuu Ijoollee Qaruu keessatti Qabu.

Durduriin, wanta beekkamaa tokko akka iccitiitti hiikuun kan taphatamu waan ta'eef, nama barsiisuufi keessattuu sammuu ijoollee qaruu dhaaf gahee guddaa qaba beekumsa isaanii gama barumsaa, aadaa, safuu, duudhaa, amantaa, siyaasa, diinagdee, xiin sammuu, hawaasummaafi kkf irratti qaban dabalaa waan deemuuf sammuu isaan irrattis, hangasuma gabbataa fi qaroomaa deema.

Hayyuu, Okpewho(1992:26) yaada kana yammuu ibsu: Function of folktales is sharpening the intellect and equipping and equipin the mind with techniques for finding the right and relation ships between the varities of objects" jedha. Waraabbii kanaarraa hubachuun akka danda'amuutti

durdruiin sammuu ijoollee qaruufi hariiroo wantoota adda addaa fi uumama gara garaa jidduu jiru addaan baasanii baruuf shoora olaanaa qaba.

Warquu (1992:22) gama isaatiin akkana jedha. “durduriin, dubbachuu fi dhaggeeffachuu irratti hundaayee yeroo boqonnaa ofii gammachuudaan dabarsuuf, muukuu ba’uuf kofalchiisaa fi barsiisaa tapha gaggeeffamuu dha. Jedha.

Yaada kanarraa akka hubannutti durduriin bifa dubbachuufi dhaggeeffachuun kan dhiyaatu ta’ee, bashannanaa osoo hin dhiphatin karaa salphaa ta’een ijoollee barsiisa. Wantoota qabatamaa irratti hundaa’uudhaan ijoollee dandeettiiwwan afaanii kallattii garagaraan gabbifachuun, sammuun isaanii akka qaramuuf gumaacha olaanaa taasisa.

2.6. Sakatta’a qorannoo wal-fakkii

Okeepewhon, Dundes (1971) waabeefatee kaa’ettifi sakkatta’a qorannoo wal fakkii of keessatti qabata. Beekumsa dhala namaa baay’een isaa yeroo tokko mul’atee kan dhabamu osoo hin taane, dhaloota irraa gara dhalootaatti kan ce’u, kan fooyya’uufi wantaa jiru irratti wanta haaraan dabalamaa, dagaagaafi balbal’achaa kan deemuudha.

Kana waan ta’eef dhaloonni ammaa kan darbeeraa, dhaloonni dhufu immoo kan dhufu irraa barachaa dhalootatti barreeffamaa, afoolan, suuraan, suursagalee dhaaniifi filmii dhaan daddarbuu danda’a.

Qorannoo gaggeessuuf yammuu kaka’mus beekumsa duraan jiru bu’uura gedhatameefi kunis,beekumsa jiru fayyadamuu dhaan dhimma mata dureen qorannoo irratti gaggeeffamu ibsuudhaan, dhimma qorannichaa irratti kana dura maaltu akka godhame, bu’awwaan argaman ciminaafi hanqina isaan qaban maal akka ta’an Hojii qorannoo keessatti agarsiisuun barbaachisaa akka ta’e, (Yaalew, 2010:68) irratti kaa’es ni mirkaneessa.

Yaalew, (2010), (Hart 1998:13) wabeeffachuudhaan mata duree qorannichi irratti gaggeeffamu wojjiin ragalee, yaadota haqqaawwaniifi yaxinoota barruu firoommii qabatan qorannaan rakkoo dhimma qoratuu wojjiin kaayyoo wal fakkaataa kan qabaniifi ibsa kan kennan, barruuwwani maxxanfamaanis ta’ee, hin maxxanfamin filachuufi mata duree qaratamu wajjiin walbira qabuun qeeqa gaggeessuu dha. Jedha haaluma kanaan boqonnaa kana jalatti, yaad-rimee gooroo fookloorii irraa ka’uun gara dhimma kallatumaan qorannoon irratti gaggeeffamuufi gosoota afoolaa keessaa raagoo, gosa raagoo keessaa immoo durdurii, Faayidaa durduriin guddinna ijoolleef qabu, Godina Arsii Lixaa, Aanaa Arsii Nageellee walitti guuraman haala Faayida

durdurii Afrikaatiif Okepehew, (1992) alan Dundes (1971) wabeefachuun kaa'een qaaccessuuf jecha dhimmoota wojjiin wal qabatan faana ilaaluuf yaadi rimeen durdurichaa boqonnaa kana jalatti ibsameera.

Kutaan kun qorannoowwan kana dura mata duree qorannoo kanaanwalitti dhihaatan irratti qorataman bakka itti dhiyaatu. Qorannoon kunis: taarikuu birahaanuu (2014). "Qaacessa Faayidaa Hiibboo fi durdurii" mata duree jedhuun, itti guutannaa digirii 2ffaa tiif qorannoo gaggeessee jira. xiyyeeffannoon isaatis, duudhaalee hawaasaa daa'imman barsiisuu keessatti gahee Hibboo fi durduriin qaban qaacceessu kan jedhuu dha.

Garaagarummaan jiru, qorannoon isaa faayidaa durdurii akka dabalataatti Hiibboo woliin wal qabsiisee ilaala malee qofatti mata duree of danda'een kan hin ilaalee miti. Akkasumas, gosoota durdurii ilaalee jira. Qorannoon kun garuu faayidaa durduriin guddinna ijoolleef qabu kan xiinxaluu dha. Akkasumas durduriin maatii keessatti qofa osoo hin taane mana barumsaa keessattis, gayee inni qabu sakatta'uuf yaalee jira.

Dajanee gammachuu (2014) mata duree " Afoola haala naannoo bu'uureeffate; Durdurii Walisoo Liiban" jedhuun, itti guutannaa digirii 2ffaa tiif qorannoo gaggeessee ture. Qorrannicha keessattis gahee durduriin naannoo barsiisuu, dandeettii yaadachuu beersiisuu, akkasumas gahee durduriin bashannansiisuu keessatti qabu ilaaluuf yaalee ture, argannoo qorannoo isaatiinis durdurii ammallee naannoo barsiisuu keessatti qooda akka qabu lafa kaa'ee ture.

Garaagarummaan qorannoowwan kana jidduu jiru, qorannoon isaa durduriin naannoo bu'ureeffaterratti xiyyeeffachuun Afaan Inglliziitiin kan hojjatame yammuu ta'u, qorannoon kun garuu faayidaa durduriin ijoolleef qabu qoaccessuu irratti xiyyeeffata jechuu dha.

Huseen Hajji (2006) " Xiinxala Durdurii Daa'immanii naannoo Amaaraa Godina Addaa Kamisee Aanaa Baatee jedhu irratti itti guutannaa digirii 1ffaa tiif, qorannoo kan adeemsise yoo ta'u, wanti qorannoo kana irraa adda isa taasisu akaakuu durdurii irratti xiyyeeffachuun hojjachuu isaati kunis garuu faayidaa durduriin qabu qofa osoo hin taane adeemsi raawwii durdurii mataa isaa faayidaa inni daa'immaniifi qabu kan xiixalee dha. Akkasumas durduriin maatii keessatti qofa osoo hin taane mana barumsaa keessattis gahee inni qabu sakatta'uuf yaalee jira.

Qorataan (Cerulii,1922), jedhamu, qorannoo afoola Oromoo Sirboota, durduriifi mammaaksota gosa Oromoo maccaa: Leeqaa, Limmuufi Guumaa irraa sassaabuudhaan dursa kan qabu yoo ta'u, innis faayidaa durduriiwwanii kan ilaale waan hintaaneef, qorannoon qorataa kanaa isa kana irraa garaaarummaa qaba. Kanaafuu, qorataan qaawwa gama faayidaa durdurii Oromootiin jiru, hamma ta'e duuchuuf qorannoo kana gaggeessee jira.

Qorannoowwan kana dura sadarkaa digirii lammaffaatti qorataman hedduu keessaa kan mata-duree qorataa kanaa wajjin walitti dhihaatan, Abdulqaadir (1982), Tasfaayee (1990), Yiheenew(1996), Saahiluu(1996), Abraam(2000), Tseggaayee (2010)fi Waakkennee (2011), Dabalaa (2015), qorannoo isaanii raagoowwan (Oral prose narratives) irratti yammuu qoratan, haaluma teessuma duraa duuba maqaan isaanii tarreeffameen, raagoo Sumaalee, Jablawii, goojjaam Dhihaa, Oromoo booranaa, Oromoo Jimmaa, Qeellam Wallaggaa, Oromoo Karrayyuufi Wallagga bahaa aanaa Eebantuu irratti kan xiyyeeffatame.

Walumaagalatti, qorannoowwan armaan olitti ka'aniif qorannoo kana wal bira qabnee yoo ilaallu isaanis durdurii irratti xiyyeeffachuun wal fakkeessa kanaaf, Faayidaa durduriin hawaasa keessatti qabu ilaluun wal fakkeenyummaa qabu, qorannoon kun garuu faayidaa durduriin ijoolleef qabu qofa osoo hin taane adeemsi durduriin mataa isaatiin gahee inni ijoolleef qabu maatii fi mana barumsaa keessatti gadi fageenyaan xiinxaluun kan isaanii irraa adda ta'a.

BOQONNAA SADI

MALA QORANNOO

Boqonnaan kun mata dureewwan itti aanan of jalatti hammata: maalummaa saxaxa qorannoo, madda odeeffannoo, irraawwatama, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaa fi adeemsa funaansa adeeffannoo akkataafi mala qaacceessa ragaa fa'a.

3.1.Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo walii gala qorannicha kan too'atu ta'ee, qorannichi maal akka fakkaatuu fi maal irratti akka bu'ureeffate agarsiisa.yaada kana kan deegaru, Addunyaan (2011) Cohen,

Mainofi Morison, 2005:73), wabeeffachuun akka ibsetti, "research design is governed by the motion of fitness for purpose: the purpose of the research determine the methodology and dsign of the research" jedhu. Haaluma kanaan qorannoon kun kan xiyyeeffate Faayidaa durduriin ijoolleef qabu, haala faayidaa durduriiwwan Afrikaatiif kaayyameen ibsa qulqulleeffannaa fayyadamee odeeffannoo argate ibsa. Sababni qorannoo ibsa kana fayyadameef wantoonni mul'atan maal akka ta'an jechootaan ibsuu waan danda'uuf.

Malli qorannoo qulqulleeffannaa kan of keessatti qabatu, adeemsa ragaa duraa ta'ee kan gaaffii banaa fi lakkoofsa hin qabne waan ta'eef, xiinxalliin ragaa tokkoffaa immoo kan lakkoofsaa kan hin taane ta'u isaa ibsa kanaafuu, akaakuu qorannoo kanaa gaggeessuuf, akkaataan odeeffannoo itti funaanamu, gosti odeeffannoo, akkaataan ittiin qaacceefamuu fi itti ibsamu kan qorannoo hammamtaa irra adda ta'a "Qualitative research involves data collecting procedures that result primary in open ended non numerical data which is analyzed primarly by non statistical methods.

3.2. Irraawwatama

Irraawwatama jechuun wanta qorannoon tokko irratti gaggeeffamuu yoo ta'u, qorannichis, faayidaa durduriin ijoolleef qabu, godina Arsii Lixaa Aanaa Arsii Nageellee haala durduriiwwan Afrikaaf kaayyameen waajjira Aadaa fi Turizimii irraa hogganaa tokkoofi eeruu hogganaa irraa argamuun nama tokko, barsiisota afaan oromoo manneen barnoota tokko tokko gandoota shaman filataman fi barattoota eeruun barsiisota kana irraa argamaniin wolumatti 10, irraa funaannamee irratti gaggeeffamuudha. Akkuma waliigalatti qorannoon kun kan irratti adeemsifamu gandoota aanaa Arsii Nageellee 39 keessaa gandoota shan eeruu adaaf turiziimii irraa argameen (5) Gandoonni kunniin ganda Basaquu, Ganda Reejjii, Bombaasoo, Ashookaa Leephisii fi Gambeelto yoo ta'an hoggantoonni gandaa immoo maguddoota waa'ee oduu duriif hubannoo

qaban tokko tokko fi manneen barnootaa tokko tokko kan eeran yoo ta'u mana barumsatti barsiisonni afaan oromoo tokko tokko mana barumsaa hundaa irraa yoo filataman isaanis barataa cimoo ta'an tokko tokko eeruun odeeffannoon funaaname.

3.3. Madda Odeeffannoo

Madda Odeeffannoo jechuun burqaa deebii gaaffilee qorannoo tokkooti maddi odeeffannoo qorannoo tokkoo iddoo lamatti qoodama, isaanis madda odeeffannoo 1ffaa fi madda odeeffanno 2ffaa dha.

Maddi Odeeffannoo 1ffaa manguddoota 5 hojjattoon waajjiira Aadaa fi Turizimii nama 2, barsiisota 5,barattoota 5 filachuun wolumatti namoota 17 irraa odeeffannoo funaaneera. Manguddoota. Maddi odeeffannoo 2ffaa immoo kitaabilee ykn mojuliiwwan waajiira aadaa fi Turizimii dhimma kana irratti barreesse Qoratichi qorannoo isaa kana galmaan gahuu dhaaf

3.4. Mala Iddatteessuu

Qorataan malli qorannoo isaa keessatti itti fayyadamuuf karoorfate gosoota iddattoo mit-carraa keessaa isa tokko kan ta'e mala eerummaa /darbaa dabarsaa/ snow ball sampling/ dha. Malli kun kan fayyadu yeroo odeef kennitoota argachuun rakkisaa ta'etti (dastaa, 2013:136). (Yaalew, 2011:134, yaaduma kana mirkaneessa.

Haaluma kanaan qorataan qorannoo isaatiif namoota qaban dhiyeenyatti argatulee addaan baasee beekuun rakkisaa waan itti ta'uuf, mala darbaa dabarsaa fayyadamuu dhaan wajjira aadaa fi turizimii irraa hogganaa 1 filuun eruu 1okko yoo kennu gandoota shan akka aanatti manguddoonni keessatti argaman eere hoggantichi. Gandoota sha erga eeramee booda dura taa'aan gandaa manneen barnootaa fi manguddoota yoo eeru. Mana barumsaa keessaa immoo barsiisaa afaan oromoo tokko tokko erga filameen booda borsiisonni sunis barattoota tokko tokko eeruun odeeffannoo bifa saniin qoratichi funaannate.

3.5. Mala Funaansa Ragaa

3.5.1. Af gaaffii

Afgaaffiin meeshaalee odeeffannoon qorannoodaaf ittiin sassaabamu keessaa isa tokkodha. Malli kunis mala qorataan odeeffannoo kennitoota waliin fuulaafi fuulatti walarguun odeeffannoo qorannoo isaatiif barbaaddu afaaniin gaafachuun funaannatudha. Namoonni faayidaa durduriin

sammuu daa'immani qaruu keessatti qabu walqixa waan hinbeekneef malli odeeffannoon ittiin funaanamu kun mala warra kaanirra filatamaadha. Gama biraatiin, malli kun dandeettii dubbisuu qabaachuu odeeffannoo kennitootaa waan hingaafanneef maanguddoonni barreessuufi dubbisuu hindanddeenye odeeffannoo qorannoo kanaaf ta'u kennuu danda'u. kanaafuu, malli kun malawwan caalaa filatamaafi kan odeeffannoon bal'aan ittiin argamuudha. Kanaafuu, afgaaffii gartokkeen qindaa'e (Semi-Structured Interview) muraasa qopheeffachuun gara raga funaanuu erga deemamee booda odeeffannoo odeef kennitoonni kannan irratti hundaa'uun gaaffilee deebii qorannoo kanaatiif oolan gaafachuun nidanda'ama. Haaluma kanaan, waantota odeef kennitoonni beekan, waan duraan raawwataniifi waan ijaan argan sababasaa waliin akka ibsaniif karaa banaaf.

Goldstein (1964:104) afgaaffii ilaalchisee akkasitti ibsa, "Interviewed data may include information on what the informant knows, believes, expects, feels, wants, does or has done, or which explains or gives reasons for any preceding."

Akka yaada haayyuu kanaatti odeeffannoon afgaaffii irraa argamu odeeffannoo kennaan waan beeku, waan itti amanu, waan nita'a jedhee yaadu, waan itti dhaga'amu, waan fedhu, waan amma hojjetu ykn hojjetee darbeefi waan sababa isaa waliin ibsuu danda'u kan nama birootiif ittiin dabarsudha. Qorataan kana bu'uura godhachuudhaan, yaada odeef kennitoonni kennan irratti hundaa' gaaffilee biroo gaafatee yaada dabalataa argatee odeeffannoo funaannatee jira. haala namoonni odeeffannoo kennan sun keessa jiran irratti hundaa'uunis gaaffilee fooyyessee yaada isaanii irratti hundaa'uun gaaffilee biraa kaasee gaafatee odeeffannoo bal'aa argachuu dande'ee jira. kanaafuu, malli kun qorannoo akkanaatiif mala filatamaadha.

Mala kanaan odeeffannoo funaanuuf qorataan jalqaba gaaffilee qorannoo isatiif deebii naaf argu jedhe yaade qopheeffate. Gaaffileen qophaa'an kunis kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uu isaanii keessa deebi'ee erga mirkaneeffatee booda bakka qorannoo isaatiif odeeffannoo irraa funaanatu deeme. Bakka sana erga ga'ee boodas maanguddoota naannoo sanaa akka eeraniif gaafachuudhaan manaa manatti deemee odeeffannoo irraa sassabe. Odeeffannoon haala kanaan funaanames yeroo isaan deebii kennan kaasettiitti waraabame.

Akkasumas, barsiisota Afaan Oromoo barsiisan irrayis bifuma kanaan odeeffannoo sassabe. Sanaan booda, barattoota walitti qabamanii garee namoota sadii, afuriifi sadii qabuun qoodamani

akka mari'atan taasifame. Haaluma kanaan, odeeffanno argame qulqulleeffachuuf yaanni isaan mariidhaan irratti waliif galan yaadannoo qabatamuun qaacceffamee odeeffannoo irraa argame waliin walbira qabuun ittiin mirkaneeffame.

3.5.2. Bar-Gaaffii

Bar gaaffiin wanti barbaachiseef, gaaffilee af-gaaffiin namootaaf dhiyaate, ni hafa jedhamee waan yaadameef, barsiisota; barattoota muraasaa hirmaachisuu dhaan, yaada barreeffamaan dhiyyaateef deebisaniiru.

Odeeffannoo kana guutuu danda'an jedhamanii yaadaman harki caalaan isaanii, hundi jechuun ni danda'amaa, kan afaan itti hiikkataniifi ittiin baratan, Afaan oromoo waan ta'eef gaaffilee dhiyaatan sirritti dubbisuun raga qulqulluufi sirrii ta'e kennuu waan danda'aniif bar-gaaffiin Afaan Oromootiin qophaa'ee raabsamee jira. bargaaffiin qophaa'e kunis kan filannoo qabuufi (closed-ended) deebii barreeffamaan kennamu (open – ended) of keessaa qabuudha.

Bargaaffii qophaa'e irratti ibsi gabaabaa qorataan erga kenname booda, barattootaa iddattoon filatamaniif raabsamee erga guuttamee booda walitti sassaabamuun roga rogaan xiinxalamee jira. haaluma kanaan, hundinuu (100%) akka deebi'u ta'ee jira.

3.6. Adeemsa Funaansa Odeeffannoo Qulqulleeffannaa fi Qaacessa Ragaa

Adeemsi Funaansa ragaa dhugummaa, amanamummaa madaaluuf kennamuu dandeessisu tooftaa qaama qorannooti: Odeeffannichi akkamitti akka funaaname, yeroo funaansa ragaa dhimmoonni maal fa'a akka raawwataman, odeeffannoo kennittoonni ragaa akkamitti akka kennisiifaman, akkamitti akka deebisan, ragaa eessatti eenyuun akka funaaname, nama ragaa funaanamuu fi odeeffannoo kennu gidduu walitti dhufeenyi akkamii akka jiru, naannoo qorannoon irraa fudhatame maal akka fakkatuu fifunaansi ragaa odeeffannoo kennitoota dhuunfaa yookiin garee dhaan ta'uufi dhiisuu isaa bakka qorataan kaasee dubbistootaaf ragaa itti kennudha (yalew, 2011:436).

Kanumarraa ka'uun qorataan ragaa funaannachuuf addeemsa kanatti aanu fayyadameera. Duraan dursee, qorataan gara waajjira Aadaa fi Turizimii Aanaa Arsii Nageellee deemuu dhaan, wanti kanaan dura dhimma fookloorii keessattuu waa'ee durdurii irratti hojjataman yoo jiraatan gaafate. Isaan irraa wanti argate, wanta baay'ee bilchaataa ta'ullee baatu, hamma ta'e afoola aanicha keessatti dubbatamaniif sirnoota garaagaraa hamma ta'e walitti qabuuf yaalani jiru,

walitti qabanii galmeessuun teessisuun isaanii cimina ta'ullee,barruu firoominaatiin deeggaruu dhabuu fi maxxansiisanii beeksisuu dhiisuu irratti hanqinatu jira. itti ansiisuun qorataan namoota worri aadaa fi turizimii odeeffannoo irraa fudhatan eenyu fa'a akka ta'an yammuu gaafatu, warra muraasa eeramaniif keessaa warra lubbuun jiran obboo Caalaa Hordofaa fi Aaddee Tigist Waamii bira dhaquun durduriiwwan beekan akka itti himan gaafateera.

Kana malees gandoota hiixuu (fagoo)ta'an, bira gahuun dadhabame, dargaggoota gadnoota aanichaa fagoo irratti argaman irraa dhufanii mana barumsaa aanaa Arsii Nageellee Sadarkaa 2^{ffaa} tti fayyadamuu fi isaanumti, oduu durii naannoo isaanitti beekan akka walitti himaniif manuma barumsaa itti barachaa jiranitti waltajjii mijeessuu dhaan yammuu isaan walitti himan, qorataan qooddataa ta'uudhaan durduriiwwan isaani walitti himan funaannateera.

Kana malees namoota beekan tokko irraa tokko osoma gaafatuu, manguddoowwan muraasa gandoota adda addaa keessaa argatee durduriiwwaan beekan akka itti himan gaafatee argateera. Haaluma kanaan yaadota argate walitti qabee kaa'eera.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti, Faayidaa durduriin dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu, adeemsaa fi akkaataa itti raawwatamu ilaalchisee odeeffannoowwan hawaasarraa, barsiisotaafi barattoota irraa argame, wal duraa duubaan kan qaaca'u ta'a. xiyyeeffannoon waraqaa kanaas, "Faayidaa durduriin guddinna ijjoolleef qabu. Godina Arsii Lixaa Aanaa Arsii Nageellee" kan jedhu dha.

4.1. Adeemsa, Seera, Yoomessaa Fi Hirmaattota Durdurii

Afoolli kamiyyuu adeemsa itti raawwatamuu fi seera mataa isaa qabaachuu bira darbee, yeroofi bakka itti taphatamu qofa qofatti qaba,Bu'uuruma kanaan, durduriinis adeemsa, seera,yeroo fi bakka itti himamu kan daangefame qaba.

4.1.1. Adeemsa Durduriin Ittiin raawwatamu Fi Faayidaa Inni Daa'immanii Qabu

Durduriin wayita himamu adeemsa keessa darbu qaba. Adeemsa kanaan ala ta'uun adeemsa durduriin keessa darbu dabsuu waan danda'uuf, Ijoolleen as keessatti waa hubachaa adeemu.

Af gaaffii Obboo Badhaasoo Dachaasoo, Lataa Galatoo ,Geetachoo Nuuree, Addee Raadiyaa H/Seeroofi Woyyittuu Korroosoo Bittooteessa 14,16,18/2012 taasifamee irraa akka hubatamu durduriin adeemsa ittiin raawwatamu isaa, adeemsa kanaan ala ta'uu akka hin dandeeneefi tartiiba adeemsichaa, akkasumas ijoolleen adeemsa kana hordofaa durdurii akka taphataniifi kana keessaa, waan baay'ee baraa beekumsa adda addaa gonfachaa akka guddatan kaasanii jiru. Kunis, durdurii keessatti oduu himaan "Durdur" jedhu qooddattoonni immoo duraan buli jechuun jalaa qaban. Kanatti aansuun durdurii kan dubbatu itti fuufa qoodalattoonni keessatti hirmaachuun sirritti dhaggeeffatu, haala kanaan durduriin itti fuufa jedhanii jiru.

Adeemsicha kan keessatti faayidaa durduriin dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu, lafa kaa'aniiru. Faayidaan inni guddinna ijoolleef qabu, ni barsiisa, ni bashannasiisa, beekumsa isaanii akka gabbifataniif, akkasumas, dandeettii waa hubachuu xiinxaluu fi k.k.f akka gabbifataniif carraa guddaa uumaaf, beekumsa walii gala akka gabbifatan dubbisuu, wanta dubbisan sana hiika itti laachuuf, xiinxala akka horatan isaan gargaara jedhaniiru.

Faayidaan inni biraa durduriin dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu, waan tokko irratti, xiinxaluu akka danda'an, beekumsa wal gala akka horatan, wal danda'uu, wal dhaggeeffachuu, hiriyyummaa fi jaalala isaani jiddutti dagaagsa, kana maleeshaala jireenya hawaasaa keessatti wal danda'annii hawaasa wajjiin akka jiraatan, nama tokko irra, gamtaan waan tokko hojjachuun barbaachisa akka ta'e sirritti cimsanii akka beekaniif gargaara jedhaniiru gama biraatiin sammuun ijoollee akka, yaadu, bilchaatuufi cimsatuufi gargaara, jedhanii dabalanii kaasaniiru.

Qorataanis, ragaa odeef kennitootarraa argate bu'uura godhachuun, adeemsa raawwii durdurii hawaasarraa argate kana akka armaan gaditti qaacessee jira.

Oduu himaa:oduu dur
Hirmaattota: duraan buli
Oduu himaan: haala kanaanitti fuufa
Hirmaattonni ni hordofu.

Durdurii 1ffaa Qamalee fi leenca

Qamaleen ilmoo leencaa gatee…, ofii bakka ilmoo san ciifti, leenci ilmoo tiyya jedhee achii fudhate, Ishiin ol hin jettu…, hin siiqxuu…, hin guddatu; achumateessi jennaanii, dhageessee jedhe, "maalii…?, maalii…? Mee…' warruma guddaa… warra beeku naa dhaqii… warra waa-beeku naa dhaqii…," jettiin. Tolee, damma…' bita jaarroo dhaqaa… damma fudhannee dhaqanaa…, jedhaan. " Damma natti kenni…, ani nan baadhaa.., ati na baadhu…" jette. Jennaanii…' " Tole jedhee raawwate… ishii… gateettiirratti baata; ' ishiin, damma achii… araabachaa…, deemti. Gateettii saatirra teechee…, " maal taate…" jedhaan " nan boo'aa…"jetteen. " maaliif bootaa …?" jennaani…, " kanan guddachuu dhabe kana…. Kanaafan boo'aa…," jette. , Imimmaan…, dammatu isarratti yab" jennan, " maalii… kan narratti bu'u…, jedhuu" jedhe.

" Imimmaan kiyyas, jette." maal taate?" jennaanii kananii akkanatti ! Anii…. Taa …, guddachuu dadhabee kanaafanii…, imimmaani kiyya sirritti bu'aa…" jette oduma deemu, oduma deemuu…' muka jala gahe; Hoo muka jala gahu, "yob!' jedhi jennan, mukarratti ol-taaltee, ' Akkana laallaan guba muka korte, ' "Indii Akkamitti muka korte" ' jennaanii…, " bittee…, dammatee… dhabdee…, dhaltee… ilmoo tee dhabdee…, Ishiin akkasitti addaan galte (Obboo Kadiir Juullaa, 24/07/2012, ganda Ashookaa).

Qaacessa Durdurii 1ffaa

Durdurii kana keessatti qooddattuu xiqqoon abshaalummaa dhaan ilmoo leencaa gattee, leenca muukesitee hiriyummaa isaa barbaada akka dhaqxeefi leencis ilmoo isaa se'ee guddifachuun isaa hiriyyummaa yammuu mul'isu, qamaleen gudachuu dadhabuu ishiitiif leenci warra beekaa akka dhaqee gaafatuuf mari'achuufi leenci damma bitee qaama irratti baatee warra waa beeku deemuun isaa walii galteen jiraachuu mul'isa.

Kan itti aanee argamu walii galtee cabsuu yammuu ta'u gochaan ittiin ibsames qamaleen damma itti kenname arraabuu fi gateettii leencaa irraa utaaltee muka koru ishiiti. Leenci akkamitti muka korte jedhee gaafachuun isaa, qamaleen mukarratti hafuu ishiifi bittee dammakee dhabdee dhaltee ilmoo kee dhabdee dhaqi yaa waalama dhabeettii leencichaan jechuun ishii gargarbahiitii hiriyummaa isaanii agarsiisa kanaafuu durduriin kan Ikepeho, (1992:176) Alan Dundes 91971) waabeffachuun

Faayidaa durdurii Afrikaa Bahaatiif kaa'e duraa duubaan kan guutee argamu ta'uu agarsiisa dhimmoonni biroo as keessatti ka'uu danda'an hawaasni ijoolleen isaa abshaalumaa barsiisuu yoo barbaade, bineensota naannoo isaa jiran keessaa qamalee fakkoommii fudhachuun itti akka fayyadamuu nu hubachiisuu danda'a. kana malees, namni goota jedhamee beekkamu tokkos namni yoo dhimmi tun maaliif natti dhufte jedhee laf-jala itti yaaduu baate, gootummaan isaatis abshaalummaan moo'atamee waalama dhabeettii akka ta'uu danda'u irraa hubachuun nama hin rakkisu. Haala tokko tokko, irraa immoo abshaalummaadhaan fayyadamuun saba seenaa keessatti bakka guddaa qabuu fi gootummaa dhaanillee beekamaa ture, kanneen akka qamaleen abbaa harbuu hari'atte jedhan godhaa jiran wanti namatti mul'isu jiraachuu danda'a gama biraatiin daa'imman abshaalummaa, gaarummaa, hiriyyummaa akka baratan gargaara jechuu dha.

Gama biraatiin qorataan, adeemsa Faayidaa durdurii ilaalchisee marii garee Bittoteessa 26, 28 fi 30/2012 barattoota waliin taasiseen daa'imman adeemsa durdurii hordofuu akka qaban akkasumas akka waliin taphatan bira gahee jira. marii sana keessatti beekumsi daa'imman gama kanaan qaban kan wal caalu ta'uu isaatis hubatee jira.

Durduriin sadi akka fakkenyatti fudhatamee kan himame yammuu ta'u; akkaataan adeemsa kana hordofamee taphatames baay'ee gaarii ture. Kana keessattis, garaagarummaan daa'imman jidduu

jiruu hangas mara bal'aa miti. Ta'us, bakka dogongorri mudhatetti wal sirreessuun waliirraa baraa akka turan marii garee kana keessati hubachuun danda'amee jira.

Qorataanis gama isaatiin faayidaa dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu, adeemsa kana hordofuun taphachuun barbaachisaa fi murteessaa ta'uu, taphani durdurii dandeettii isaanii kallattii gara garaancimsuu akka danda'uu, naannoo isaanii beekuu bira darbee wantoota naannoo isaanii jiran bal'isanii akka yaadaniifi xiinxala gochu keessatti shoora olaanaa akka taphatu hubachiisee jira. kunis, dandeettii waaqayyaabachuu isaanii cimsuun, beekumsa adda addaa akka goonfatan taasisuun sammuu isaanii daran qaraa deemu isaa dabalataan qabsisee jira.

Walumaagalatti qorataan odeeffannoowwan argateerratti hundaa'uun adeemsa dur durii hordofanii taphachuu ijoolleef faayidaa guddaa akka qabu hubachuu danda'ee jira adeemsa kana keessa, garee taphattoota durdurii keessatti, wal falmiin ykn wal dhageeffachuu dhabuunyoo jiraate, rakkoo akka ta'e hubateera. Tapha kana keessatti haala wal dhageeffaachuun, wal danda'uun, tartiba eeguun barbaachisaa akka ta'e hubateera. Kun immoo daa'imman adeemsa sana hordofaa taphachuu qofa osoo hin taane, dandeettii wantoota taphicha keessatti kaasan ofduubatti yaadachuun wali madaalchisuufi wal bira qabaa dandeettii fi beekumsa isaanii akka cimsataniif tumsa taasisa.akkasumas, akkuma tapha dudurii wantoonni gara garaafi ta'iinsonni adda addaa raawwii hordoofaman kan mataa isaanii qabaachuu danda'u. ijoolleenis ijoolleerraa jalqabanii waan kanaan qaramaa guddatu waan ta'eef muuxannoo duraan qabanitti fayyadamuun keessa bahuu danda'u. dabalataanis, adeemsa waan tokko baruu bira darbanii bu'aa inni qabutti fayyadamoo ta'uu dandeettii qaban daraan cimsachuuf gargaara.

4.1.2. Gahee Seerri Durdurii Daa'immanii Qabu

Duduriin, seera ittiin dhiyaatu ykn taphatamu kan mataa isaa qaba. Duduriin seeran yoo himame kansadarkaa isaa eeggate ta'a. ijoolleefis faayidaa gama kanaan gumaachuu qabu ni gumaacha.

Af gaaffii (Obboo Geetachoo Nuuree, Badhaasoo Dachaasoo, Lataa Galatoo, Addee Raadiyaa H/Seeroo fi Woyyituu Korroosoo) Bittoteessa 14,16,18/2012 taasifameen odeef kennitoonni seera durdruri ilaalchisee yaada qorataaf kennanii jiru, kunis, durduriin seera ittiintaphatamu kan mataa isaa qaba. Ennaa adeemsi dudurii hordofamee taphatamu; seerri durduriis achumaan wal qabsiifamee hordofaa deema jechuu dha. Kunis ijoolleen ennaa durdurii taphatan himaa fi dhageeffataa ykn dubbataa fi dhageeffataa ta'uu dhaani dubbataan dhaggeeffataa caalaa mirga

guutuu qaba. Kana jechuun wanta dubbate tokko fudhachu qabu haala kanaan dubbataa fi dhageeffataan osoo wal hin jeeqin, wal hordofuu dhaan waan dhimamaa jiru sana sirritti hordofuun barbaachisaadha. jedhaniiru.

> Ijoolleen *hamma fedhe wal arrabsanis tasumaa gadoo walitti hin qabatan kun immoo, daa'imman obsa baruu bira darbanii seera waan kamiyyuu kabajuun dirqama ta'uufi seeraa fi bitamuun murteessaa ta'uu isaa hubachaa akka guddatantaasisa. Qabata kanaan.*
>
> Ijoolleen *haadhaa fi abbaa akka kabajaniifi ajajamniif, quxusuun hangafa kabajuun ajajamuu fi, manguddoo, haadholiif k.k.f kabajuu akka seeraatti ilaalanii akka guddatan seera durduriin wal bira qabuun barsiisna.*

Qorataanis, ragaa Odeef kennittootarraa argate bu'uura godhachuun durduriin seera mataa isaa akka qabu hubachuu danda'ee jira. seera kanas bifa armaan godiitiin qaacessee jira.

1. Qaama dubbatuufi dhageeffatu qabaachuu qaba.
2. Qaamni dubbatu 'dur dur' yammuu jedhu, kan dhageeffatu 'duraan buli' jechuunjalaa qaba.
3. Kunis qaamni dhaggeeffatu dhaggeeffachufi qophii ta'uu agarsiisa.
4. Taphichi haala dabaree dhaan itti fuufa.
5. Taphichi nama tokkoo oliin taphatama.
6. Taphicha keessatti naamusni iddoo guddaa qaba.
7. Taphicha keessatti xiiqiinhin barbaachisu
8. Yeroo fi bakka fedha.
9. Akka feetee miti, itti yaadameeti.
10. Sammuu fi dandeettii ijoollee qaruu keessatti gahee guddaa qaba.
11. Dubbachuu fi dhaggeeffachuu gaafata.
12. Taphattota kana jiddutti wal hubachuun, baay'ee barbaachisaa dha.

Fakkeenya armaan gadii kanaan hordofama:

Dubbataa	Dhaggeeffataa
Oduu duri …….	duraan buli
Ni dubbata ……..	ni dhaggeeffata ni gaafata
Ni gaafata ……	ni deebisaaf

Durdurii: Waraabessaa fi Saree

Oduu duri, duraan buli, waraabessi saree guddifate. Guddifatee raawwateetoo. . ., gaafa kaani . . ., “yaa saruu..! Waraabechi kuni sin nyaataa amma guddatutti’ jedheen, “mee tolee . . ., amman guddadhutti . . . ? ‘eeyyeen “oduma teessu oduma teessu . . ., gaafa kaanii . . ., kaatee deemti,’ firatti makamteetii . . ., “maal wayyaa? Amma guddatutti malee sin nyaachuu dhaafi jedhanin. “ani nan gala . . ., fira kiyyattan makamaa . . ., jette kaatee deemti yoo ishiin deemtu ---, maal godhaa . . . ammaa . . ., egaa galte. Haa galtuu, “Ani galuu kiyyaa” . . . jettee firatti makamtee dubbatte. Gaafa firatti makkamtee dubbattuu . . ., hii . . . “har’aa waldaa oollee . . . “ jette. “waldaa maal ooltan?” “waraa bessi si nyaachuu dhaaf jedhanii. . ., ani fira kiyyatan makamaa jedheetii . . ., jette. ‘ fira ofitti yeroo makamtuu . . ., kaatee . . ., dhuftee . . ., raawwatee . . ., “Anii . . ., yaa waruu. . ., yaa waruu. . . “ jettee. “maal jetta yaa saruu. . .? Jedheen “Ani fira kiyyatan makamee . . ., waldaa oolleetii waraabessi saree hin tuqin sareen waraabessa hin tuqin, “ jedhanii. . ., waldaa keessa olleeti gallee” jedhe. “ Afaan kana jettani, kottu sin dhungadhaa” . . ., jedheeni. Aayii! Lakkii. . .!, achumatti ittiin jette, kaatee biraa deemte. (Obboo Buruusoo Argoo, Ebla 5/08/12 ganda 03)

Qaacessa Durdurii

Durdurii kana keessatti waraabessi saree guddifachuun isaa hiriyummaa isaanii ibsa waraabessi maal jetta yaa saruujechuun wal qorachu ibsa. Waraabessi si dhungadhaa jennan diddee deemuun ishee addaan bahuu isaanii ibsa. Wal galtee diiguu isaanii agarsisa.

Daa’imman kana irraa wanti baratan, guddifachaan sirna aadaa oromoo keessatti daa’imman wal irraa fudhatanii guddifatani ta’uu isaa yoo agarsiisu gosti guddifachuu qabu garuu kan diinummaa wal irraa hin qabne ta’uu akka qabu muldhisa dhuma irratti immoo namni tokko waan gadhee raawwachuun isa irraa akka hin jiraanne agarsiisa.

Durdurii kana irraa wanti hubatamu, ijoolleen wantoota isaan miidhuu danda’u dursanii beekuun, jireenya isaanii gara fuundruaatiif of qopheessuu, abshaalummaa qabaachu, ufi eegannoon deemuu, rakkoo isaan muudhachuu danda’u dursanii beekuu dhaan, rakkoof fala barbaaduu fi k.k.f.

Dabalataan qorataan seera durdurii eeganii tapahachuu ilaalchisee mariigaree Bittoteessaa 26,28 fi 30/2012 barrattoota wallin taasiseen ijoolleen seera durduriin ittiin taphatamu haaluma maatii irraa dhaalaa dhufaniin taphachaa keessatti fayyadamuuf yaalanii jiru.

Kunis beekumsi isaan seera durdurii irratti qaban garaagara ta'uus hanga tokko kan walitti siiquu ta'uu isaa bira gahee jira. Tapha durdurii kana keessatti dubbataan/himaan yoo durdurii himu, hirmaattonni imoo ni hordofu. Adeemsa kana keessatti obsuun, waliif yaaduun, barbaachisaa dha. Kun immoo obsa baldhaa akka horataniif gargaara.

Durduriin yeroo taphatamu seeraan yoo deegarame gaarii ta'a; seera sana cabsuun tasuma kan hin danda'amne ta'uu , qabata kanaan waan baay'ee hubachaa deemuufi obsa bal'aa baraa akka deeman qorataan hubachiisee jira. Dabalataanis, hubannoon barattoonni tokko tokko seera durdurii fi adeemsa durdurii irratti qaban kan wal make tokko taasisun ni muldhata ture. Haa ta'u malee adda adda ta'anis, walitti hidhannaa qabachuu ykn wal keessa jiraachuu isaa fakkeenya kaasuun qorataan hubachiisee jira.

Walummaagalatti, yaada odeef kennitootarraa argamee bu'ureeffachuun seerri durdurii ijoolleen karaa hedduun akka qajeelchu hubatamee jira.

Haaluma wal fakkaatuun, oduu himaan mirga qabutti fayyadamuu dhaan wanta raawwachuu qabu ni rraawwata kana keessatti ijoolleen obsa bal'aa bitachuun ajajamaa guddatu.

Dabalataanis, seera durdurii qofa osoo hin taanee seera maatii giddutti bahu, kan mana barumsaatti bahu,seera daree barnootaa, seera barsiisaan bahu akkasumas, seera akka biyyaatitti bahu beekuu bira darbanii akka kabajaniifi bitaman ykn ittiin bulan isaan gargaara. Haaraafi kan beekanis yoo dogogoran sirreeffama gaafachaa baruu fi isaan gargaara.

> *Adeemsaa fi seera durdurii kan dogogoran yoo ta'e maatiin waan jiruuf ni qajeelcha, sababa kanaanis. Osoo itti hin yaadin wanta ijoollee (daa'imman) keenya qabsiisuu barbaanne ni qabsiisna. Wantoota garaagaras barsiisuu dandeenya jechuun itti dabalanii kaasu (Obboo Burusoo Argoo)*

Qorataanis,odeeffannoo odeef kennitoota irraa argate bu'uura godhachuun durduriin yeroo hojii akka hin taphatamne hubatee jira. Yoo durduriin yeroo hojii taphatame ijoolleen ufi dagachuu dhaan hojii hojjachuu dhiisanii yeroo isaanii balleessan waan ta'eef, yeroo boqonnaa irratti taphachuun barbaachisaa ta'uu hubatee jira. Fakkeenyaaf ijoolleen tikaaf yoo bobba'an sababa

taphaatiif horiin jalaa baduu danda'a ,bineensi horii nyaachuufi horiin miliqan midhaan namaa nyaachuu danda'u. Akkasumas, ijoolleen barumsa dhiisanii Durdurii irra ooluu danda'u. badiin akkanaa akka hin uumamneef yeroo ijoolleen hojii tokko hojjachaa jiranitti dhoorkama.

Dabalataanis , sammuu guyyaa hojii dhaan dadhabee oole booharsuuf ijoolleen osoo irbaata hin nyaatin akka hin rafne. Tursiisuuf yaadameeti.

Hirmaattota durduriin wal qabatee, durduriin haala dubbachuufi dhaggeeffachuun kan taphatamuu dha. Kana keessatti tokko dubbataa yoo ta'u isaan hafan immoo hirmaattota ta'u. Akkasumas, jamaan hedduu jiraachuu danda'a. Kunis taphichi gamtaa dhaan raawwatamuu muldhisa.

Yeroo baay'ee taphicha keessatti qooda kan fudhatan ijoollee dha. Baay'innaan, durduriin maatiiwwan warra tokkoo walitti qabamanii bakka jiranitti yeroo boqonnaa namootni hedduu bakka wal gahanitti waarii kan taphatamu waan ta'eef gamtaa dhaan bifa hoo'aan kan hordofamuu dha.

4.1.3. Yoomessaafi Hirmaattota Durdurii

Durduriin yoomessa itti himamu ykn taphatamu qaba. Kunis, yoomessa aadaa uummatichaa murtaa'aa keessatti kan taphatamuu dha.

Durduriin bifa dubbisuu fi dhaggeeffachuun dhiyaata. Gama biraatiin, yeroo baay'ee durduriin maatiiwwan warra tokkoo walitti qabamanii bakka jiranitti yeroo boqonnaa namootni hedduun bakka wal gahanitti kan taphatamu waan ta'eef gamtaa dhaan bifa hoo'aan hordofama. Kanaaf, hirmaannaa cimatu keessatti taasifama.

Akka ragaan af-gaaffii Badhaasoo Dachaasoo, Lataa Galatoo, Geetachoo Nuure,Raadiyaa H/seeroo fi woyyituu korroosoo gaafa Bittooteessa 26,28 fi 30/2012 godhame ibsuutti , yoomeessa durdurii ilaalchisee durduriin ijoolleen kan taphatamu yeroo boqonnaa isaaniiti malee yeroo hojii adda addaa hojjatan taphachuun rakkisaa dha. Sababni, isaa, hojii sana dagatanii waan jedhaniif yeroo maatiin wal gahu, yeroo boqonnaa ta'uu durduriin qabaman tika dhiisuun horii midhaan akka hin nyaachifneef mana barumsaa irraayis akka hin nyaachifneef mana barumsaa irraayis akka hin hafneef yaadameetu jedhu, AKkasumas durduriin kan yeroo murtaa'e

taphatamuuf, galgala yoo ta’e ijoolleen irbaata osoo hin nyaatin akka hin rafneefi beela akka irraanfaataniif ittiin tursiisuuf jechuunis yaada isaanii kennanii jiru.

Gama biraatiin immoo, hirmaattota durdurii ilaalchisee maatiin warra tokko yeroo boqonnaa isaanii bakka walitti qabamanii jiranitti gamtaa dhaan kan taphatamu ta;uu kaasu. Durdurii iratti baay’inaan kan hirmaatan ijoollee yoo ta’an kunis, gareen miira hoo’aan taphatamuu isaatti jedhu. Kun immoo, ijoolleen wal iraayis ta’ee maatii irraa waan hin beekne baratu.

Kanaaf, hirmaannaan cimaan keessatti taasifama. Kun immoo maatiin keessatti hirmaachuun wantootaa ijoolleen dogongoran sirreessuuf, kan isaan hin beekne ibsa itti kennuun barsiisuu, adeemsa ta’ee seera tapha durdurii irrattis dogoggorri yoo jiraate qajeelchuun sirreessu, kananais, ijoolleen maatii isaaniirraa carraa wantoota gara garaa baruu ni argatu. Kun immoo waan haaraa baruu bira darbee, beekumsiifi dandeettiin isaanii akka cimuufi isaan taasisa.

4.1.4. Gahee Durduriin Bashannansiisuu keessatti Qabu

Durduriin yeroo baay’ee bifa taphaatiin kan dhiyaatu waan ta’eef baay’ee nama bashanaansiisaa kunis, tapha durdurii keessatti adeemsaafi seerri jiru mataan isaa baay’ee kan nama bohaarsuun barsiisuudha. ijoolleenis salphumatti bohaaraa akka barataniif daandii saaqaaf.

Af gaaffii hawaasaaf Bittoteessa 26,28 fi 30/2012 taasifamee (obboo Badhaasoo Dachaasoo , Lataa Galatoo, Geetachoo Nuuree, Raadiyaa H/seeroo fi woyyituu korroosoo) durduriin wantoota garaagaraa barsiisuu bira darbee nama bashannansiisa jechuudhaan himu. Akka yaada jara kanaatti guyyaa namni kamiyyuu hojii adda addaatiin qabamee oola. Galgala garuu martuu gara manaatti dacha’u. Eenna kana hanga sa’aatiin irbaataa ga’utti durdurii dhaan bashannaanaa tura jedhu. Tapha kana keessatti kan baay’ee namatti tolu. Naamusa taphicha keessatti mul’atuu dha. Hunduu taphicha haala gaarii dhaan hordofu jedhu. Kanaanis ijoolleen baay’ee booharu taphichi baay’ee namatti tola waan ta’eef, yoo beelaanii jiraatanis irraanfachuun taphicha hordofu kun immoo osoo hin dhiphatin karaa salphaa ta’een wantoota gara garaa baruuf isaan dandeessia jechuun qorataaf yaada isaanii kennanii jiru.

Yaada isaanirraa argame bu’uura godhachuun durduriin bashannansiisuu keessatti gahee qabachuu isaa hubachuun ni danda’ama. Kunis ijoolleen maatii giddutti sodaa tokko malee akka isaan taphataniifi walirraa barantaasisa walitti dhufeenya maatiifi ijoollees cimsuun jaalala isaan

gidutti uumuu danda'a. kun immoo ijoolleen sodaa tokko malee maatitti siquu. Bilisa ta'uun waan hin beekneefi isaaniif hin galle akka gaafatan godha. Kanaanis beekumsa duraan qaban dhiphina tokko malee akka barataniif shoora olaanaa qaba.

Barsiisota Afaan oromo (B/saa Caalaa Kadiir , Guutaa Wodaajoo,fi b/tu Buzunesh Iyyoob) kutaa 5 fi 6 barsiisaniif af gaaffii cinatti bashannansiisuuf akka gargaaru kaasu. Kunis durduriin yeroo taphatamu bifa dubbachuufi daggeeffachuu waan ta'eef, adeemsa kana keessatti wal danda'uun, obsi, naamusni barbaachisaa akka ta'eef dabaree-dabaree dhaan kan itti fuufu ta'a jedhu.

> *Oduu himaafi dhaggeeffataa jiddutti walitti dhufeenyi baay'een waan jiruufi dhaggeeffattoonni waan dhagayaa bashannanaa raawwii kana hordofuun booharu jechuun yaada isaanii qorataaf kennanii jiru. ijoolleenis bohaaruu qofa osoo hin taane wantoota garaagaraa karaa salphaa ta'een dhiphinna tokko malee bekuuf isaan gargaara jedhu. Kunis, walitti dhufeenya isaanii cimsuun jaalala jidduu isaanitti uumuu bira darbee wanta bashannanaa baran kanas salphatti qabachuu danda'u kanaanis, dandeettii waaqayyabachuu isaanii akka cimsatan itti dabaluun kaasa. (B/saa Caalaa Kadiir).*

Qorataanis, odeeffannoo barsiisota irra argate bu'uura taasifachuun gaheen durduriin bashannansiisuu keessatti qabu bal'aa ta'uu hubatee jira. ijoolleen dubbataafi dhaggeeffataa jiddutti taasifamu wantoota raawwatamu hunda seeraan qalbifatu. Sababiin isaa adeemsa darbamu keessa darbamee dhuma irra eenaagahu durdurichi dhaggeeffattootaan hordofamuu isaa adda baafachuuf. Kun immoo isaan booharsaa, dhiphina malee adeemsicha hordofuun isaanii, osoo itti hin yaadin wantota baay'ee akka baraniif isaan gargaara. Barumsi karaa kanaan argamus salphatti kan irraanfatamuu miti waan ta'eef hedduu isaan fayyada.

Odeeffannoo Bargaaffii barattoota kutaa 5 fi 6 irraa Bittooteessa 25,27 fi Ebla 14,18/2012 qorataan argates, durduriin bashannansiisuuf akka isaan gargaaru ibsaniiru. Kunis, yammuu dubbataan dubbatau dhaggeeffataan (qooddataan) adeemsa oduu himamuu sana sirritti hordofuu fi dhiisu isaa addaan baasuu dhaan waan adeemsifamuuf, durdurii yeroo dubbatamu adeemsi isaa baay'ee kan nama bashannsiisu waan ta'eef of eegannoo dhaan caqasna jedhaniiru durdurii dhaan waan baay'ee xinxaluun carraaqqii taasina. Kun immoo beekumsaafi hubannoo wantoota gara garaa rratti qabnu akka dabalu nu taasisa.

Ragaa odeef kennitoota irraa argame bu'uura godhachuun durduriin akkamitti bashannaanaaf akka oolu armaan gaditti qaaccefamee jira. Seerri durdurii yoo dabe waliit kolfutu jira.akkasumas oduuhimaan yoo dogongora ta'e walitti kolfu durdurii dhaan waan baay'ee xiinxaluun ni danda'ama Dabalataan durduriin bashannansiisaa, booharsaa ijoollee barsiisa.

4.1.5. Gahee Durduriin Miira Morkii uumuu Ijoolleef Qabu

Durduriin amala gareen taphachuu waan qabuuf, yoo xiqqaate namoota lamaafi sanaa olitu keesstti hirmaata kun immoo ijoolleen miira morkii wal keessatti uumuun akka taphatan taaisa.

Durduriin miira morkii ijoollee keessatti uumuu ilaalchisee af-gaaffii Ebla 16,18/2012 barsiisotaaf taasifamee jira. Adeemsa durdurii keessatti oduu himaafi dhageefataan akkaatama dabaree isaatiin iddoo wal jijiira yeroo kana oduu durii himuu ykn dubbachaa duraan kan ture, dabaree isaa kan itti aanuuf dabarsa. Haaluma kanaan inni duraa oduu dhaggeeffattootaaf himaa ture deebi'ee qoodataa ta'a.

inni itti aanu immoo bifa morkii qabuun kan duraa caalaa dhaggeeffattootaafi hima jechuu dhaan ibsu. Kun immoo miira morkii waligidduutti uumuun dandeettii xiinxaluu fi yaaduu isaanii cimsachaa akka deemaniif isaan gargaara jechuun odeeffannoo qorataaf laatanii jiru.

Yaada odeef kennitoota irraa argame bu'ureeffachuun Durduriin xiiqii qabsiisuun miira morkii keessatti akka uumu hubatamee jira. ijoolleen wayita dabareen dubbatan xiiqii wal qabachuun dubbachuufi dhageeffachuu irratti baay'ee wal onnachiisu. Xiiqiin isaan qabatan kunis, ennaa dabaree isaanii sirritti dubbachuu fi dhageeffattoota biratti kabajaa fi fudhatama argachuuf caalanii argamuuf yaalii guddaa godhu. Adeemsa kana keessatti immoo xiiqii walitti uumuun wal onnachisaa beekumsa gama durduriin qaban cimsachaa deemuu bira darbee dandeettii waa hubachuuf wantoota garagaraa xiinxaluun bira gahuu isaanii akka dagaaguuf gargaara. Kun immoo ijoolleen miira morkiin fiixan bahiinsa waan tokkoo gonfachuu akka dandeesisuuf shoora guddaa qaba.

Bifuma wal fakkaatuun, bar gaaffiin barattootaaf Bittoteessa 25,26 fi Ebla 14,18/2012 taasifameen durduriin miira morkii uumu akka danda'u qorataaf, odeeffannoo kennanii jiru. Tapha durdurii keessatti iddoo wal jijjiiruun kan taphatamu yammuu ta'u; ennaa oduu himaan taa'etti, oduu durii cimaa dhaggeeffattootaafi himeera yoo ta'e, inni kuun dabaree isaatti immoo

innis xiiqii qabachuun yaada cimaa miira morkii wal keessatti uumuun dandeettii isaanii karaa gara garaan cimsachaa akka deeman qorataaf odeeffannoo kennanii jiru.

Odeeffannoo bargaaffii barattoota irraa argameen durduriin ijoollee giddutti miira morkii uumuu danda'uu isaa bira gahamee jira. Oduu durii himaan yeroo dhageeffattootaaf oduu sirii himuu dadhabe isa harkaa fuudhamee nama dabareen itti aanuuf kennama. Kun immoo nama duraa baay'ee aarsuu danda'a. Haa ta'u malee seera durduriin bitamuu waan qabuuf waan jedhame mara ni raawwata, Ennaa kana keessa isaatti xiiqii qabachaa deemuun abbaa dabaree gaafa ta'u yaada cimaa dhaggeeffattootaaf himuun haloo ba'a. durduriin ijoollee keessatti xiiqii uumuun ijoolleen haaluma dabaree isaaniitiin yaada cimaa ta'e walitti himaa adeemu. Haaluma kanaan dhaggeeffattoonni yeroo dhaggeeffatani wantoota wal madaalchisaa adeemu, walitti fidu; wal biraas qabu. Kun immoo, ijoolleen beekumsa durdurii qabaachuun bira darbee bal'isaanii yaaduufi xiinxaluu akka gonfatan isaa gargaara.

Xiiqiin isaa qabatanis kallattii gaarii irra isaan oofuun miira morkii keessati uumuuun beekumsa isaanii kan dabalu godha.

4.2.Faayidaa Durdurii Duudhaalee Ummataa Keessatti.

Durduriin faayidaawwan adda addaa akka qabu boqonnaa lammaffaa keessatti bal'inan ibsamee jira.Dabalataan, odeeffannoowwan hawaasa naannoo, barsiisotaafi barattoota akkasumas manguddootarraa argame yaada hayyootaan deegaruun wal duraa duubaan qaacceffamee dhiyaatee jira.

Faayidaa durdurii ilaalchisee af gaaffii hawaasa naannof Ebla 02,12 fi 24/2012 taasifameen namoonni sadi (Obbo Badhaasoo Dachaasoo, Geetachoo Nurreefi Raadiyaa H/seeroo) yaada wal fakkaataa qorataaf kennanii jiru. Kanaanis ijoolleen Durdurii keessatti, waa'ee meeshaa mana keessaa, meeshaalee qonnaa, maqaalee bineensotaa, midhaan, bishaan, konkolaataa fi k.k.f. haaluma durdurii keessatti barachaa adeemu ni xiinxalus, kun immoo dandeettii ijoolleen karaa adda addaa ni cimsa jechuun yaada isaanii qorataaf kennanii jirru.

Qorataanis, odeeffannoo agate irratti hundaa'uun faayidaawwan durduriin qabu hedduu akka ta'e bira gahee jira. Durduriin bifa dubbachuufi dhageeffachuun kan dhiyaatu waan ta'eefi daa'imman qabiyyeewwan tokko tokko yoo gaafataman, bal'inaan xiinxaluufi yaaduu waan

barbaaduuf, waa'ee durdurii sanii sirritti yaadu. Kun immoo ijoolleen bal'isaanii yaaduun dandeettii isaanii akka cimsataniif isaan gargaara.

Akkasumas af gaaffii barsiisota Afaan oromoo kutaa 6ffaa barsiisan Ebla 14 fi 16/2012 taasifameen, barsiisoonni sadi(B/saa Caalaa Kadiir, Guutaa wodaajoo fi b/tu Buzunesh Iyyoob) yaada walitti dhiyaatu kaasanii jiru. Durduriin damee afoolaa keessaayoo tokko ta'u, faayidaa garagaraa qaba. Kunis ijoolleen naannoo isaanii akka baran taasisuu, akka waa xiinxalan gochuufi wantoota naannoo isaanii keessa jiran salphatti akka adda baafataniif gargaara. Kana malees, sammuun isaanii akka bal'isee yaadu taasisa. Dabalataanis, tapha durduri keessatti dhaggeeffataan sirritti caqasee waan dhageeffate san irratti yaada kenna. Dandeettii dhaggeeffachuuf dubbachuu cimsachaa deemu. Gama birootiin durduriin bifa taphaatiin waan dhiyaatuuf ijoolleen bashannaanaa taphaachuu danda'u.

Ragaa barsiisota irraa argame bu'uura godhachuun, Durduriin damee afoolaa keessaa isa tokko ta'ee, bifa dubbachuufi dhaggeeffachuun kan dhiyaatu dha. Innis, ijoolleen, yaada durdurii irraa argatan sananaan jecha wantoota naannoo isaanitti argamu wal bira qabuun wal madaalchisu. Kunis, naannoo isaanitiin wal barsiisuu bira darbee wantoota naannoo isaanii keessatti argaman akka isaa beekan taasisa. Akkasumas, durduriin bifa dubbataafi dhaggeeffataa waan qabauuf, wal caqasuun jira. Kanaanis, daandeettiiwwan afaanii keessa caalatti dhaggeeffachuu fi dubbachuu akka gaabifatan taasisa.

Dhumarratis, bargaaffii Bittoteessa 25,27 fi Ebla 14,18/2012 barattoota kutaa 5 fi 6 barataniif taasifameen ragaan odeef kennitoota irraa argame akka ibsutti, durduriin fayidaa garagaraa akka qabu hubatameera. Kunis, ijoolleen wana haaraa barchuuf akka gargaaruuf irra caalaa immoo bashanaansiisaa wantoota garagaraa kan akka lubbu qabeeyyii fi lubbu dhabeeyyii naannoo isaanitti argaman akka hubatan gargaaruu isaa qorataaf yaada isaanii kennaniiru.

Odeeffannoo bargaaffii barattootaa bu'ureeffachuun, durduriin ijoollee waantoota haaraa isaan hin beekne waliin akka wal barsiisu hubanna.

Ragaa odeef kennitootarraa argameefi hayyootaa bu'uura godhachuun, faayidaa durduriin qabu heddu ta'uu isaa, hubachuun ijoolleen. Durduriin gooroowwan afoolaa keessaa isa tokko ta'ee, bifa dubbachuufi dhageeffachuun kan taphatamuudha. Kunis garee lama dubbataa fi dhageeffataa jiddutti kan raawwatamuu dha. Kunis, ijoolleen wantoota naannoo isaanii jiru wal

bira qabu, walitti fiduufi wal madaalchisuun bal'isaanii yaaduu kun immoo wantoota gara garaa akka xiinxalaniifi qayyabatan taasisa. Gama biraatiin durduriin dandeettiiwwan afanii arfan karaa kalattiin ta'ee alkallatiin akka baratan daandii saqaaf.wantoota haara duraan hin beeknes bashannansiisaa osoo hin dhiphatin salphumatti akka baraniifi sammutti qabatan isaan taasisa. Dandeettii waa qayyabachuu ijoollees ni cimsa.

4.2.1. Faayidaa Durdurii Maatii keessatti

Durduriin damee afoolaa ta'uu isaatiin amaloota ittiin beekamu. Keessaa tokkoo, afaaniin dhalootaa dhalootatti durbuudha. Haala kanaan durduriin sammuu ijoollee qaruun, akka isaan dandeettii adda addaa gonfataniif daandii saaqa.

Maatiinis, karaa al idileetiin durdurii dayeeffachuun, karaa dagatamuu hin dandeenyeen ijoollee isaanii maqaalee adda addaa, lakkoofsa, aadaa, duudhaa, safuu, haala falmii, haqummaa fi k.k.f ni barsiisu. Kanaanis, ijoolleen dandeetti afaanii gama adda addaatiin jiran karaa al idileetiin fooyyeeffachuu fi cimsachaa deemu. Maatiin wantoota armaan gadii qabata durduriitiin ijoolleen barsiifachaa adeemu

Oduu dubri
Duraan buli
Oduu ammaa ka afaan dammaa
Oduu durii ka afaan xurii jechuudhan, oduun durii itti fuufa.
Durdurii mucayyoo, Jaarsaafi Dhiirsa

Wanti jiru --, **jaarsatu horii eegaa. Mucayyootu baduu deema**. Jennaan, " Eessa dhaqxaa yaantalatoo--?" jennaani , " nan badaa--→' jettiin. "maal taateet baddaa---"? Jedhaan. "Qincee godheetanii---, ihi ----, " Harkaan hin nyaadhuu---, afaanitti naa kennitu malee " jedhee, dhiirsi kiyyaa---, kanaafan badaa" ---, jetteen. "Ammaa---, eessatti baddaree---? " jedhani wancittan badaa-→" jetteen."moo---, yaantalatoo---?" mee--- koottu!" jedhee fudhatee ---, gale ---, barii obbira bulchee araarse jedhama (obboo Waaqoo Xamaam 25/07/2012 – ganda Gambeeltoo).

Qaacceessa Durdurii kanaa

Durdurii kana keessatti fakkaatiiwwan jiran mucayyoo, jaarsaa fi dhiirsa mucayyooti. Mucayyoon dhiirsa waliin wal dhabdee, baduuf deemuun ishii gargarbahiitii hiriyummaa ishi mul'isa. Jaarsi sababa ittiin badde gaaffannaan , dhiirsi ishii waanqincee hojjannaanniif harkaan hin nyaadhu jedheef, kan jedhu komii dhiheeffate. Dhiirsi isii afaan na keettu malee hin nyaadhu

jechuun wal galtee cabsuu agarsiisa. Mucayyoon gorsa jaarsaa dhageeffachuun karaa deebi'uun waliigaltee uumachuu ishii, jaarsi barii galchuun isaa hiriyuummaa uumachuu agarsiisa. Dhimmi hawaasni daa'iiman isaatiif dabarsu, abbaan warraafi haati warraa jireenya isaanii keessati gaaf ta'e walitti bu'uun hin oolu; walitti bu'iitiin kun immoo karaa ittiin fala argatu, sirna araaraa akka qabuu fi itti fayyadamu nu hubachiisa.

Kanaafuu durdurii kana irraa wanti nu hubachiisuu aadaan walii jireenyaa, hiriyyummaan, wal danda'uun ijoollee jiddutti barbaachisaa akka ta'eef ijoolleen durduriitti fayyadamuu dhaan barsiisuun barbaachisaa akka ta'e nu agarsiisa.

Gama biraatiin immoo safuu eegachuun, waliif yaaduun hawaasa biratti kan baratameefi beekamaa ta'uu nu agarsiisa haaluma kanaan faayidaan guddaan durduriin kun ijoollee barsiisu wal danda'uu akka qaban, waliif yaaduu fi k.k.f.

4.2.1.1. Maqaalee Barsiisuu keessatti

Durdurii keessatti ijoolleen maqaalee adda addaa barachuu danda'an, maqaaleen baratan kunis irra caalaan isaanii karaa ol idilee ta'eenidha. Kanaanis, maqaalee bineensotaa, meeshaalee, wantootaa, midhaaniifi kkf baratu.

Odeeffannoon afgaaffii Bittoteessa 26,28 fi 30/2012 (obbo Badhasoo Dachaasoo, Lataa Galatoo, Geetachoo Nuuree, Raadiyaa H/Seeroo fi Woyyituu Korroosoo) irraa argame akka jedhutti, ijoolleen durdurii keessatii waan baay'ee akka baratan ibsa. Maqaan bineensota, meeshaalee fi wantoota haalaan ni baratu jedhan.

Maqaa barachu qofa osoo hin taane gosoota isaanilee akka adda bafataniif isaan gargaara Akkasuma, bineesota foon isaanii nyaatamaniifi hin nyaatamne, addaan baasufi isaan gargaara. Meeshaa keessattis, maqaa qofa beekuu osoo hin taane tajaajila meeshaan sun kennu akka beekaniifis hedduu gargaara. Kun immoo hubannoo daa'imman cimsa. (Obboo Buruusoo Argoo).

Qorataan odeeffannoo hawaasaraa waliiti qabate irratti hundaa'uun ijoolleen durduriin garagaaramuun maqaalee adda addaa akka baratan hubateera. Fkn durduriin akaakuu bineensotaa, allaattiiwwan adda addaa eessa akka galaniif maal akka nyaatanii jiraatanis, nyaatamuufi nyaatamuu dhiisuu isaanii gargar ni baafatu. Kanumaanis maqaa bineesotaa beekuu irra darbanii, dandeettii afaanii gama beekumsa jechootaa maqaa ta'anillee ni fooyyeeffatu,

Maqaalee meeshaa baruu keessattis durduriin daraan ijoollee deegara. Kana keessatti daa'imman meeshaa mana keessaa fi manaan alaa ni hubatu. Qabata kanaanis meeshaalee mana keessaa addaan baafatu tajaajila oolaniifis ni baru.

Walumaagalatti maqaalee adda addaa barsiisuu keessatti gaheen maatii, ijoolleen wayita walitti qabaman oduu durii walitti hima akka irraa baratan taasisuudha. Kana irratti gareen ta'uu dhaan ijoolleen waliin taphatu kun immoo akka dandeettii afaanii kallattii gara garaatiin cimsataniif isaan gargaara. Maatiinis karaa alidileetiin durduriin afaan barsiisaa gahee isarraa eegamu baha.

4.2.1.2. Durdurii dhaan Lakkoofsa Barsiisuu keessatti

Durduriin lakkoofsa barsiisuu keessatti gahee guddaa qaba, durdurii dayyeeffachuun maatiin karaa al idileetiin lakkoofsa barsiisu. Adeemsa kana keessatti. Lakkoofsa walitti ida'uu, wal irraa hir'isuufi hiruu ni baratu.

Odeeffannoo af gaaffii qorataan Bittoteessa 26,28 fi 30/2012 (Obboo Badhaasoo Dachaasoo, Lataa Galatoo, Geetachoo Nuuree, Raadiyaa H/seeroo fi Woyyituu Korroosoo) irraa walitti qabateenis, maatiin durdurii gargaaramuun ijoollee lakkoofsa akka barsiisan bira gaheera, maatiin ijoolle lakkofsatti gargaaramuun torbeen tokko guyyaa meeqa akka qabu, jiini tokko torbee meeqa akka qabu akkasumas, waggaan tokko ji'oota meeqa akka qabu, guyyaa meeqaafi torbee meeqa akka qabu akka ittiin barsiisan kaasanii jiru, Dabalataanis, dhahaata adda addaa, taateefi lakkofsa wal unachiisuun akka ijoollee barsiisan kaasanii jiru.

Odeeffannoo maatii ijoollee irra argame irratti hundaa'uun durduriin ijoollee lakkoofsa barsiisuu keessatti qooda bal'aa akka qabu hubachuun danda'amee jira.

4.2.1.3. Dandeettii Falmii (Debat) Daa'immanii cimsuu keessatti

Maatiin, durduriidhaan haala falmii fi seera falmiin ijoollee isaanii ni cimsu dubbataa fi dhaggeeffataan yaada inni tokko dubbataa jiru sana irratti wanti hin galleef yoo jiraate gaaffachuu dhaan wal falmu, kun immoo, maaliif ta'ee, maaliif hin taanee irratti akka wal falmaniif karaa banaa, kanaanis, durdurii dayeeffachuun dandettii falmii isaanii cimsachuu danda'u.

Yaada odeef kennitoota 26,28 fi 30/2012 (Obbo Badhaasoo Dachaasoo, Lataa Galatoo, Geetachoo Nuuree, Raadiyaa H/seeroo fi Woyyituu Korroosoo) irraa walitti qabameenis, durduriin dandeeettii wal falmii ijoollee akka cimsu hubachuun danda'amee jira.

Seera durdurii kessa darbuu irraa eegalanii hanga xumuraatti yoo irratti walii galuu baatan yeroo dheeraa walfalmuun bulfatanii maatii ykn manguddoota irratti dubbifachuu danda'uu isaanii kaasanii jiru.

Qorataanis odeeffannoo hawaasa irraa argateen ijoolleen karaa durduriin danddeettii falmii isaanii cimsachuu cinaatti dandeettii afanii akka fooyyeeffatan bira gahee jira.

4.2.1.4. Safuu Barsiisuu Keessatti

Maatiin ijoollee durdurii dayyeeffachuun safuu barsiisuu akka filannoo jalqabaatti gargaaramu, durdurii dhaan wanta dalagamuufi hin dalagamne ijoollee ufii akeekkachiisu.

Akka ragaan odeeffannoo af gaaffii (Obboo Badhaasoo Dachaasoo, Lataa Galatoo, Geetachoo Nuuree, Raadiyaa H/seeroofi Woyyituu Korroosoo) Bittoteessa 26,28 fi 30/2012 argameeti, qabata durduriitiin ijoollee safuu ni barsiifanna kan jedhu kaasaniiru. Safuu hawaasa keessatti karaalee adda addaatiin calaqqisiisan ijoollee keenyaa ni qabsiisna, safuu ulfeeffamuufi balaaleeffamuu hunda sababa durduriitiin qabsiisaa deemna jechuun yaada isaanii kennani jiru.

> *Safuu hawaasa keessatti mul'atan hundaa,safuu ulfeeffatamuu qabu dabalatee, wantoota dalagamuuf hin dalagamne ykn wanta akka safuu itti ilaalamuu, kabaja namni waliif qabu, kabaja namni uumaafi uumamaafi qabu, barsiisuun ni danda'ama kan jedhus kaasanii jiru (Obboo Buruusoo Argoo)*

Qorataanis yaada odeef kennitootaraa argate bu'ureeffachuun durduriin safuu hawaasaa barsiisuu keessatti qooda guddaa akka qabu hubatee jira fakkeenyaaf leencaan " Abba guddaa" jechuun wantootaafi maqaa kabajaa kennuun safuu hawaasichaa agarsiisa, Fakkoommii namni umuriin isaa/ishee ittiin ibsamuu dha. Kanaafi ulfinaafi kabaja gudda hawaasa biratti qaba, waan hawaasa biratti safuu ta'e. kana immoo ijoolleen deemani akka itti hin buuneef akka kabajaniif.

4.2.1.5. Aadaa Barsiisuu Keessatti

Durdurii qabata godhachuun ijoollee aadaa barsiisuun ni danda'ama. Aadaa boonsaa uummanni qabu karaa salphaa ta'een ijoollee fudhachiisuu, namoonni baay'een kan itti milkaa'ani dha.

Odeeffannoo af gaaffii (Obboo Badhaasoo Dachaasoo, Lataa Galatoo, Geetachoo Nuuree, Addee Raadiyaa H/seeroofi Woyyituu Korroosoo) Bittoteessaa 26,28 fi 30/2012 argame akka ibsutti, durdurii bu'ureeffachuun aadaa sirritti barsiisuun akka danda'amu irra deddeebi'anii kaasanii

jiru. Kunis, durduriin wantoota aadaa barsiisan of keessaa waan qabuuf, itti gargaramuun ergaa keenya kallattii gargaraan ijoolleef dabarsuu dandeenya.

Fakkeenyaaf: aadaa uufataa, aadaa nyaataa, aadaa hojii, aadaa walgargaarsaa, gorsaafi k.k.f. jechuun yaada isaa nii kaa'anii jiru.

Yaada isaan irraa argate bu'uura godhachuun ijoolleen durdurii keessatti aadaa barachuu akka danda'an qorataan bira gahee jira. Oromoon aadaa adda addaa baay'ee hawwataafi dubbatamee akkasumas ilaallamee hin quufamne qaba. Aadaawwan kana tursiisuuf immoo, dhalootaa dhalootatti dabarsaa deemuun barbaachisaa dha. Kanaaf akkuma gooroowwan afoolaa kaawwaniifi durduriinis gama kanaan waan gummachuu qaba kanaanis nyataa aadaa, dhugaatii aadaa meeshaalee aadaafi aadaa walgargaarsaa aka baratan hubateera.

Nyaata aadaa barsiisuu keessatti durduriin gahee guddaa qaba. Fakkeenyaaf nyaata akka marqaa, miciiraa marmaaree, budeena , Daabboofi kkf ni baratu, dhugaatii aadaas, durdurii dhaan keessatti baratamuu ni danda'a. qabata durdurii kanaatiin dhugaatiiwwan kanneen akka: booka, farsoo, qaariboo fi kkf ni baratu.

Dabalataanis, ijoolleen durdurii irratti hundaa'uu dhaan uffata aadaa adda baafachuun yeroo ykn sirna akkamii irratti akka uuffatamullee ni baratu, uffata aadaa kan akka wandaboo, bullukkoo, qomee, jilba jalee fi kkf barachuun beekumsa isaanii gama aadaatiin jiru ni cimsatu.

Bifuma wal fakkaatuun,ijoolleen durdurii dayyeeffachuun meeshaa aadaa ni baratu, Fakkeenyaaf, eelee, okkotee, min jaala, qorii, fi kkf ni baratu.

Walumaagalatti durduriin ijoollee barsiisuun keessatti shoora guddaa taphata. Kunis, dandeetti yaadachuu ijoollee cimsuu, naannoo waliin akka wal barangargaaruu, beekumsa gama aadaa, seenaafi filoosoofiin qaban akka gabbifatan taasisa.

Yaadota armaan olitti ka'aniin wal qabatee gaheen durduriin sammuu hojjachiisuufi akka yaadu gochuun keessatti, duudhaafi aadaa kabajuu, naannoo gargarbaafachuu, ulfina ummataa beekuu keessatti hedduu akka ta'e hayyuun Burns,(1976:96) jedhamu ni kaasa.

4.2.2. Faayidaa Durdurii Mana Barumsaa Keessatti

Faayidaa durduriin afaan barsiisuu keessatti qabu ilaalchisee af gaffii Ebla 14 fi 16/12 barsiisota Afaan oromoo (b/saa Caalaa Kadiir, Guutaa Wodaajoo fi b/tu Buqunesh Iyyoob) kutaa 5 fi 6

barsiisaniif taasifameen, odeeffannoo wal fakkataa ta’e qorataaf kennaniiru. Durduriin afaan barsiisuu keessatti gahee guddaa akka taphatu hubatanii jiru.

Durduriitti fayyadamnee yammuu afaan barsiisnu dandeettii waa’ee afaanii arfan ol tokkotti akka barsiisnu nu gargaara.

Dandeetti dhaggeeffachuu, dubbachuufi barreessuu haalaan akkabarsiisnu kan nu gargaare yoo ta’u; daandeettii dubbisuu immoo dabaree dabaree isaa kitaabaraafi maatii gaafachuun barreessanii dhufan dubbisuun dandeettii duraan qaban ni cimsatu jechuun yaada ishee kennitee jirti (B/stu Buzunesh Iyyoob) Qorataanis, yaada hayyootaafi odeef kennitootarraa argate bu’uura godhachuun faayidaa durduriin afaan barsiisuu mana barumsaa keessatti qabu hedduu akka ta’e bira gahee jira. Faayidaa afaanii karaa al waaltawaa ta’een (informal) fi waaltawaa ta’een (formal) ni hubatu. Gurmaa’insi hima sirriifi sirriita’uu dhabuu ni xiinxala.

Kana malees, hiika jechootaa wal barsiisuu yeroo dubbii keessatti dhageeffataan wanta dubbataan jiruu sana irraa hiika jechootaa ni argata, kanaanis hiikaa jechootaa wal hubachiisa. Deemu bifa kanaan dandeettii dubbachuu, jechootaafi caaslugaan wal ijaaraa deema. Kun immoo dandeettii afaanii akka gabbifataniif isaan gargaara.

4.2.2.1. Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuu Keessatti

Afoollii dandeettiiwwan afaanii cimsuu keessatti qooda guddaa qaba. Akkasumas, ergaafi mallattoon isaa sammuu ijoollee si’oomsuun nuffii malee akka barataniif karaa bana. Kana ilaalchisee hayyuun kun, mayring ph(2000:56). Yaada itti aanu lafa kaa’a: “Fokloreis rich in thems and symbols which can stimulate the student to exercise the listening, speaking, reading and writing skills,” kunis fooklooriin ijoollee si’aayinaan ykn kaka’umsaan akka baratan taasisa. Akkasumas dandeettiiwwan afaanii afranis akka gabbifataniif gummacha godha.

Dabalataanis, dameewwan fooklooriin ijoollee si’oomsuuf itti gargaaramu mana barumsaa kessatti hiika qaba kanas, hayyoonni cathy N.g and clough p.(2006:121). Enna “The variety of motifs which appear in the verbal folklores has meaning for children of all ages in schools.”

Durduriin dandeettiiwwan afaanii afran barsiisuuf faayidaa guddaa qaba. Keessattuu , dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu ijoollee cimsuu keesatti gahee guddan qaba. Ijoolleen wayita waliin dubbatan xiinxala guddaa horachuun wanta dubbatamu sana dhaggeeffatu jechuu dha.

Yaadni af gaaffii barsiisota Afaan oromoo (B/saa caalaa Kadiir, Guutaa wodaajoo, fi b/tu Buzunesh Iyyoob) kutaa 5 fi 6 barsiisan irraa Ebla 14 fi 16/12 argame ibsutti, ijoolleen wayita durdurii himan caalaa wayitaa durduriin isaaniif himamu sirritti dhaggeeffatu kan dhaggeeffatan bu'ureeffachuun immoo, yaada dhimma durdurii sanan wal qabatu dubbachuun, yaada isaanii ibsatu. Kun immoo, dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii akka cimsu taaisa. Darbee darbee immoo, hojjimanee kennamuuf kessatti dandeettii barreessuu fi dubbisuu isaanii cimsuufis ni gargaara jedhu.

Qorataanis, gama isaatiin faayidaa durdurii dandeettii afaanii barsiisuu keessatti qabu caalatti dhugeeffachuuf Bittoteessa 24,28/12 fi Ebla 5/12 barattoota muraasa walitti qabachuu dhaan dawwannaa godhee jira. Odeeffannoo daawwaannaa dhaan argate, yaada odeef kennitootaafi haayyoota irraa argate bu'ureeffaachuun, faayidaa durduriin dandeettiiwwan afaanii keessuma (dhaggeeffachuufi dubbachuu" cimsuu irratti qabu hubatee jira. Ijoolleen wayita dubbataniifi dhaggeeffatan osoo wacni jiraachuu baatee filatu. Sagaleen wayiitis akka isaan hin jeeqne barbaadu. Kun immoo qophaa'ummaa xiyyeeffannaan isaan durdurii sana dhageeffachuuf qaban mul'isa.

4.2.2.2. Jechoota Barsiisuu

Durdurii keessatti ijoolleen jechoota gargaraa kan duran hin beekne haaraafi kan beekanis immoo, hiikaafi faallaa isaanii waliin ni baratu.

A. Hiika jechootaa Barsiisuu keessatti

Durduriin yeroo himamu dhaamsa baatee deema dhaamsa sana haalaan hubachuuf, jechoota durduriin ittiin dhiyaate ni baratu. Akkasumas, wayita durduriin himamu, dhaggeeffattoonni jechoota garagaraa ni hubatu.

Odeef kennitota barsiisota Afaan oromoo (B/saa Caalaa Kadiir.Guutaa Wodaajoofi Buzuneesh Iyyoob) kutaa 5 fi 6 barsiisan afgaaffii Ebla 14 fi 16/12 taasifameenis, faayidaa durduriin jechoota barsiisuu keessatti qabu daraan olaanaa jechuun dubbatu, jechoota hiika walii ta'anis hubachaa demu.

Jechoota durdurii keessatti isaan mudaterratti hundaa'uunis jechoota biraa tilmaamuu danda'uu isaanii dubbatu, kunis, adeemsa durduriin barbaaduu keessatti ennaa jechoota adda addaa maqaa

dhahan jecha isaan danqu yoo muudate maal jechuu akka ta'e wal gaafatu. Kanaanis, waan beekan wal hubachiisaa beekumsa gama kanaan qaban cimsatu (B/tu Buzunesh Iyyoob)

Qorataanis odeeffannoo barsiisotarraa argame irratti hundaa'uu dhaan hiika jechaa barsiisuu keessatti durduriin gahee olaanaa qabaachuu isaa bira gahee jira.

Odeeffannoo bargaaffii barattoota kutaa 5 fi 6 irraa Bittoteessa 25,27 fi Ebla 14,18/2012 argameenis, wayita durduriin himamu dhageeffattooni bashannanaa baratu waan ta'eef, adeemsa kana keessattis hiika jechootaa barachaa akka deeman kaasu. Waan ifa hin taanes wal gaafachaa waan demaniif wal irraa akka baratan dubbatu.

Daawwaannaa Bittoteessaa 8,14 fi Ebla 07,08,2012 taasifameenii fi yaada namootarraa argame irratti hundaa'uun durduriin hiika jechootaa barsiisuu keessatti qooda olaanaa akka qabu bira gahee jira. Ijoolleen yeroo durdurii walli himan jechoota haaraa yammuu isaan qunamu jiddutti wal dhaabuun ibsa irrati barbaadu yaadas walii kennaa wal barsiisaa deemu. Kanaanis, hiikaa jechaa ni baratu Dabalataan, faallaa jehaa irratti wayita yaadan, hiika beekuun waan hin oolleef, gama kanaanis dandeettii jecha hiikuu ni cimsatu.

B. Faallaa Jechootaa Barsiisuu keessatti.

Ijoolleen Durduriin dayyeeffachuun faallaa jechootaa ni baratu. Yeroo durduriin himamus ta'ee, dhaggeeffatamuu durdurichaa yaada kennu, yaanni kun immoo faallaa, kan itti hiqu ykn kan hin taane ta'uu danda'a.

Afgaaffii odeeffannoo Ebla 14 fi 16/12 barsiisota Afaan oromoo kutaa 5 fi 6 barsiisan iraa argames, ijoolleen durdurii dhaan akkuma dandeettii hiika jechootaa faallaa jechootaas cimsachuu danda'u kan jedhu ture. Kun immoo hiika jechootaa ni hubatu waan ta'eef faallaa jechootaa isa irra dhaabbatanii hubatu kanaanis dandeettii faallaa jechootaa osoo itti hin yaadin walirraa baruufi wal barsiisaa deemu jechuun kaasa. Keessaayyuu qabiyyee durdurii irratti hundaa'uun dandeettii adda addaa gonfachuu akka danda'an qorataaf yaada kaasaniiru.

Odeeffannoo kana irratti hundaa'uun qorataanis, qabata durduriin faallaa jechootaa barsiisuun akka danda'amu bira gahee jira. Kunis ijoolleen jechoota haaraa durdurii keessatti isaan qunnamu gaafachuun isaanii hin oolu, ennaa kana immoo jechoota kana wayiin wal bira qabanii

yaaduun faallaas ta’ee hiika isaan baruuf carraaqu, kanaanis dandeettii faallaa jechootaa baruun gabbifachaa deemu.

4.2.2.3. Caasluga Barsiisuu keessatti

Durduriin dandeettii ijoollee guddisuu keessatti qooda guddaa qaba. Haaluma wal fakkaatuun, durduriin dandeettiin ijoolleen gama caasulgaan qaban cimsuu irrattis gahee guddaa qaba. Caasaa isa xiqqaa hanga guddatti durduriin qabaachuun ni baratu.

Odeeffannoon afgaaffii barsiisaa Afaan Oromoo(B/saa Caalaa Kadiir, Guutaa Wodaajoofi Buzuneesh Iyyob) kutaa 5 fi 6 barsiisaanif af gaaffii Ebla 14 fi 16/12 argame durduriin daa’imman faayidaa afaanii osoo itti dhiphatin karaa salphaa ta’een akka baratan dandeessisa jedhu osoo faayidaa afaanii dabsuun gaafatanillee akka dogongora ta’e salphatti ni hubatus jedhani jiru kunis caasaa afaanii isa xiqqaa irraa kaasee hanga guddatti karaa salphaa ta’een barachaa deemu, Fakkeenyaaf, durduriin daa’imman afaan barsiisuuf faayidaa guddaa qaba.

Yaada barsiisotarraa argamerratti hundaa’uun, durduriin faayidaa afaanii barsiisuuf akka gargaaru hubatamee jira. Kunis ijoolleen durduriiwwan garagaraa osoo mana barumsa ahin dhufin maatis, naannoo keessatti baruu danda’an. Adeemsa barnoota afaanii caaslugaan barsiisuu keessatti immoo, beekumsi ijoolleen duraan qaban kun caasaa afaanii sirrii hintaane ykn dabe salphamatti barsiisuuf gargaara. Kanaafis, muuxannoon duraan qaban bu’uura ta’uun gargaara.

4.2.3. Durduriin Sammuu Daa’immanii Qaruu Keessatti

Durduriin haala dubbachuufi dhageeffachuun yammuu ta’u keessattuu, Ijoollee sammuu isaanii qaruuf akka mala barsiisuu tokko ta’eef fayyada. Durduriin wanta beekamaa tokko akka iccitiitti hiikuun kan taphatamu waan ta’eef nama barsiisuu fi keessattuu sammuu ijoollee qaruu dhaaf gahee guddaa qaba.

Odeeffannoo of gaaffii Bittoteessa 26,28 fi 30/2012 (Obboo Badhaasoo Dachaasoo, Lataa Galatoo, Geetachoo Nuuree, Raadiyaa Hiseeroo fi Woyyittuu Korroosoo) kennaniin durduriin tapha bifa dubbachuufi dhageeffachuun taphatamu waan ta’eef baay’innaan kan irratti hirmaatan ijoollee ta’uu kaasu keessattuu ijoolleen yeroo boqonnaa isaanii durdurii taphachuu dhaan yeroo isaanii itti bashannanaa beekumsa irraa argatu naannoo isaanii ilaalchisee hubannoo qabaatan, akka sammuun isaanii qaroomu kan ittiin taasisuu dha.

Adeemsa durdurii keessatti ijoolleen, wanta dhageeffatan irraa waa barachaa deemaniin sammuun isaanii wantoota garagaraa walitti fiduun akka xiinxalu ta'a kun immoo, faayidaawwan jenne kana kennuu bira darbee sammuun isaanii caalatti akka qaramuuf isaan gargaara jechuun yaada isaanii kennanii jiru. (Obboo Buruusoo Argoo).

Barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Caalaa kadiir, Guutaa Wodaajoo, fi barsiistuu Buzunesh Iyyoob) ebla 14 fi 16/12 kutaa 5 fi 6 barsiisan irraa yaanni argame akka ibsutti durduriin, sammuu daa'imman qaruu keessatti qooda guddaa qaba jechuun kaasaniiru, kunis ijoollee durdurii dhaggeeffatan jecha wantoota garagaraa bal'isanii yaaduun wal bira qabu: walis madaalchisu wantoota naannoo isaanitti argamus ni xiinxalu, kanaan immoo dandeettii waaqayyabachuu isaanii cimsatu, kun immoo, beekumsi wantootaa gara garaa irratti qaban akka gabbifataniif isaan gargaara. Akkasumas beekumsi isaan gama hawaasummaa,

Aadaa, safuu, duudhaafi kkf irratti qaban dabalaa waan deemuuf sammuun isaanitis hangasuma gabbataa deema.

Yaada odeefkennitootaa bu'ureeffachuun, durduriin sammuu ijoollee qaruu keessatti qooda guddaa qabaachuu isaa qorataan bira gahee jira durduriin bifa dubbiitiin waan dhiyaatuuf sammuu ijoollee qaruu keessatti gumaacha guddaa qaba durduriin haloota (truth) adunyaa kanarra jiran haala qabatama naannoo keessatti ilaaluun, karaa salphaa ta'een akka hubataniif garagaara wantoota qaama isaanii irratti argamu qe'ee isaanii jiruufinaannoo isaan itti mul'achuu danda'u saayinsii durduriitiin wayita dhageeffatan baay'ee carraaqisisuu danda'a carraaqqiin ijoolleen haala qabatama naannoo fi dhugaa adunyaa kanarratti sakattaanis ni godha sammuu isaanii daraan akka qaramuuf, gahee guddaa qaba kana malees durduriin adeemsa dubbachuufi dhageeffachuu cimaa barbaada.

Gama biraatiinis sirna durdurii keessatti morkii waliifi uumamurraa kan ka'e sammuun isaanii waan hundumaa irra aanuuf carraaqa uumama lafarra jiru, jiruufi jireenya ardii kanaarra aanuuf wantoota uumamni ummataan, falaasama adunyaa, hawaasummaa, seenaa, aadaa, afaan barteewwan hawaasaafi loojikii saayinsii bu'ureeffachuun haala qabatama naannoo isaanii waliin wal bira qabuun durduriin bifa kamiiniyyuu yoo himame dhaggeeffatan dhagayyuu dhaaf ufi

qopheessa kunimmoo sammuun isaanii kallatti hundaan, akka yaaduufi qaramu isaani taasisa. Fakkeenya durdurii leencaa fi ilmoo namaa

Leencatu..., ilmoo namaa guddifata, Hin guddisaa…, hin guddisaa…, hin guddisa…, gaafa kaani …, ilmoon isaa guddatee cabsee fidaafi foon fidaafii hin laataafi, gaafa laatuufii…, warra bira dhaqee "Leencii akkamii …, wannaa kana akkamitti si jiraachisaa?" jedhaniin leenci immoo dhokateet… isaa dhaggeeffachuu dhaqe Dhaggeeffachuu oggaa dhaquu…," Hin-nyaatu…, kanan nyaadhu cooma!, kanaan dhugu daadhii dha: Hundumaa naaf kenna garuu, oggaan rafuu, bobaa isaa jalatu xiraa'a…" jedhe 'Hin dhaggeeffata leencichi; gaafa kaanii…, Oduma taa'uu…, "yaa ilma koo…! Jedhee ishii dhaggeefatee…, yaa ilmakoo…! Jedheeni . "Oo…!" jedheeni. "mee…,! Waan biraatii mootii, eeboo fudhadhuu! Qabadhu! 'dirgim! Godhii hamma dandeessu na waraanii" jedheeni, jedhan, 'jennaanii…,' "akkamitiin, abbaa koo si waraanaa..?" jennaan,

"Lakkii…!, na waraanii…!, hoo atii na waraanuu…, baatte, sin nyaadha: hoo ati na waraante, jalaa baatee…, " jedheeni, jedhan, "Tole! Ati na guddisteetan ani si waraanaa …? "Eeyyee hoo kaaniif sin nyaadha har'a na waraantu malee…,

'eeboo itti kennee…, eeboo fudhatee raawwateefi, fuudheet, dirgim! Godheet…, itti dirgim! Godhee…, leenca waraan hoo leenca waraanu, leenci maal, godha…, gaafa kaan, "Egaa…" akkuma anis ii fideesanii… na fidiifii naa laadhuu…" jedheen tolee! Ishii! Jedheeti, 'silaa laatuufii … Inde! Ka'eetii…, gaafa kaan fayye leencichi.

"Yaa ilma koo!"jedheen "oo…!" hundumaa naa tolee, anas na fayyistee, baga na waraantee…, kan biraafii mootii! Bobaasaa xiraa'a ani ati jette sanii, kinoo madaa kiyyas fayyee, kan ati hin xiraa'a bobaan isaa" jette san fayyuu dadhabee jedhe jedhan. (Obboo Kadiir Waaqoo)

Qacessa durdurii

Durdurii kana keessatti fakkaatiin jiran leencaafi ilmoo namaa yoo ta'u, hariiroon isaan wallin qaban abbummaa fi ilmummaa dha. Gocha jidduu isaanitti raawwatameen rakkoon jidduu isaanitti uumameera ilmi leencichi guddifate maatii bira dhaqee, bobaa leencaa hin xiraa'a jechuun isaa ganuu dhaaf.

Gama biraatiin immoo inni leenca waraanuu fi leenci xiiqii ilma isaati qabachuun isaa, akkasumas walii galtee cabsuu isaa agarsiisa. Kana malees waadaa duraa seene ganuu agarsiisa

durdurii kana irraa ijoolleen kan hubatan adeemsa kamuu keessatti waadaa ganuun barbaachisaa akka hin taane agarsiisa karaa biraatiin immoo ijoolleen yaada tokko maal akka ta'e, hubachuuf isaan gargaara . Inni kun safuu cabsuu agarsiisa daa'imman hawaasa keessa waan jiraatiif; waadaa seenan diiganii argamuun barbaachisaa akka hin taane agarsiisa.

Ijoolleen, durdurii armaan olii kana irraa kallatti adda addaatiin irratti yaadu karaa biraatiin, durdurii kana hubachuuf kallattii hundaan yaadu durduriin sammuu daa'immani qaruu keessatti shoora guddaa taphataa jiraachuu isaa agarsiisa.

4.2.4. Dandeettii Yaadachuu Daa'immanii Cimsuu Keessatti.

Durduriin dandeettii yaadachuu ijoollee cimsuu keessatti shoora guddaa taphata ijoolleen yeroo baay'ee irra deddeebi'uun waan walitti himaniif dandeettii yaadachuu isaanii daraan wal utubaa deema.

Dabalataanis, dandeettii xiinxaluu isaanii akka cimuuf gargaara.

Durduriin dandeettii yaadachuu ijoollee cimsuu ilaalchisee odeeffannoo af gaaffii barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Caalaa kadiir, caalaa wodaajoo, fi B/stuu buzunesh Iyyoob) ebla 14 fi 16/12 taasifaneen yaada wal fakkaatu qorataaf kennanii jiru durduriin adeemsa duubatti deebi'anii waa yaadachuu of keessaa qaba durdurii dhaan wanta duri ta'ame gara duuba deebi'anii yaadachuu of keessaa qaba, kun immoo beekumsa isaanii cimsuu yaada jedhu of keessaa qaba.

Ragaa olii kana bu'ureeffachuu dhaan durduriin dandeettii yaadaachuu ijoollee cimsuu keessatti gahee guddaa akka qabu hubachuun danda'amee jira. fakkeenyaaf, "oduu durii, duraan buli, dur dur, mee gadi guuri" jechuu dhaan durdurii dhaan wanta darbe gara duubaa deebiuu dhaan yaadatu.kunis dandeettii yaadachuu isaanii, daran cimsa, dabalataanis, wanta yaadatan akka hubatan, kan hubatan kana immoo nafeeffachuun yeroo mara akka yaadatan godha.

4.2.5. Naannoo Barsiisuu Keessatti

Dur duriin ijoollee naannoo isaanii akka barataniif qooda guddaa taphata, Qe'ee keessatti dhalatan irra eegalanii, hanga sadarkaa biyyaafi, darbeeyyuu hanga sadarkaa addunyaatti beekuu danda'u.

Odeeffannoon odeef kennitooota hawasaarra Bittooteessa 26,28 fi 30/2012 argame akka ibsutti, durduriin ijoolleen naannoo waliin wal barsiisuu keessatti hedduu gargaara. Kunis, himamsa durdurii sana irraa wantoota naannooisaanii keessatti argaman kan akka lubbu qabeeyyii, lubbu dhabeeyyii, meehsaalee garaagaraa fi kkf maqa dhayuu danda'u . adeemsa kena keessa naannoo baru. Kun immoo, beekumsa isaan naannoof qaban akka dabalu taasisa jechuunyaada isaanii qorataaf laatanii jiru.

Yaada isaaniirraa ka'uun gaheen durduriin naannoo barsiisuu keessatti qabu bira ga'amee jira.

Durduriin mala dubbachuufi dhaggeeffachuu dhiyaatuudha. Ijoolleen wantoota garaagaraa wal barsiisuuf carraa laataaf Adeemsa kana keessa wantoota naannoo isaanii keessatti argaman: bineensota, meehsaalee garaagaraa, mukeeniifi k.k.f waamuun isaanii hin oolu kun immoo naannoo isaanii baruuf isaan fayyada.

Haaluma walfakkaatuun, barsiisota Afaan Oromoo barsiisan ebla 14 fi 16/12 odeeffannoon argame akka ibsutti, daa'imman durdurii dayyeeffachuun naannoo isaanii baruuf carraa guddaa qabu jechuun kaasaniiru kunis wantoota naannoo isaanii keessa jiran kan akka: meeshaalee adda addaa, mukkeen, bineensotaafi beeladoota garagaraa akkasumas, lubbu qabeeyyii fi lubbu dhabeeyyii naannoo isaanitti argaman barsiisuuf gargaara dabalataanis, naannoowwan garagaraa akka baran ni taasisa jechuun yaada walfakkaatu qorataaf kennaniitu.

Qorataanis yaada odeef kennitootaa bu'ureeffachuun, durduriin ijoolleen naannoo akka baraniif qooda guddaa qabaachuusaa bira gayee jira ijoolleen wantoota naannoo isaanitti argaman akka adda baafataniif gargaara. Bifuma kanaan, carraan ijoolleen durdurii dayyeeffachuun naannoo baratan bal'aadha.

4.2.6. Kalaqa Yaadaa Daa'immanii Cimsuu Keessatti

Faayidaa durduriin guddinna ijoolleef qabu keessaa inni guddaan, kalaqa yaadaa ijoollee cimsuudha. Kunis ijoolleen yaada haaraa kalaquu fi dirqamu.

Durduriin kalaqa yaada ijoollee cimsuu ilaalchisee, af gaaffii barsiisota afaan Oromoo (B/saa Caalaa Kadiir, Guutaa Wodaajoo, fi Buzunesh Iyyoob) Ebla 14 fi 16/12 taasifameen yaada qorataaf kennanni jiru. Gaaffii ijoolleen tapha durdurii kana keessatti waliif himan garaagarummaa qaba, garaagarummaa kana dhiphisuuf jecha bal'isanii yaaduun wantoota

naannoo isaanii jiranis ta’ee addunyaarratti argamu beekuuf ykn bira gahuuf carraaqu. Ennaa kana kalaqa yaadaa cimsachaa akka deemaniif isaani gargaara jechuun yaada qorataaf kennamiiru.

Odeeffannoo odeef kennitootaraa argame bu’reeffachuun, ijoolleen durdurii keessatti naamusa qabaachuu akka qabaniif durdurii himamuuf xiyyeeffannoon akka deeman, kun immoo akka isaan dandeettii kalaqa yaadaa cimsataniif hedduu isaan gargaara Akkasumas dandeettii kalaqanii yaaduu isaan barsiisa.

BOQONNAA SHAN:CUUNFAA,ARGANNOO FI YABOO

Boqonnaan kun dhimmoota lamarratti xiyyeeffata. Inni duraa cuunfaa argannoo qorannichaa kan dhiyeessu yammuu ta'u inni lamataa yaboodha.

5.1. Cuunfaa

Hawaasni tokko yoo jiraate isa waliin wantoonni baay'een jiraachuu danda'a. jiraachuu hawaasaa ummataa waliin kan argamuu danda'u keessa inni tokko afoola. Afoolli kalaqniifi qorannoon dhaloota darbee kan ittiin hubatamu daawitii aadaafi. Kunis, kan mul'isu afoola beekuun aadaa beekuu dha. Aadaa beekuun immoo jiruufi jireenya hawaasaaf dhuunfaa beekuu bira darbee of beekuudha. Afoolli aadaa, duudhaa, safuu, ogummaa, falaasama, amantaa, seenaa, ilaalchaa, beekumsa uummataa kan kuufame, muudannoowwaniifi muuxannoowwan hawaasaa afaanii gochaan dhalootarraa dhalootatti daddarbaa dhufeefi ammas, daddarbaa kan jiru kalaqa hawaasaati. Afoolli waan bal'aa of keessatti kan hammatu ta'us, walitti qabuun ni danda'ama. Inni duraa, raagoowwan (oral narrative) kan akka raagamtaa oduu durii, af seenaa fi k.k.f dha. Kan itti aanu af walaloo (oral poetry) walaloo geerarsa faaruuwwan adda addaa, geerarsa tapha ijoollee, geelloo fi kkf kan hammatu yoo ta'u, unka gaggabaaboo (witticisms) jalatti warra ramadaman mammaaksaaf hibboo dha.

Durduriin damee afoolaa bifa barreeffamaan kan dhiyaachuu danda'u keessaa isa tokkoo dha. Innis bifa dubbachuufi dhaggeeffachuun kan dhihaatu ta'ee: yeroo baay'ee maatiiwwan warra tokko bakka walitti qabamanii jiranitti galgala ykn yeroo boqonnaa bakka namoonni hedduu itti wal gahanitti kan seeneffamuu dha. Kanaafuu durduriin gamtaa fi miira hoo'aadhaan hordofama tapha kana keessatti hirmaannaa cimatu taasifama. Akkasumas durduriin bifa taphaatiin waan dhiyaatuuf bashannansiisuu.

Cinaatti Daa'imman dandeettiiwwan garagaraa kallattiiwwan adda addaatiin akka gonfatan gumaacha godha. Kunis, wanta beekamaa tokko akka icciititti hiikuun kan taphatamu, wantoota qaama isaanii irratti argamu, qe'ee isaanii jiruufi naannoo isaanitti mul'achuu danda'an saaynsii durduriitiin. Wayita dhaggeeffatan baay'ee carraaqsuu danda'a.

Carraaqqiin ijoolleen durdurii sana hubachuuf gootu sun, haala qabatamaa naannoo fi dhugaa adunyaa kanarratti sakatta'iinsi godhan, sammuun isaanii daraan qaramuun, beekumsa gara garaa akka goonfataniif gahee guddaa qaba. Kana malees, durduriin raawwiin isaa dhaggeeffachuu cimaa barbaada sammuun ijoollee durdurii dhaggeeffachuu dhaaf qophaa'ummaa barbaada.

Sammuun ijoollee durdurii dhaggeeffachuu dhaan waa tokko xiinxaluu akka danda'u isaa gargaara. Kanaanis, dandeettii waaqayyabachuufi yaada burqisiisuu nicimsatu dabalataanis argannoo qorannoo kanaa kan ta'e, faayidaa durduriin guddinna ijoolleef qabu cuunfaa kanarratti aanee dhiyaatee jira.

Kaayyoo gooroo qorannoo kanaa, faayidaa durduriin guddinna ijoolleef qabu, ogafaan sakatta'uun ibsuu dha. Kunis faayidaawwan durduriin ijoolleef qabu qaaccessuun bu'aa isaa adda baasuudha.

Dabalataanis, odeeffannoon odeef kennitoota af gaaffii, marii gareefi daawwannaa irraa funaanamee qaacceeffameeraa kana irraa hubachuun akka danda'ametti faayidaa durduriin ijoolleef qabu hedduu ta'uu bira gahameera. Akkasumas, durduriin yeroo taphatamu yeroo itti taphatamu eeganii taphachuunis, ijoolleef gahee olaanaa qabaachuun isaa hubatameera. Kanaanis qabxiileen armaan gadii

5.2. Argannoo

A. Durduriin maatii keessatti, maqaalee wantootaa garagaraa, lakkoofsa, falmii fi safuu ni barsiisa.
B. Mana Barumsaa keessatti daa'imman dandeettiiwwan afaanii karaa idilee ta'een akka isaan cimsataniif ni gargaara. Keessattuu dandeettii dubbachuu fi dhaggeeffachuu daraan akka cimu taasisa.
C. Durduriin dandeettii jechoota Daa'immanii ni cimsa kunis qabata durduriitiin hiikaa fi faallaa jechootaa dagaagfachuun sammun isaanii akka cimu hedduu gargaara.
D. Caasluga barsiisuu keessattisdurduriin gumaacha gochuun sammuu ijoollee kallattii kanaan akka qaramuuf tumsa ni taasisa.
E. Durduriin dandeettii waa yaadachuu daa'immanii cimsuu keessatti qooda guddaa qaba.

F. Daa'imman naannoofi wantoota naannoo isaanii keessa jiru akka mil'ataniifi adda baafataniif baay'ee gargaara.
G. Durduriin ijoollee kalaqa yaada yookaan yaada haaraa akka isaan kalaqaniif, shoora olaanaa tahata.
H. Daa'imman aadaa hawaasa keessa jiru adda baafachuun beekumsa gama kanaan qaban akka cimsataniif hedduu gargaara.
I. Adeemsa raawwii durduriin ittiin taphatamu eeganii durdurii taphachuun, ijoollee obsa barsiisuu cinaatti, wantoota adeemsa sana keessatti raawwatamu sana xiiqeffachuun beekumsa gama kanaan ta'ee gama durduriitiin qaban daraan akka dablu ni taasisa.
J. Seera durdurii hordofanii taphachuun, Daa'imman akka seera wantoota garagaraa kabajaniifi baratan ni taasisa.
K. Durduriin gamtaan waan taphatamuuf daa'imman waan gara garaa akka isaan wal irraa baran ni taasisa.
L. Bashannansiisuun dhiphinaa fi nuffii tokko malee daa'imman beekumsa garaagaraa goonfachuun sammuun isaanii kan duraa caalaa akka qaroomuuf isaan gargaara.
M. Daa'imman tapha durdurii keessatti xiiqii walitti qabachuun inni duraa kan itti aanu caalaa seenessuu dhaaf jecha beekumsa isaanii walii gabbisaa akka deemaniif ni gargaara.

Walumaagalatti, durduriin daa'imman beekumsa gama aadaa, safuu,hiikaa fi faallaa jechootaa, caasluuga, dandeettiiwwan afaanii, dandeettii yaadaachuu, dandeettii kalaqa yaadaa fi falmiitiin qaban akka cimsatan taasisa.kunis, fayidaa tapha durdurii keessa waan bal'aatu jira. wantoonni kana keessa jiran hunduu jalqabaa kaasee hanga xumuraatti, Hojii, sammuutiin kan wal qabateedha. Kanaanis durduriin beekumsa wantoota gara garaa daa'imman gonfachiisuun sammuun isaanii qaramuun akka cimu taasisuuf faayidaa guddan qaba.

5.3. Yaboo

Rakkoolee durdurii dhaan wal qabatan xiinxaluudhaan yaada “Osoo akkas ta’ee” jedhu akka armaan gaditti dhiyaatee jira.

1. Hawaasni hundi afoolli daawwitii eenyummaa isaa ta’uu beekuun keessattuu,durduriin adeemsa raawwii isaa eeganii taphachuun, faayidaa inni qabu hubatanii; tursiisuun osoo daa’immanii isaanii dhaalchisanii gaarii ta’a.
2. Barsiisonni Afaan oromoo barnoota afaan keessatti durduriin gargaaramuun waan heddu daa’immanii qabsiisuu danda’a. kanaaf, dameen afoolaa kun karaa idileeffameen osoo hojiira oolee gaarii ta’a.
3. Daa’imman karaa al idilee ta’een maatii keessatti;idileen immoo mana barumsaatti qabata durduriitiin wantoota baay’ee barachuu danda’uu isaanii wal hubachiisuun osoo walu cimsaa deemanii gaarii ta’a.
4. Waajirri Aadaa fi Turizimiis ta’ee hojjattoonni achi keessa jiran dirqama Ogummaa fi lamummaa of irraa qabu waan ta’eef; duudhaan hawaasaa kan kabajameef eegamee taa’uu bira darbee, kallattii gara garaatiin hojiira ooluu akka danda’uuf gama isaaniitiin osoo haalli mijataa uumamee gaarii ta’a.

WABIILEE

Addunyaa Barkeessaa,(2011), Akkamtaa yaad-Rimee Qorannoo Hujoo, Finfinnee.

Alamaayyoo fi Alamituu, (2010), “Seensa Afoolaa” Sagantaa Barnoota Fagoo Damee Barnoota Afaan Oromoo Fi ogbarruu Yuunivarsitii Jimma, kan hin maxxanfamin.

Alamayyoo Hayilee, (2006), Seenaa Oromoo Hanga Jarraa 6ffaa, BATO: Maxxansa Sadaffaa. Gulaallii Sadaffaa. Finfinnee

Awedoba (2000) An introduction to Kasena society and culture through their Folktales. . Lanham: University press of America

Bukenya and etal,(1994), Understanding oral literature Nairobi University Press,

Beekaa Gulummaa, (2015), Koomto, Cooma Afoola Oromoo, Finfinnee Oromiyaa.

Cerulli, E.(1992) ”The Folk literature of the Oromo of southern Abissinia” Harvard AfricanStudies, Volume 3 Varia Africana.

Dastaa Dassaleny, (2013) bu’uura Qorannoo, Finfinnee Maxxansa 2ffaa.

Dawit and Alemayehu, (2002),<< Introduction to Applied Educational Research>> (Educ.222) modules Concepts and Elements of Educational Research. Addis Ababa: Educational Media Agency(MOE).

Dorson Richard, (1972), Folklore and Folklife, Chicago: the University of Chicago Press.

Fedhaa Nagaasaa, (2011), ”Fulleffannaa Ogbarruu AfaanOromoo” (oral 123), Hidhaa Sadaffaa Amalootaa fi Faayidaa Afoolaa. Finfinnee Dhaabbata Qunnamtii Barnoota Minsteera Barnootaa.

Fedhasaa Taaddasaa, (2013), SUBII, Bu’uraalee og barruu oromoo Finfinnee Oromiyaa.

Fennegan, R.(1970). Oral Literature in Africa : Nairobi, Oxford University Press.

Geetachoo, (2005), Furtuu, Fifinnee Kuraz Printing.

George, (1981). Folklarstic: an inrtroduction Blooming to 7 Indian Poles: Indian University Press.

Hart, C.(1998).Doing a literature, Review SAGE publications misgaanuu, (2011). Dilbii. Bu’uura Afoolaa, ogafaaniifi Af walaloo oromoo: Finfinnee Oromiyaa.

Misgaanuu, (2013), yando ogummaa fi og walaloo Oromoo Finfinnee, Oromiyaa.

Mitikkuu Dhibbeessa, (1991). Afoola Oromoo irratti qabxiilee tokko tokko wirtuu Jildii(40. Barruulee Qormaata Waaltina Afaaan Oromoo; Finfinnee Biiroo Aadaa fi Beeksisa oromiyaa.

Okpewho Isidore, (1992), African Oral Literature: Back ground,character and continuity, Indian university press Bloomington and Indiana polis.

Oxford Advanced learners Dictionary of current English oxford university press,

Oxford Dictionary of English. Oxford university press.(Third Edition, 2010:679).

Sith Tompson .(1996) . university of the folktales. Studying the folktales.

Tamokloe, E.F.(1931). A Brief History of The Dagbamba people Accera: Government press.

Warquu Dachaasaa,(1992). Durdurii wirtuu jildii (5). Barruulee Qormaata waaltina Afaan Oromoo Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa oromiyaa.

Veitetal (1990). Writing, Reading and Research Newyork. Macimillan publishing company.

Zoltan, D.(2007) Research methods in appling linguistics, quantitative, qualitative and mixed methodologies. Oxford: oxford university press,

Dabalee A

YUNIVARSIITII MADDA WALAABUU

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASA FI NAMOOMAATTI MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OG-BARRUU

Af-gaaffii Manguddootaaf Qophaa'an

Gaaffannoon kun hawaasa naannoo iddattoof filataman qofa kan ilaallatuu dha. Kaayyoon qorannoo kana faayidaa durduriin dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu, qaaccessuu dha.

Odeeffannoon sirraa argadhus, Hojii qorannoo kanaaf qofa kan ooluudha. Kanaaf, bilisa ta'uun gaafannoo kanaa akka naaf deebistu kabajaan si gaafadha.

Galatoomi !

1. Faayidaawwan durduriin qabu maal maal fa'i?
2. Durduriin sammuu ijoollee qaruu keessatti qooda qaba jettanii yaaduu? Akkamitti?
3. Daa'imman keessan durdurii ni taphatu?
4. Durduriin maatii jiddutti taphatamuun isaa faayidaa qaba jettanii yaaduu? Akkamitti?
5. Durduriin ennaa taphatamu, adeemsi tapha durduriin ittiin raawwatamuufi seerri beekamaa ta'e ni jiraa? Ijoolleef hoo faayidaa maal qaba jettu?
6. Isin daa'imman keessan durdurii akka gargaaraman ni jajjabeessituu?
7. Itti fayyadama durduriirratti garaagarummaan koorniyaafi umurii ni jiraa?
8. Ga'eenmaatii ijoolleen durduriin sammuu isaanii akka qaratan gochuu keessatti qaban maal maal fa'a?
9. Yeroo ammaa kana daa'imman fi maatiin isaanii akkuma duritti durduritti fayyadamaa jiruu?

   Kun kan ta'e maaliif isinitti fakkaata?
10. Wantoonni akka ijoolleen durdurii hin taphanne gufuu dha jettanii yaaddan maal maal fa'a?
11. Dhaloonni ammaa daa'imman durdurii akka itti fuufiinsaan taphattuuf maal gumaachuu qaba?

Dabalee B

YUUNIVARSIITII MADDA WALAABUU

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASA FI NAMOOMAATTI, MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OG. BARRUU

Afgaaffii barsiisotaaf Qophaa'e

Gaaffannoon kun barsiisota sadarkaa 1ffaa (kutaa 5 fi 6 ffaa) Afaan oromoo barsiisan keessaa warraan iddattoof filataman qofa kan ilaallatuudha. Kaayyoon qorannoo kanaa faayidaa durduriin dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu, qaaccessuu dha.

Odeeffannoon si irraa argadhus, Hojii qorannoo kanaaf qofa kanooludha. Kanaaf, bilisata'uun gaafannoo kana akka naaf deebistu kabajaan sigaafadha.

Galatoomi!

1. Faayidaa durduriin dandeettiifi bilchina sammuu ijoollee keessatti qabu akkamiin ilaalata?
2. Gumaachi hawaasaa naannoo ijoollee durdurii barsiisuu keessatti maal fakkaata?
3. Muuxannoo barsiisummaa keessatti qabdaniin daa'imman yeroo ammaa barachaa jirumoo kan duriitu caalaa durdurii beeka?
4. Kitaabni barattootaa ijoolleen akka hawaasa naannorraa durdurii baran waan gumaachu qabaa?
5. Gumaachi kun quubsaa dha jettee yaaddaa?
6. Akka barsiisaa Afaan Oromootiti durduriin barnoota afaanii keessatti gumaacha maal qaba?
7. Durduriin sammuu daa'imman qaruu keessatti gama kaniin gumaacha taasisa?
8. Durduriin dhaloota dhufu hunda akka qaqqabuu danda'u Qaamonni dhimmi kun ilaallatu maal maal gochuu qabu jettee yaada?
9. Itti fuufiinsa gosa afoolaa kanaanf (durduriif) ga'een barsiisotaa maali?

Dabalee C

YUUNIVARSIITII MADDA WALAABUU

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASA FI NAMOOMAATTI MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OG-BARRUU

Bar-gaaffii Barattootaaf Qophaa'e

Gaaffannoon kun barattoota kutaa 5^{ffaa} fi 6^{ffaa} iddattoof filataman qofa kan ilaallatuudha kaayyoon qorannoo kanaa faayidaa durduriin dandeettii afaan daa'immanii guddisuuf qabu, qaaccessuudha. Odeeffannoon sirraa argadhus, Hojii qorannoo kanaaf qofa kan oluudha. Kanaaf, bilisa ta'uun gaafannoo kana akka naaf dalagduuf kabajaan si gaafadha maqaa barreessuun hin barbaachisu.

Galatoomi !

Qajeelfama tokkoffaa: Odeeffannoo dhuunfaa

1. Maqaa mana barumsaa _____
2. Koorniyaa _____
3. Kutaa fi daree _____

Qajeelfama lammaffaa: Odeeffannoo Qorannoof Barbaachisan.

Filannoowwan kennaman keessaa kan irra caalaa itti amantutti maruun deebisi. Kanneen iddoon duwwaa kennamaniif immoo deebii sirrii gabaabsii barreessi.

1. Mana warra keessanitti durduriin yoom yoomi taphattu?
2. Durdurii eenyutu sitti hima?
3. Seerri yeroon durduriin taphatamu daangessu kam fa'a beektu?
4. Daree keessatti durduriif waa'ee durdurii akkamitti barattuu ?
5. Maatii gidduuttis ta'ee, mana barumsaatti ennaa durdurii taphatan faayidaa tapha durduriin qabu jettan ibsaa?
6. Akka Afoola Oromootti durduriin hawaasaf faayidaa maal qaba?
   Gabaabsi barreessi _____

7. Tapha durdurii keessatti seera maal faatu jira? seerri kun maal isin fayyade?
   _____
   _____
8. Barnoota Afaan barachuu keessatti durduriin faayidaa qaba yoo jette hamma beektu tarressi.
   a. _____
   b. _____
   c. _____
   d. _____
   e. _____

Dablee D

Gabatee namoota Odeeffannoo kennan mul'isu

Lakk	Maqaa guutuu	Saala	Umurii	Ganda	Gahee hojii
1	Obboo Buruusoo Argoo	Dhii	60	Gambeeltoo	Qotee bulaa
2	Obboo Badhaasoo Dachaasoo	Dhii	70	Bombaasoo	Qotee bulaa
3	Geetachoo Nuuree	Dhii	72	Reejjii	Qotee bulaa
4	Lataa Galatoo	Dhii	65	Leephis	Qotee bulaa
5	Raadiyaa H/Seeroo	Dub	50	Basaquu	Qonnaan bultuu
6	Milkeessoo Hirphoo	Dhi	55	Arsii Nageelle	Waajjiira Aadaa fi Turizimii
7	Jamaanesh Waataa	Dub	45	Arsii Nageellee	Waajiira Aadaa fi Turizimii
8	Caalaa Kadiir	Dhi	35	Gambeelto	Barsiisaa
9	Bzunesh Iyyoob	Dub	30	Gamboo	Barsiistuu

Gabatee Barattoota Odeeffannoo Kennan mul'isu

Lakk	Maqaa Guutuu	Saala	Umurii	Mana Barumsaa	Kutaa
1	Caalaa Abdallaa	dhii	12	Gambeeltoo	6
2	Caaltuu Kadiir	dub	11	``	5
3	Nageessoo Huseen	dhii	11	``	6
4	Gabii Geetachoo	dhii	12	``	6
5	Jiituu Aliyyii	dub	11	``	5
6	Rahimaa Obsee	dub	12	``	6
7	Jaalannee Xaahir	dub	12	``	6
8	Shuunnii Kadiir	dhii	12	Bombaasoo	5
9	Nuurituu Obsee	dub	12	``	5
10	Diinkaree Kadiir	dub	11	``	6
11	Obsaa Daddafoo	Dhii	12	``	5
12	Turii Daaluu	Dhii	11	``	6
13	Huseen Abdallaa	Dhii	11	``	6
14	Boonsituu Gadaa	Dub	12	Gambeeltoo	5
15	Kaliil Jamaal	Dhii	11	``	6
16	Ilkuu Bushuraa	Dub	12	``	6

17	Xajjituu Hajjii	Dub	11	``	5
18	Hirphoo Juullaa	Dhii	12	Bombaaso	5
19	Beekaa Amaan	Dhii	12	``	6
20	Taliilee Kadiir	dub	11	``	6

Ibsa

Ani mallattoo fi maqaan koo armaan gaditti kan kaa'ame, woraqaan qorannoo kun Hojii dhunfaa koo fi kanaan dura Yuuniversitii kamuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaanne ta'uu isaa ni mirkaneessa.

Maqaa Abdallaa Galatoo

Mallattoo _____

Guyyaa _____